

Barnoota

Ogummaa fi Teekinikaa

Kitaaba Barataa

Kutaa 7

Barreessitoota: Geetaachoo Habtaamuu(PhD)
Ashannaafi Kabbadaa (PhD)

Hiiktoota: Gammachiis Namarraa(MSc)
Maatii Tolasaa(MBA)
Aynaalam Nugusuu(MA)

Qindeessaa: Gammachiis Fiqaaduu Garbii
Roobii Waamii

Saxaaxa: Koolleejjii Pooliiteeknikaa Inxoxxoo

© Mirgi maxxansaa guutumaa guutuutti seeraan eegamaadha. Guutuu yookiin qaama maxxansa kanaa haalaafi bifa kamiiniyyuu, jechuun elektirooniksiidhaan, footokoppiidhaafi waraabuun eeyyama dhaabbata maxxansiisee malee, haala biroon dabarsuun dhorkaadha.

BAAFATA

QABIYYEE

FUULA

BOQONNAA 1	1
Maalummaa Barnoota Ogummaa Fi Teekinikaa	1
1.1. Hiika Ogummaa	2
1.2. Hojii fi Ogummaa	2
1.3. Hiika Barnoota Ogummaa fi Teekinikaa	5
1.4. Barbaachisummaa Ogummaa fi Barnoota Teekinikaa	5
BOQONNAA 2	9
2.Ogummaa Dhunfaa Filachuu	9
2.1. Maalummaa Barnoota Ogummaa fi Teekinikaa Itiyoophiyaa Keessatti	10
2.2. Dandeettii Hunda Galeessaa(Soft Skill)	15
2.3. Dagaagina Eenyummaa Dhunfaa	19
BOQONNAA 3	23
3. Carraa hojii ofii uummachuu	23
3.1. Biqiltoota Manduubeetti Guddisuu Akka Hojii Umuutti	24
3.2. Oomisha Annani (Dairy farming)	34
3.3. Gabbisa Beeladaa	43
3.4. Horsiisa Lukkuu	48
3.5. Horsiisaa kannisaa	56
BOQONNAA 4	70
4. Carraa hojii ofiin ummachuu	70
4.1. Kunuunsa Rifeensaa	71
4.2. Kununsa Harkaa/ Queensaa	88
4.3. Isteeraalaayizeeshiniifi Disinfeektaantii	89
4.4. Shaampoofi kondiishinera dibuu	91
4.5. Kunuunsa gogaa	92

BOQONNAA 5.....	98
5. Carraa hojii ofiin uumuu.....	98
5.1. Huccuu Hojjachuu	99
5.2. Hodhuu fi Maashini Hodhaa.....	100
5.3. Huccuu haalleessuu.....	109
5.4. Ogummaa Harkaa.....	120
BOQONNAA 6.....	125
6. Carraa Hojii Mirkaneessu.....	125
6.1. Carraa hojii	126
6.2. Hojii Tolaoltummaa.....	128
BOQONNAA 7.....	131
7. Hojiif Gahoomsuu.....	131
7.1 Hiika hojiif Gahoomsu.....	132
7.2. Dandeetti Gahuumsa Hojii	132
7.3. Odeeffannoo Dhunfaa(CV) Qopheessuu	137
7.4. Xalayaa iyyannoo hojii qopheessu(job application letter)....	138
BOQONNAA 8.....	143
8. Hojiif Qophaa'uu.....	143
8.1. Barbaachisummaa Af-gaaffii Hojii.....	144
8.2. Gaafilee af gaaffii hojii irratti yeroo baay'ee gaafataman....	145
8.3. Sababni namootni af-gaffii hojii irratti kuufanif maali.....	146
8.4. Af-gaaffii hojiif qophaa'uu.....	147

BOQONNAA

1

MAALUMMAA BARNOOTA OGUMMAA FI TEEKINIKAA

Bu'aalee Barannoo:

Xumura boqonnaa kanatti barattootni:-

- Yaad-rimee ogummaa fi hojii ni ibsu.
- Maalummaa barnoota teekinikaa fi ogummaa ni addeessu.
- Garaagarummaa ogummaa fi hojii adda ni baasu.
- Barbaachisummaa barnoota ogummaa fi teekinikaa ni tarreessu.

Jechoota Ijoo

Ogummaa: Adeemsa namni dhunfaa tokko hawwii isaa dhugoomsuuf keessa darbuudha.

Hojii: Gocha seerawaa kan namni dhuunfaan tokkoo tajaajila kennuudhaan ykn wantoota oomishuudhaan, qarshii argatee/tteen wantoota bitachuuf itti fayyadamu/tuu dha.

Barnoota teekinikaa: Barnootni xiyyeeffanoon isaa duraa dalagaa murtaa'e tokkoo raawwachuuf gocha ykn dandeettii teekinikaatti fayyadamuudha.

Barnoota Teekinikaa fi Ogummaa: Baruumsa ogummaa dandeetti irratti hundaa'ee kan barattoota barsisuu dha.

1.1. Hiika Ogummaa

Gaafii xiinxala

Gara fuula duratti hojii akkamii hojjachuu barbaadda? Maalif?

Ogummaan adeemsa namni dhunfaan tokkoo hawwii isaa dhugoomsuuf keessa darbuudha. Hawwiin kunis, kaayyoo jireenyaa(wanta gara fulduraatti raawachuu fedhu) yeroo turtii barnoota isaa ykn bara hojii isaatti qabu dha.

Ogumaan nama hojii irra jiru tokkoof, yeroo dheeraadhaaf hojii garaa garaa namni tokkoo goonfate, sadarkaa inni irraa ga'ee fi dalagaa inni dalage of keessaatti hammata. Kanaaf ogummaan filannoo hojii nama dhuunfaa tokkoo fi filannoo hojii isaa irratti fooyya'insa inni argisiisuu of keessatti qabata. Ogummaan qindeessaa mana barumsaa, barsisaa, doktoora, sirreessaa rifeensa mataa fi kkf ta'ani hojjachuufaadha.

1.2 HOJII FI OGUMMAA

Akka armaan olitti ibsame ogummaan adeemsa namni dhunfaan barnoota isaa, dalagaa isaa fi gama jiruu fi jireenya isaa keessatti taasise ibsa. Hojiin immoo maali? Yaad rimeen “hojii” fi “ogummaa” wal fakkaataa?

Gocha 1

Gosootaa hojiwwan naannoo keessanitti hojjataman barsisaa keessaniif ibsaa.

Yeroo baay'ee “hojii” fi “ogummaan” tokkoo jedhama. Jechootni kun yoo walitti dhiyaatan iyyuu hiikaan isaanii garaa gara(Gabatee 1.1 ilaali).

Gabatee 1.1: Garaagarumma hojii fi ogummaa

Ogummaa	Hojii
Ogummaan carraa hojii walitti hidhataadha.	Hojiin wantoota namni dhunfaan yeroo murtaa’e tokko keessatti raawwatuudha.
Ogummaan kan dalagamu bifa bu’aa qabeessaa fi quubsaa ta’een kan bara jireenyaa gutuu nama tokkoo keessatti raawatamuudha.	Hojiin wanta namni tokkoo bakka hojitti dalaguun galii argatuu ykn qarshii argatuudha.
Ogummaan kan hirmaachisuu ilaalcha walitti hidhataa hojii fi muxannoo hojii yeroo dheeraati.	Hojiin gocha idilee wal jijjiirraa kafaltitiin raawwatamuudha.
Ogummaan adeemsa yeroo dheeraa, kan fedhii dhunfaa irratti hundaa’uudha.	Hojiin yeroo gutuu ykn yeroo dabalataafi yeroo gabaabaa ta’uu danda’a.
Gochaaleen ogummaa akkuma namni tokkoo hojii tokkoo gara hojii biraatti jijjiiramu ni jijjiiramu.	Gochaaleen hojii akkuma namni tokkoo yeroo dheeraaf hojjateen dhaabbata ta’a.

Kaayyoon ogummaa dandeettii gabbifachuudha. Kanaaf gosa hojii kee keessatti ni guddatta ykn gara hojii biraatti ceeta jechuudha. Ogummaan kan of keessatti qabatu waan amma hojjachaa jirtu qofa osoo hin taanee hojii ammaa hojjachaa jirtu irratti foyya’iinsa atti agarsiistuufi jijjiirama gara hojii biroottii gootu dabalateeti.

Yeroo baay’ee namootni kan akkas jedhan dhageenya”Hojiin koo qulqulleessaa/ituudha.”


“Hojiin koo barsisaadha.” Kana jechuudhaan wanta amma dalagaa jiran dubbatu. Hojiin ogummaa ta’uuf namni tokkoo hojii wal fakkaataa waggootaaf dalaguu qaba. Ogummaan hojii tokkoo yookin hojii garaa garaa

foyta'insa(muuxannoon) argamuudha.

Himoota armaan gadii ogummaa ykn hojii jedhii bakkaa keennametti (X) barreessi.

	Ogummaa	Hojii
Ani yaalii fayyaa mana manatti kennuu, gargaaraa narsii ta'ee hojjadheera. Ani amma hojjataa fayyaadha.		
Ani barsisaa Fiziksii kutaa 7ti.		
Ani barreessaa calallii qacarrii, gargaaraa dura ta'aafi ammaa immoo hogganaa ta'een hojjachaa jira. Ani buulchinsa humna namaa keessan ta'ee hojjadha.		

Hojii argachuun taatee yeroo tokkooti, ogummaan garuu adeemsa umrii gutuuti. Adeemsi ol bahinsa riqarraa waliin wal fakkaata(Fakkii 1 ilaali) Ogummaa gonfachuuf gosa hoji gara fulduratti hojjachuu barbaaddu fi baruumsa akkamiin galma kee kana akka gahuu dandeessuu yaadi.



Fakkii 1.1:(a) Hojii(ammaa)

(b) Ogummaa(guddina gara fulduraa)

Gocha 2

Hoji qabaachuun hawaasaaf gumaacha(bu'aa) kennu qabaa? Deebii kee barreeffamaan barsisaa keetif dhiyeessi.

1.3. Hiika Barnoota Teekinikaa fi Ogummaa

Barnootni teekinikaa fi ogummaa barnoota yaada bal'aa of keessaa qabu ta'ee kan baruu fi barsisuu akkasumas dandeetti teekinikaa, beekumsaa fi leenjii gara fulduraatti barnootaa dabalataaf barbaachisuu fi carraa hojii umuu waliin walitti dabaluuudha. Barnootni teekinikaa fi ogummaa baruumsa shaakala tekinoloojii irratti hundaa'eefi dandeetti ogummaa barattootaaf kan kennuudha. Barnootni kun dandeetti gama dinagdeen bakka garaagaraatti hojjachuu eegaluuf fayyadu gonfachiisuuf ni gargaara.

Carraa hojii umuudhaaf barnootni teekinikaa barattoota hojiif gahuumsa barbaachisu(beekumsa, dandeetti fi ilaalcha) addunyaa qabatamaa keessa jiraachaa jiran keessatti kan hojii irraa oolu ibsuuf kan isaan qopheessuudha.

Gocha 3

Barnootni kutaa 1-6 tti jiru idileedha moo teekinika? Maalif?

1.4 Barbaachisummaa Ogummaafi Barnoota Teekinikaa

Barnootni teekinikaa fi ogummaa sagantaa qonna, ijaarsa, horsiisa lukkuu, hojii sibilaa, faarmaasii, hojii harkaa, tajaajila hoteelaa, bizinesiifi kkf of keessaa qaba. Barnootni kun guddina humna nama biyya tokko guddisuu keessatti humna namaa gahoome omishuu, hawaas-dinagdee guddisuuf, qulqullina jiruufi jireenyaa dabaluuuf gumaacha guddaa taphata.

Barnootni teekinikaafi ogummaa leenjii teekinikaa fi muuxannoo harkaan hojjachuu kan gumaachudha. Barnootni kun barattootni akka gosoota leenjii teekinikaa fi muuxannoo shaakala hojii kan bakka garaa garaatti hojii irra oolu gonfachiisuudha.

Gocha 4

Barnootni teekinikaafi ogummaa guddina dhuunfaatiif gumaacha kennu qabaa? Barreeffamaan deebii keessaan barsiisaa keessaaniif kennaa.

Barnootni teekinikaafi ogummaa bu'awwan armaan gadii gumaachu:

- Barnoota kutaa, dandeettifi beekumsa hojii irraa ooluu kan rakkoo qabatamaa furuuf gargaaruu walitti hidha.
- Carraa hojii babal'isuun rakkoo hoji dhabdummaa hir'isa.
- Ka'umsa barnoota dabalataa, sadarkaa barnoota olaanooti fi guddina ogummaa gara fulduraatiif akka bu'uraatti gargaara.
- Hojii fi muuxannoo hojii harkaa gonfachiisufi humna namaa hojjatu umuuf gargaara. Muxannoon hojii harkaa kun gama teekinikaa ogummaatiin gara fulduraaf isaan qopheessa.

Cuunfaa Boqoonnichaa 1

- ✓ Kaayyoon ogummaa dandeetti gabbifachuudha. Kanaaf gosa hojii kee keessatti ni guddattaa ykn gara hojii biraatti ceeta jechuudha. Ogummaan kan of keessatti qabatu waan amma ojjachaa jirtu qofa osoo hin taanee hojii ammaa hojjachaa jirtu irratti foyya'insa ati agarsistuu fi jijjirama gara hojii biroottii gootu dabalateeti.
- ✓ Hojii argachuun taatee yeroo tokkooti, ogummaan garuu adeemsa umrii gutuuti. Adeemsi ol bahinsa riqarraa waliin wal fakkaata. Ogummaa gonfachuuf gosa hoji gara fulduraatti hojachuu barbaadduu fi baruumsa akkamiin galma kee kana akka gahuu dandeessuu yaadi.
- ✓ Barnootni teekinikaafi oogummaa hojii fi muuxannoo hojii harkaa gonfachiisuu fi humna namaa hojetu uumuuf gargaara. Muxannoon hojii harkaa kun gama tekinika ogummaatiin gara fulduraaf isaan qopheessaa.
- ✓ Barnootni teekinikaafi oogummaa carraa hojii babal'suun rakkoo hoji dhabdummaa hir'isuu fi ka'umsa barnoota dabalataa, sadarkaa barnoota olaanooti fi guddina ogummaa gara fulduraatiif akka bu'uraatti gargaara.

Gaaffilee xumuraa boqonnaa 1

I. Gaaffilee armaan gadiitiif hima sirrii yoo ta'an "Dhugaa" yoo hin taane immoo "Soba" jechuun deebisi.

1. Ogummaan gocha yeroo tokkooti.
2. Ogummaa fi hojiin walitti dhufeenya hin qaban.
3. Barnootni teekinikaa fi ogummaa beekumsa gonfachu of keessaatti hin qabatu.
4. Ogummaan wanta battalaa argamuf yeroo ta'u, hojiin garuu gara fulduraatti xiyyeefata.
5. Barnootni teekinikaa fi ogummaa irraa caalaatti barnoota idilee irratti xiyyeefata.

II. Bakka duwwaa kenname irrati deebii sirrii ta'e guuti.

1. _____n waan gara ful-duraatti xiyyeefata, _____immoo waan yeroo gabaabaati.
2. Wanta namni dhunfaan gara fulduraatti ta'uu barbaadu _____ dha.
3. _____n barnoota idilee fi addunyaa hojii walitti hidha.

III. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii kenni.

1. Tokkummaa fi garaa garummaa, hojii fi ogummaa tarreessi.

BOQONNAA

2

2. OGUMMAA DHUNFAA FILACHUU

Bu'aalee Barannoo:

Xumura boqonnaa kanatti barattootni:-

- ✓ Naannowwan hojii irraa oolmaa barnootaa teekinikaa fi ogummaa saddeettan addaan ni baasu.
- ✓ Maalummaa dandeetti hunda galeessa ni ibsu.
- ✓ Haala qindoomina qabuun eenyummaa dhunfaa isaani ni qopheesuu.

Jechoota ijoo

Dandeetti Gamtaa: Amala walitti dhufeenya gaarii umuu, dandeettii hojii fi guddina ogummaa namni dhunfaan tokkoo qabuudha.

Enyummaa dhunfaa: Odeeffannoo gadi fagoo waa'ee nama dhunfaa tokkooti.

Yaada kalaqaa: Dandeetti yaada haaraa maddisiisuufi hojiitti hiikuuti.

Rakkoo furuu: Daandeettii rakkoo addaa baasuu fi rakkinnichaaf furmaata kennuuti.

2.1 Maalummaa Barnoota Teekinikaafi Ogummaa Itiyophiyaa Keessatti

Gaafi xiinxala

Karaalee namootni jiruufi jireenyaa isaanii gaggeeffatan ittin argatan adda baasi.

Sagantaan barnoota teekinikaafi ogummaa Itiyophiyaa naannowwan hojii saddeetitti addaan bahee jira. Nannowwan kunninis dameewwan garaa garaa of keessa qabu. Naannoowwan saddeettan barnoota teekinikaafi oogummaa Itiyophiyaa kun barnoota sadarkaa lamaaffaa(Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa}) keessatti ibsamee waan jiruuf gara fula duraatti gadi fageenyaan ni baratta. BTOon sadarkaa lamaaffaa sagantaalee lamatti qoodama. Isaanis, Saayinsii Umamaa fi Saayinsii Hawaasaati. Saayinsiin umamaa damee saayinsii waa'ee qaama addunyaa kan akka Fiiziksii, kemistirii, baayooloojiifi herreega qo'atudha. Saayinsiin hawaasaa immoo jirreenya hawaasummaa namaafi walitti dhufeenya hawaasummaa kan akka dinagdee, siyaasaa, seenaa, ji'ogiraafii, barnoota lammummaafi amala gaarii fi kkf kan qoo'atuudha. Naannoowwan hojii saayinsii umamaa omisha, qonnaa, ijaarsaa, odeeffannoo tekniinooloojii(information technology)fi saayinsii fayyaa of keessatti qabata. Barattootni saayinsii umamaatti ramadaman naannoowwan BTO kana keessaa filatu. Barattootni sayinsii hawaasaatti ramadaman immoo

saayinsii bizinesii kan akka dameewwan qabaa herreegaa(Accounting), hojii baankii, inshuraansii, bulchaa wajjiraa, hoteelaafi turizimii fi kkf of keessatti hammata.

Naannoowwan BTO saddeettan kun akka armaan gaditti ibsamani jiru.

1. Omisha: Omishni humna namaa gargaaramuun, maashinaan, meeshaafi baayooloojikaalawaa ykn adeemsa keemiikaalawaa gargaaramuun wantoota qopheessuudha. Omishini meeshaalee dheedhii garaa bu'aa dhumatoo fi tajaajila kennuu danda'anitti jijjiiruudha. Oomishni wanta omishamu maal

ta'uu akka qabuufi filannoo meeshaalee itti gargaaramnuu of keessatti hammata. Adeemsa omishaa keessatti meeshaaleen foyya'aa fadamnu bu'aa dhumatoo itti fayyadamnun danda'amu uuma.

Fakkeenyaaf, sukkaara omishuu keessatti shonkoraan (Meeshaa dheedhii) gara sukkaaraatti (bu'aa dhumaa) malaafi adeemsa baay'ee keessa darbuudhaan jijjiirama.

Omishni dameewwan xiyyeeffannoo afur armaan gaditti tarreeffaman of keessaa qaba.

- **Omisha sibiilaa:** jechuun sibiila, maashinii, hiituu, shiboo fi kkf wantoota akka istiilii, koopparii, silvarii fi warqii gargaaramuun omishuudha. Maraa warqii/silvarii naannoo keeti ilaali. Faayidaa oomisha sibiilaa beekuf qaamoolee baaburaa midhaan daaku naannoo keeti ilaalu dandeessu.
- **Tekinooloojii Awutoomootiivii:** omisha konkolaataa gosa garaa garaa kan akka konkolaataa fe'umsaa, konkolaataa ispoortii, tiraaktaraa, loodaraa, konkolaataa uumataa fi qaamolee isaanii kan akka mootoraa, qaama elektirikii, gommaa fi adeemsa qalama dibuu of keessatti hammata.
- **Uffata huccuu fi googaa:** kirrii(fibers) umamaafi nam-tolcheetti fayyadamuudhaan bu'aalee huccuu kan akka uffataa, shurraabaa, kirrii fi kkf akkasumas, meeshaalee dheedhii kan akka gogaa hoolaa, loonii fi sangaa gargaaramuun bu'aalee gogaa kan akka kophee qopheessuudha.
- **Teekinooloojii hojii mukaa:** Bu'aalee mukaa kan akka minjaalaa, siree, foddaa fi kkf saanqaa(xaawulaa) fayyadamuun omishuudha.

Gocha 1

Akka barataatti omishni baruumsa kee keessatti akkamiin akka si deggaree ibsi. Deebii kee barsisaa keetiif barreeffamaan dhiyeessi.

2. **Ijaarsa:** Gochaalee akka pilaanii, qajeelcha(design), ijaarsa, suphuufi sirreessuu akkasumas, diguumsa gamoowwanii, dildilaa, daandii, daandii baaburaafi hojii kanaa fi kana fakkaatan of keessatti hammata. Akka BTO Itiyoophiyatti ijaarsi dameewwan armaan gaditti barreeffaman of keessatti qabata.

- **Elektirisiitii:** kan inni of keessatti qabatu qajeelchuu, ijaaruu, diriirsuu shuboo elektirikaafi suphaa sirnootaa humna elektirikii of keessa dabarsanii fa'i. Elektirishaanonni sirna elektirikii sakattaa'uu, diriirsuu, suphuu fi sirreessuu hojjatu.
- **Hojii tuubboo diriirsuu:** Hojiin kun akka bishaani tuubboo keessaa deemmu taasisuuf, tuubboo diriirsuu, jijjiiruu, suphuuf bakka buusuu tuubboo bishaanii fi kusaa bishaanii hammata.
- **Hojii mukaafi ijaarsaa mana (carpentry):** Hojiin kun kan inni of keessatti qabatu dalagaalee akka muka ijaarsaa mana muruu, bocuufi diriirsuu akkasumas, minjaala, balbala, baaxii manaa, keenyaan mana fi kkf hojjachuudha.
- **Hojii xumura ijaarsaa:** Hojiileen akka ijaarsa manaa, hojii mukaafi kkf hojii xumuraa barbaadu. Fakkenyaaf ijaarsa mana keessatti hojiin xumuraa balbala galchuu, qalama diibuu, haguuguu, hafuufi kkf hammata. Hojii minjaala tolchuu keessatti immoo riguun akka inni mucucaatu gochuufi vaarnishii dibuun hojii xumuraati.

3. **Tekinooloojii Odeeffannoofi saayinsii koompitaraa:** Kan inni of keessatti hammatu itti fayyadama kompitaraa, kuufamaa, neetoorkii fi misoomaalee bu'uuraafi adeemsa umuu, kuusuu, ittisuufi wal- jijjiraa ragaalee elektiroonawaa akkasumas sagantaa sooft weeriifi hard weerii uumuufi telekominikeeshinii fa'i.

- **Suphaa kompitaraafi net-woorkii:** Suphaan kompitaraa kan inni hammatu kompitaraa yeroo inni adeemsa dogongooraa mul'isu, hojii isaa raawwachuu dadhabu, sirni isaa yeroo didu sirreesuu yommuu ta'u hojiin net-workii immoo kompitaraa adda addaa walitti hidhuun raga akka wal jijiraniifi raabsan gochuudha.

- **Marsariitii Odeeffannoo Boocuu:** Adeemsa kompitaraa fayyadamuun marsariitii uumuuti. Marsariitiin mala odeeffannoo murtaa'ee kan nama dhunfaa ykn kan dhaabbataa tokkoo kompitaratti galchuudhaan akka namoonni kan biroon odeeffannoo kana argatan gochuudha. Marsariitiin kan banamu maqaa nama dhunfaan ykn maqaa dhaabbata ta'ee, odeeffannoo mar-sariitii kana irra ka'uun namootni barbaadan akka salphaatti argatan gochuuf gargaara.
- **Giraafiksii kompitaraa Boocuu:** Mala kompitaraan jechoota walitti makuu, bifa, fakkii, giraafii, halluu, toopoogiraafiifi sagalee hawwataa gargaaramuun dhaggeeffatootaaf ergaa dabarsuuti. Mala kana yeroo baayyee kan fayyadamnu maxxansaafi beeksisa keessaatti. Qophiilee televiziyoona keessaatti fakkii namoota sosocho'anii, walii wajjin hasa'aniifi kkf yeroo wantoota beeksisan ni argita. Kunis kan inni qophaa'e dandeettii giraafiksii kompitaratiin.

4. Qonnaa: Qonni biqiltoota dhaabuufi horsiisa beelladootaa of kessatti qabata. Kunis oomisha midhaanii, horsiisa beeladaa(fakk. Horsiisa lukkuu, horii furdisuu), abaaboo oomishuu, qabeenya uumamaa kan akka bosoonaa, biyyeefi kkf kunuunsuufi tekinoooloojii qonnaa aadaafi ammayyaatti fayyadamuu hammata.

Gocha 2

Mala tekinoooloojii qonnaa aadaafi ammayyaa naannoo keessanitti fayyadaman tarreessitii deebii kee barsisaa keetif dhiyeessi.

5. Saayinsii fayyaa: Saayinsiin fayyaa hojiirraa oolmaa saayinsiin fayyaa keessaatti qabu kan akka qorannoo qorichaa, haalaa nyaataa, fayyaa dhuunfaafi uumataa, kunuunsa daa'immaniifi fayyaa wal-hormaataa fa'i. Akkasumas saayinsiin fayyaa fayyadama tekinoooloojii fayyaa kan akka lilmoo, siriinjii, raajii, altiraasaawundii, meeshaalee yaalaa hospitaalaa, kilinikaafi gidduu galeessa fayyaa hammata.

Doktarootni, narsootni, ogeeyyii mana yaalii, faarmaasistiin ogeeyyii saayinsii fayyaati.

Akkaataa itti HIV- AIDSiin walitti dhufeenya maatii, galii maatii qabeenya biyyaa miidhu yaadi. COVID 19is guddina hawwas dinagdee Itiyoophiyaa miidhaa jira. Haalotni kun barbaachisummaa ogummaa fayyaa ibsu.

Gocha 3

Gorsa ogummaa fayyaa babal'insa COVID 19 ittisuuf kennamu tarreessi. Deebii kee barsisaa keetif dhiyeessi.

6. Saayinsii Bizinesii: Waa'ee gochaalee bizinesii (daldala) dalaguuf itti gargaaramnuuti. Gochaaleen kunis, tajaajila/ oomisha akkamiitu gurgurtaaf ykn hojii irra oolchuuf filatamaadha? Akkasumas, akkaataa gurgurtaa of keessaatti qabata.

Saayinsiin Bizinesii kanneen armaan gadii of keessaatti qabata.

- ✓ **Akaawuntingiifi faayinaansii:** Galmeessa, kuusaafi xiinxalaa odeeffannoo fayinaansii murtoo keennuuf kan gargaaramnudha.
- ✓ **Gabaa(Marketing):** Maal akka oomishnu, akkaataa kaa'umsaa, bittaafi gurgurtaa akkasumas omishaafi keenninsa tajaajilaa saffisiisuu fa'i.
- ✓ **Baankigii:** Baankiitti fayyadamuun qarshii qusachuu, baasuufi liqeeffachuudha.
- ✓ **Inshuuraansii:** Tooftaa baasii karaa balaa ibiddaa, balaa tasaa fi kkfniin dhufu hir'suu ykn ittisuudhaaf itti fayyadamnuudha.
- ✓ **Bulchiinsa waajjiraa:** Sochii waajjira keessatti dalagamu karoorsuufi qindeessuu akkasumas, odeeffaannoofi ragaalee waajjiraa haala qinda'aa ta'een qabaachuudha.
- ✓ **Hoteelaafi Tuuriizimii:** Bulchiinsa hoteelaafi tajaajila tuuriizimii kennuu of keessaatti qabata.

Gocha 4

Dalagaalee gurguddoo baankiin hojjatu tarreessuun deebii kee barsisaa keetif dhiyeessi.

7. Afaaniifi Saayinsii Hawaasaa: Waa'ee gochaalee, beekumsafi dandeettii afaan tokkoo gargaaramuuf barbaachisu (Fakk. seenaa ofii barreessuu, iyyata barreessuu, afaan hiikuu fi kkf), hojii hawaasaa(guddina hawaasaa), antirooppooloojii(qo'annaa garee namaa fi aadaa isaanii), lammummaa(lammii gaarii uumuu) of keessatti kan hammatuudha.

8. Dhiyeessiifi Aartii Agarsiifaman (Performing and visual Arts): Kan inni of keessatti hammatu muuziqaa, shubbisa, tiyaatira, diraamaa, halluu dibuu, seeneessuu akkasumas dandeettii meeshaalee muuziqaa garaa garaa kan akka kiraaraa, masiinqoo, piyaanoofi ulullee taphachuu fa'i. Yeroo dhiyeessii artii artistootni ergaa isaanii sagalee isaanii yookin qaama isaanii gargaaramuun ergaa barbaachisu dabarsu. Dhiyeessiin aartii kan geggeeffamu daawwatoota artichaa duratti. Dhiyeessiin artii yaada uummata keessaa jiru, miiraafi fedhii kan ibsuu dha. Gochaalee dhiyeessii artii tiyaatira, haasawaa uummataa gochuu, shubbisaafi muuziqaa fa'i. Agarsiisni aartiis fedhii, miira, yaada karaa daawwatamuun ibsamuudha. Agarsiisni aartii, footogiraafii, qalama dibuu, seenessuufi fakkii kaasuu of keessatti hammata.

2.2. Dandeettii Hunda Galeessaa(Soft Skill)

2.2.1. Hiikaa dandeetti Hunda Galeessaa

Gaaffii xiinxala

Dadeetti namoota gidduutti walitti dhufeenyaa gaarii uumuuf gargaaran adda baasuu dandeessaa?

Dandeettii hunda galeessaa kan ibsu dandeettii walii gala kan walitti dhufeenya gaarii namaa wajjin uumuu; gumaacha namni dhunfaan tokko walitti dhufeenya namoota biro wajjin gochuuf carraaqu, raawwii hojiiifi guddina ogummaati. Daandeettiin kun “gamtaa” kan jedhameef sababa dalagaa tokko qofa waan hin ibsineef.

Dandeettii hunda galeessa, dandeettii namni tokko ogummaa kam keessatti itti fayyadamufi namootaa wajjin walitti dhufeenya gaarii umuuf gargaaruudha. Dandeettii hunda galeessaa dandeettii hojii kami irraatti illee gargaaramnu yommuu ta’u, dandeettii jabaan(hard skill) immoo hojii murtaa’aa ta’e dalaguuf kan gargaaruudha. Kanaaf dandeettii hunda galeessaa kan hojii filatu miti. Dandeettii hunda galeessaa dandeettii walii gaalaa walitti dhufeenya bu’aa gaarii uumuuf, hojii fiixaan bahiinsa qabu hojjechuufi walitti dhufeenya garii nama wajjin uumuuf namni hundinuu dagaagfachuu qabuudha.

2.2.2. Gosoota Dandeettii hunda galeessaa

Dandeettii hunda galeessaa of- beekuu, itti fayyadama yeroo, walii galtee, gurmum hojjachuu, amala gaarii, namoota biro kabajuu, ofitti amanamummaa, dhaggeeffachuu, wal deggaruu, fi kkf of keessatti qabata. Dandeettii hunda galeessaa kan dhuunfaafi kan waliiniiti.

Dandeettii hundaa galeessaa nama dhuunfaa amaloota akka murtii dhunfaa kennuu, of jijjiiruu, gad fageenyaan hubachuu fedhuu, waa baruu barbaaduufi kkf of keessatti qabata. Fakkeenyaaf, yoo karoora qayyabannaa dhuunfaa keetii ofii keetiin otuu nama kan biraa hin eegin baafatte, kun murtii dhunfaati jechuudha.

Dandeettii hunda galeessaa waliinii jechuun dandeettii namoota biraa irraatti dhiibbaa geessisan kan akka waliin dubbii, waliin hojjachuu, dhageeffachuu, itti fayyadama yeroofi kkf dha. Fakkeenyaaf Abaltii garee barsisaan keessan isinii keenne barattoota miseensa garee kee ta’anii waliin ta’uun abalticha xumuruu qabda. Kun immoo wal deggaruudha.

Gocha 5

Mana baruumsaa barfattaa geessa? Yoo ta'e, maaliif barfattaa? Sababni barfattuu keetif maal adabamte? barfannaa kana dhiisuuf maal gochuun qaba jettee yaaddaa?

Dandeettii hunda galeessaa barbaachisoon lamaan akka armaan gadiitti ka'amani jiru.

Yaada kalaqaa: dandeettii wanta tokkoo kallatti haraan fudhachuuti. Kunis, rakkoo tokkoo karaa addaa ta'een itti dhiyaachu, wal dhabdeef furmaata barbaaduu, ragaa kaa'ame irraa bu'aa addaa argachuu tau'uu danda'a. Yaada kalaqaa jechuun saanduqaa alatti yaaduu ykn akkaataa baramen ala yaaduudha.

Yaadaa kalaqaa dalagaa tokko haala adda ta'een rawwachuu, rakkoo furuufi rakkoo keessaa darbuu ta'uu danda'a. Yaadaa kalaqaa jechuun yaada fi ilaalcha haaraa maddisiisuun dalagaa tokkoo raawwachuudha. Fakkeenyaaf, Tekinooloojii haaraa keessaatti argannoon saayinsawaa baay'een kan akka bilbilaa, meeshaalee miiziqaa bu'awwan yaada kalaqaati.

Gocha 6

Qubeessi ati fayyadamtu bu'aa yaada kalaqaati? Deebii kee barsisaa keetif agarsiisi.

Walumaa galatti, wanti kamuu kan “**ahaa**” si jechisiisu akka kalaqaatti fudhatama. Kalattii haaraa waa ittiin dalagamu, ilaalcha fi yaada adda rakkoo furuuf nu gargaaru ykn bu'aa caaluu fiduu kan danda'uufi omisha kan dabalu ta'uu danda'a. Tekinooloojiin kamiyyuu nuti har'aa fayyadamaa jirru kan akka albee, raadiiyoo, televiziyoona, elektirisitii, kompitaraa, awutomoobilaa, xiyyaaraa, maashinarootaa, dawaalee, meeshaa hodhaafi kkf bu'aawwan yaada kalaqaati.

Rakinni hin furamneefi waa baruu barbaaduun kakaastoota yaada kalaqaati.

Kaka'umsa rakkoo haaraa furuuf qabuufi tattaafii namni tokkoo waa baruuf taasisu nama tokkoo gara kalaqaatti geessa.

Waa kalaquudhaaf wanti sirraa eegamu:

- Wantootni maal akka isaan ta'an sirriitti qoradhu.
- Wantoota karaa adda ta'een ilaali, hubannoo dogongooraa hambisi.
- Yaada kee namoota biraaf ibsi kanaaf, isaan si hubachuun si hordofu.
- Yaada haaraa argatte barreeffamaan ykn jechaan dhiyeessi kanaaf namootni si hubatanii sifudhatu.
- Gadi- fageenyaan ilaali, sirriitti hubachuudhaaf gaafii gaafadhu.

Gocha 7

1. $1+1=2$ ta'uu beekta, garuu hiriyaan kee $1+1=3$ yoo siin jedhe maal goota?
2. Namoonni COVID 19fi HIV-AIDS dhaan qabaman yeroodhaa gara yerootti dabalaa akka jiran beekta. Osoo gabaasaan hin dhiyeessin akkamiin daballii dhukkuboota kana ibsuu dandeessa?

Rakkoo furuu: jechuun malaafi dandeetti rakkoo mudateef furmaata barbaaduu hammata. Rakkoo hiikuun gocha rakkoo beekuu, madda rakkoo adda baasuu, furmaata sirrii filachuu, yaada filatamaa kana rakkoo furuuf hojii irra oolchhuufi akka rakkinnichi furame mirkaneeffachuu fa'i.

Rakkinnichi tarii haala, taatee ykn nama dhuunfaa wajjin wal qabachuu danda'a. Rakkoo kam illee haa ta'u rakkoo furuun dandeettii haala addaa ykn hin eegamne tokkoo itti qabaannuu akkasumas mudannoo cimaa kan furmaatni isaa ifa hin taanee itti to'annuudha.

Fakkeenyaaf , Haala akkamiitu kitaaba kee akka ati pilaastikaan haguugdu si dirqiisiise? Maaliif pilaastikaan haguuguu filatte? Kitaabni kee akka hin xuroofne waan barbaaduuf, akka hin ciccinne, bishaan akka hin gallee gochuu fi kkf. waan barbaaduuf. Kitaaba kee waraqaan ykn pilaastikaan haguuguu dandeessa. Waraqaan haguuguun kee rakkoo ciccituufi xuraa'uu sii fureeraa? Lakki, sababni isaa xuraa'uu fi yoo bishaan itti jiigee akka salphaatti ciciramu waan danda'uufi. Waraqaan haguuguun furmaata sirrii miti. Kanaaf, pilaastikaan haguuguun furmaata sirridha. Karaa salphaadhaan kun rakkoo furuu jechuudha.

Gocha 8

Rakkoo naannoo kee jiru adda baasuun akkaataa itti rakkinnichi furamu itti yaadi.

2.3 Dagaagina Eenyummaa Dhunfaa**2.3.1. Eenyummaan Dhunfaa maali?****Gaafii xiinxalaa**

Wantoota ati eenyu akka taate si ibsuu danda'an sadii tarreessuun barsisaa keetif agarsiisi.

Eenyummaan Dhunfaa seensa gabaabaa kana mala nama dhunfaa qabatee, namoota biraatiif nama akkamii akka taate kan ibsu, gumaachaafi qulqullina ati qabdu kan qabate, sadarkaa barumsaa keeti fi muuxannoo ati qabduudha. Fakkeenyaaf, namni ati hin beekne tokkoo maqaa kee, umrii kee, mana barumsaa kee, sadarkaa barumsaa kee, bakka dhalootaa kee, amantaa kee fi kkf si gaafachuu danda'a. Namni tokko tarii akka atii dandeettii hiikuu, dandeettii shubbisuu, dandeettii barreeffamaa, fi kkf si gaafachuu danda'a. Haala kanaan ishee/inni eenyummaa dhunfaa kee si gaafachaa jira. Eenyummaan dhunfaa odeeffannoo gadi fagoo eenyu akka taatee fi maal akka qabdu kan ibsuudha.

Gocha 9

Eenyummaan dhunfaa maaliif qopha'a? Deebii kee barsisaa keetif agarsiisi.

Eenyummaa dhuunfaa qopheessuun waa'ee nama tokkoo kan beeksisu qofa osoo hin taanee hojii argachuuf illee barbaachisaadha. Yeroo hojii dorgoomtu kun ulaagaa tokkoodha. Qacarriin dura hojjataan odeeffannoo waa'ee iyyataa sana ibsu baruu barbaadu. Odeeffannoon sun hojjatootni iyyataan sun dandeettii irraa egamu, beekumsa, muuxannoofi kkf kan mana hojii sana wajjin demuu adda baasuuf gargaara. Waa'ee kanaa gadi fageenyaan boqonna 7 fi 8 keessatti ni baratta.

2.3.2. Akkaataa Eenyummaan Dhunfaa itti dagaagu

Enyummaan dhuunfaa toora isaa eeggatee, bifa ifaa ta'een wantoota baay'ee barbaachisoo ta'an irratti xiyyeeffatee kan barreeffamuudha. Eenyummaa dhuunfaa barreessuudhaaf sadarkaaleen hordofamuu qaban:

➤ **Waa'ee ofii kee haala ifaa ta'een ibsa kenni**

Ati eenyu akka taate (maqaa, iddoo itti argama kee, umurii kee, saala keefi kkf) eenyuuf akka eenyummaa dhunfaa kee barreesitu irratti hundaa'uudhaan barreessi. Akka keeti, maqaakee, naannoo jireenyaa kee (Naannoo, godina, aanaa, magaalaa, ganda, mana barumsaa keefi kkf) ta'a.

➤ **Dandeettiifi Ga'uumsa kee caqasi**

Cimina fi dandeettiin qabdu barreessi. Fakkeenyaaf dandeettii afaan hiikuu, afaanota addaa addaa danda'uu, dandeettii fakkii kaasuu, fi kkf. Akkasumas amala qabdu akkas jechuun ibsi “ani hojjataa cimaa fi carraaqaadha, waliin hojjachuutin amana” fi kkf.

➤ **Sadarkaa barnootaafi muuxannoo kee ibsi**

Sadarkaa barnootaa kee akkas jette barreessuu dandeessa, mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa xumureera, kutaa 7, kutaa 8 xumureera, fi kkf. Muxannoo hojii kam iyyuu dalagdee horatte yoo muuxannoo tola ooltummaa ta'e illee, eenyummaa dhunfaa keessatti yoo hojii dorgomuuf ta'a hammatamuu qaba.

Eenyummaan dhunfaa dorgommii hojiif qophaa'u gabaabaafi haala ifaa ta'ee barreeffamuu qaba kanaaf, ariitiin dubbisuu danda'u. Eenyummaan dhuunfaa kan hojiif qophaa'u kan inni irratti xiyyeeffatu wantootaa barbaachisoo maalummaa hojichaa wajjin kan wal qabatu ta'uu qaba.

Gocha 10

Akka waan muuxannoofi dandeettii ta'e tokko qabuutti eenyummaa dhuunfaa kee barreessuun barsisaa keef ibsi.

Cuunfaa boqonnaa 2

Naannowwan hojii saddeettan dameewwan isaanii walii adda bahanii sagantaa BTO Itiyooophiyaa keessatti adda bahanii jiru. Isaanis, oonisha, qonnaa, ijaarsa, infoormeeshin tekinoooloojii, saayinsii fayyaa sayinsii biizinasii, saayinsii hawaasaaf afaanii fi dhiyeesiifi aartii agarsiifaman. BTO keessatti dandeettiin gamtaa walitti dhufeenya gaarii namoota gidduutti umuu keessatti dandeetti teekinikaa (dandeettii hojii tokkoo qofa keessatti fayyadamnu) waliin barbaachisaa dha. Dandeettiin gamtaa yaada kalaqaa (dandeettii yaada haaraa maddisiisu, hojii irra oolchuufi wantoota kara haarawaa ta'een ilaaluudha); dandeettii rakkoo furuu(danddeettii rakkinaaf furmaata barbaaduuti. Kunis kan hirmaachisu rakkoo adda baasuu, xiinxaluufi furmaata maddisiisuudha).

Yeroo qacarrii hojii dorgomaniifi eenyummaa ofii namoota birootti beeksisuu barbaadan akkaataa itti enyummaa dhunfaa qophaa'u beekuun barbaachisaadha. Kunis, kan of keessatti qabatu eenyu akka ta'an, dandeettii akkamiifi jaalalaafi jibbaa qaban, sadarkaa hojii, muuxannoo hojiifi amala isaanii qabata.

Gaafii xumura baqonnaa 2

I. Hima sirrii hin taane adda baasuun kan sirrii ta'e sababa waliin barreessi.

- A. Maashiniin hodhaa meeshaa ijaarsa manaaf fayyada.
- B. Dandeetti jabaan dandeetti wali gala yommuu ta'u dandeettiin gamtaan immoo hojii tokkoo dalaguuf fayyada.
- C. Dandeettin gamtaa qofti qacaramaa si taasisuu danda'a.
- D. Sammuu banamaa qabaachuun rakkoo furuu irraatti gufuu ta'uu danda'a.
- E. Kalaqaafi yaada gadi fagoon baay'ee walitti dhiyaatu.
- F. Dandeettiin gamtaa baruu barattootaa keessatti hin fayyadu.

II. Gaafilee armaan gaditti kennaman qubee deebii sirri qabate filachuun itti mari.

1. Dandeetti hojii murtaa'e tokko keessatti gargaaramnu isa kami?
 - A. Dandeetii gamtaa
 - B. Dandeetii jabaa
 - C. Rakkoo furuu
 - D. Gadi fageenyaan yaaduu
2. Odeeffannoon enyumaa dhunfaa dorgommii hojiif qopheessinu kan of keessaatti qabatu:-
 - A. Sadarkaa barnootaa
 - B. Muuxannoo
 - C. Maqaa fi bakka jireenyaa
 - D. Hunduu deebiidha.
3. Walii galteen sagalee malee odeeffannoo kamiin dabarsuu keessatti gargaara?
 - A. Dubbii
 - B. Barreeffama
 - C. Afilaattoo(Body language)
 - D. haasa'uu

III. Gaafilee armaan gadiitiif deebii sirrii barreessi.

1. Eenyummaan dhunfaa odeeffannoo akkamii of keessatti qabata?
2. Kamtu dursa: xiinxala gadi fagoo moo rakkoof furmaata argachuu? Maalif?

BOQONNAA

3

3.CARRAA HOJII OFII UUMMACHUU

BIQILOOTA GUDDISUU, BEELADA FURDISUU, HORSIISA KANNIISAA, OOMISHA AANANII FI HORSIISA LUKKUU

Bu'aalee Barannoo:

Xumura boqonnaa kanaatti barattootni:-

- Gochaalee biqiloota horsiisuuf taasifaman ni ibsu.
- Haalaa kamiin beelaadootni akka furdatan adda ni baafatu.
- Adeemsa kanniisa horsiisuuf taasifamu ni ibsu.
- Gochaalee horsiisaa lukkuuf barbaachisan ni tarreessu.

Jechootaa ijoo

Biqiltoota manduubeetti kunuunsuu/Gardening/: Gochaa biqilootaa manduubeetti horsiisuu ykn guddisuuti.

Hortiikaalcherii ykn Qorannoo horsiisa biqilootaa manduubee: Saayinsii ykn aartii abaaboo, kuduraafi muduraa, keessumaa manduubeettifi bakka addaan bahetti guddisuuf gargaaramnuuti.

Beelada furdisuu: Beelada foonii gabaaf dhiyeesuuf furdisuudha.

Horsiisa kanniisaa: Gocha horsiisaafi bulchiinsa kannisaa gaaguraa keessatti, poliineshii gaggeessuufi dammaa oomishuuf goodhamuudha.

Oomisha annanii: Damee qonnaa ta'ee yeroo dheeraadhaaf aannani gara bu'aalee annani kan akka dhadhaa, baaduu, fi ittittuu gurgurtaaf ykn dhuunfaan fayyadamuuf oomishuudha.

Horsiisaa Lukkuu: Horsiisa wicii ykn lukkuu, daldalaaf, fooniif, killeefi baallee isaaniitiif itti fayyadamuf horsiisuu dha.

3.1. Biqiltoota Manduubeetti Guddisuu Akka Hojii Umuutti

Gaaffii xiinxala

Biqiltoota Manduubeetti guddisuu jechuun maal jechuudha?

3.1.1 Hiika Biqiltoota manduubeetti gudisuu

Hortiikaalcherii ykn Qorannoo horsiisa biqilootaa manduubee: Saayinsii ykn aartii abaaboo, kuduraafi muduraa, keessumaa manduubeetti guddisuuf gargaaramnuuti. Qorannoon horsiisa biqilootaa damee qonnaa keessumaa manduubeetti biqiloota horsiisuu irratti kan xiyyeeffateedha. Qonnaan midhaan oomishuufi bineeldota horsiisuu of keessatti yemmuu hammatu, Hortiikaalcharii ykn qorannoo horsiisa biqilootaa manduubee immoo horsiisa biqilootaa qofa of keessatti qabata.

Akka qaamaa qorannoo horsiisa biqilootaa manduubeetti (Horticulture), biqiltoota manduubeetti kununsuun/gardening/ gocha biqiloota guddisuufi kununsuuti. Gochi kunis, kan of keessatti qabatu oomisha abaaboo, kuduraafi muduraaf lafa qopheessuu fi laficha kununsuudha. Horsiisni biqiltoota manduubee abaaboof, baala isaanif, qalamaa qopheessuuf, qoricha qopheessuuf, nyaataaf, dibata bareedinaa qopheessuufi kkf biqilootaa guddisuufi horsiisuu of keessatti hammata.

Gocha 1

Biqiltoonni naannoo keessanitti qoriichummaaf itti fayyadamtan maal fa'i? Deebii keessan barsisaa keessanif barreeffamaan dhiyeessa.

3.1.2. Gosoota Manduubee

Gosoota biqiloota manduubeetti guddisnuu akaakuwwan heddutu jiru. Kutaa kanaaf, Gosoota biqiloota manduubee beekamoo ta'an lama ilaala.

Isaanis, Manduubee muduraa (Vegitable garden) fi manduubee koonteenaraa (container garden) jedhamu.

A. Manduubee Muduraa

Manduubeen Muduraa(Fakkii 3.1 ilaali) manduubee itti muduraan guddataniidha. Innis, filannoo iddoo, bakka mijeessuu, biyyee qopheessuu, sanyii fi biqilaa filachuu, dhaabuufi biqiltootaa dhaabaman hanga sassaabbiif gahanitti kununsuu of keessatti qabata. Bu'aan inni dhumaa oomisha muduraa kan akka raafuu, kaaroota, dinnichaa ho'aa fi qulqulluu ta'e nyaataaf, gurgurtaaf ykn raabsaaf oolu argachuudha.

Manduubeen muduraa, biqiltoota naannawaa manatti omishuun ta'uu danda'a. Biqiltoota miseensa maati mana tokkoon dhaabaman kan akka kuduraaleef muduraalee, biqiltoota bareedinaafi qoorichummaaf, nyaata dabalataaf, gali argamsisuuf fi fayyummaaf oolan of keessatti qabata. Manduubeen muduraa baasi xiqqaa ta'een, yeroo gabaabaatti kan bilchaatu fi mala salphaan kan oomishamudha. Muduraa omishuun lafa murtaa'ee ni barbaada, garuu lafa baay'ee bal'aa hin fudhatu. Manduubeen muduraa lafarratti yookin siree biqilootni irratti guddatan qoopheesudhaan ta'uu danda'a.



Fakkii 3.1 Manduube muduraa

B. Manduubee koontenaraa(Container Garden)

Akaakuwwan muduraalee hedduun isaanii kan guuddatan koontenaraa sirna hidda isaani gadifagenyaan jabeesse qabuu kan danda'uu keessatti. Akkuuma guuddinni koontenaraa dabalaa deemun milkaa'inni oomisha salphaa ta'aa deema. Akaakuwwan muduraalee haalagaarinkoontenaraa keessatti guuddatan kan akka baaqeelaa, dabaaqula, kaaroota, raafuu, maxaaxisa, qulluubbi adii, salaaxaa, atara, qaaraa, dinnichaa, timaatima, raafuu ispinaachi fi kkf dha.

Koontenaraa keessatti biqiltu guddisuun biqiloota manduubee muduraatti guddisuu caalaa keessuma akkuma biqiloonni guddachaa adeemanin yeroo yerootti bishaan biqiloota obaasuu barbaada. Sirna jallisii coba bishaani (drip irrigation system) kan too'attu yeroo bishaani(timer) fayyadamuun mandubeen koontenaraa bu'aa dabalataa akka argamsisu taasisa.

Meeshaaleen Koontenaraa qoophessuuf fayyadan meeshaalee kanaan dura itti fayyadamani gataman kan akka qaruuraa, huubboo, barmeeli ykn meeshaalee abaaboon ittin guuddatan bitachuun omishuun ni danda'ma. (Fakkii 3.2 armaan gadii a fi b ilaali)



Fakkii 3.2 Manduubee koontenaraa

Biqitoota manduubeetti omishuun gocha/barmaati/ naannoo baadiyyaafi magaalati.

Qonnaan bultootni yeroo hedduu manduubee biqiloota akka raafuu,timaatimaa,dinnichaa fi mukkeen fuduraalee kan akka loomi, abookaadoo fi kkk naannawaa mana isaanitti nyaataafi galii dabalataa irraa argachuuf itti guddisan qabu. Maatiin magaalas haaluma walfakkatuun mandduubee mooraa mana isaani keessaa abaaboo bareedinaaf biqilchan qabu.

Dabalataanis manneen barnootaa baadiyyaafi magaalaa keessatti manduubee itti biqiloota akka muduraafi abaaboo gamtaan ta'uun(barattootaa fi barsisootaan)dhaabuufi kununsuun gocha baramaadha. Baadiyyaa keessatti qotebultoonni meeshaalee aadaa kan akka gasoo lafa qootuu, haamtuu lafa qulqullessuuf fi kkf fayyadamu. (Gabatee 3.1 armaan gadii ilaali)

3.1.3. Meeshaalee manduubeetti biqiloota guddisuuf barbaachisan

Biqiloota dhaabuu egaluun dura, meeshaalee qoonnaa armaan gadii beekuufi qopheeffachuun sirraa eegama. (Gabatee 3.1 armaan gadii ilaali)

Akaakuu meeshaa	Fakkii/Suuraa/
Giiloovii(Golga harkaa)	
Maqasii guddaa fiixee biqilootaa ittin kuutani gabaabsan(secateurs)	
Looperii	

Fal'aanaa qoottuu(Garden Fork)	
Fal'aana harkaa(hand trowel)	
Akaafaa(spade)	
Baaftuu sararaa(Raaki)	
Gasoo	 
Gasoo harkaa aadaa	 

Gocha 2

Meeshaalee qonnaa aadaa biqiloota manduubeetti oomishuuf naannoo keessanitti gargaaraman tarreessun faayidaa tokko tokkoo isaanii ibsun deebii keessani barsisaa keessanitti agarsisaa.

3.1.4 Sanyii Biqiloota dabarsuu

Sanyii

Sanyiin qaama xixiqqaafi jabaa ta'ee, kan biqiltuu haaraatti guddatudha. Sanyiin eeggannodhaan erga dhaabame yeroo muraasa booda biqiiluun gara biqilaatti guddata. Biqiltuu dabarsuu irra sanyii gosa garaagaraa salphaatti argachuu dandeenyaa, akkasumas sanyiin gatii gadi isaa bu'aa ta'a. Akaakuwwan sanyii muraasa kallattimaan manduubeetti adeemsa sirrii ta'e hordofuun facaasuun ni danda'ama.

Biqiloota dabarsuu

Biqiloota dabarsuu jechuun adeemsa biqiltuu kontenara keessatti guddatan gara manduubeetti ykn dirree qoophaa'etti dabarsuudha dhaabuuti.. Biqilootni manduubeetti dabarfaman kan sanyiin facaafaman caalaa dursani gahu. Biqiltoonni tokko tokkoo sanyiin isaani dafani facaafamanillee guddinaaf yeroo dheeraa waan fudhatanif dafani hin bilchaatan(Fakkii 3.3 armaan gadii ilaali).



Fakkii 3.3 Biqiloota dabarsuu

Biqilootni, naannoo kununfamaa turan irraa gara manduubeetti yeroo dabarfaman, turban tokkoo olif guyyaa guyyaatti suuta suutaan yeroo dheeraadhaaf aduutti baasun akka jabaatan gochuun barbaachisaadha. Gadifageenyaan kan dhaabamu timaatimarraan irraa kan hafe biqiltoonni yeroo dabarfaman gadi fageenyuuma yeroo turti koontenaraa keessa turan walfakkaatun dhaabamu. Biqiltoota hiddaa kan akka kaarootaa, hunde dimaa fi maxaaxisaa haala salphaan hin dabarfaman.

3.1.5. Tartibawwan bu'uuraa manduubeetti biqiltoota guddisuuf barbaachisan

Gaaffilee xinxalaa

Biqiltoota manduubeetti guddisu eegaluf gochaaleen raawwatamuu qaban maal fa'i jeettanii yaaddu?

Biqiltoota manduubeetti guddisuun yoo haala sirrii ta'en hordofame bizinasii bu'aa qabeessaa fi hojii gaari/jireenya madaalawaa dhala namaaf gumaacha.

Yoo ati gosa hojii biqiltoota manduubeetti omishuun jiru ummachuu yaadda ta'e, qajeelcha gabaafi salphaa maal gochuun akka sirra jiru sigargaaran armaan gadi hordofi.

1. Manduubee keetti akaakuu biqiltuu dhaabuu barbaaddu murteessi
2. Iddoo ittii biqiltoota dhaabdu filadhu.
3. Siree biqiltoota irratti dhaabdu qopheffadhu(Fakkii 3.4 armaan gadii ilaali).



(Fakkii 3.4 Siree manduubee gosa garaagaraa).

4. Meeshaalee garaagaraa manduubeef barbaachisan qopheeffadhu.



Fakkii 3.5 sanyii dhaabuu

1. Sanyii sirrii ykn biqiloota dabarfaman filadhu.
2. Ofeeggannoon dhaabi (Fakkii 3.5 ilaalii).
3. Manduubicha kunuunsi.
4. Omisha kee sassaabi(Fakkii 3.6 ilaalii).



Fakkii 3.6 Oomisha muduraa sassaabame muraasa

3.1.6. Kunuunsa maanduubee fayyummaa guddina biqilootaaf

Nama biqiltuu oomishu tokkoof dalagaan inni baay'ee barbaachisaan kunnunsa manduubee fi oomisha argame ofeegganno sirrii ta'een sassaabudha. Akka eegametti waqtiin itti fufu jijjirama waqtilee irraa kan ka'e roobni hanqachuu danda'a. Kanaafu namni hojii biqiltuu manduubee dhaabuu irratti hirmaatu tokkoo, hanqina bookkaa roobaa muudatuf of qoopheessuutu irra jiraata.

3.1.7. To'annoo Dhukkubootaa fi Ilbisotaa Biqiloota Midhan

Ilbisoonni tokko tokkoo biqiloota ni miiddhu; kanaafu fayyummaa biqilootaa eegudhaaf ifa aduu gahaa ta'ee, bishaani fi biyyee gabbataa keennun fayyummaa isaani eegi. Namni biqiltuu manduubeetti guddisu tokkoo biqiloota abaaboo kan ilbisoota barbaachisoo ta'an harkisani fi ilbisoota biqiltu irra midhaa geessisani to'achuufi faalama qilleensa hambisuuf oolan dabaluutu irraa eegama.

Biqiloota ykn sanyii dhukkubaa fi ilbisoota biqiloota miidhan dandamachu danda'an filadhu. Yeroo biqiloota dabarsitu filattu warra fayyaa ta'an, ilbisootaa fi dhukkuba irraa bilisa kan ta'an filadhu. Namni biqiloota manduubeetti guddisu kemikaala farra ilbisoota kan biyyee ykn biqilootatti biifamu fayyadamuu danda'a.

Yeroo farra ilbisa biifamu namni biifu of-eggannoowwan kan akka uffannaa harka/giloovii/, goolgaa fuulaa/face mask/, gizaaza ija/eye glass/ fi kkf fayyadamu qaba. Sababni isaas farri ilbisaa fayyaa namaa miidhu waan danda'uuf.

Gocha 3

Mana baruumsaa keessan keessatti garee miseensa nama shan shan qabu umaati manduubee kuduraa fi muduraa garaagaraa qopheessaa.

3.2.Oomisha Annani (Dairy farming)

Gaaffii xinxalaa

Naannoo keessanitti annan loonii eelmudhaaf gochaalee akkamitu raawwatama?

3.2.1. Seensa

Oomishni annanii fi bu'aawwan isaa(Dairy)n intarpiraayizii bizinasii ta'ee kan oomisha annani fi bu'aa isaa irratti hundaa'e itti fayydamaf dhala namaaf kan dhiyeessudha. Innis irra caalaatti kan oomishamu loowwan irraa yommuu ta'u dabalataanis annan re'ee, hoolaa fi gaalaa ta'uu danda'a. Oomishni annani kan gaggeeffamu bakka aannan qofa oomishutti xiyyeffate ykn qonna makaa bakka aannan oomishuun akka bu'aa tokkootti gaggeeffamu dha.

Jechi oomisha annanii fi bu'aawwan isaa (Dairy) jedhu kan agarsisuu bu'aawwan annani, adeemsa oomisha annani, beeladoota annani fi hojjattoota annan oomishu irratti bobbaa'an of keessatti haammata. Fakkeenyaaf, sa'a annani, re'ee annani, hoolaa annani fi kkf dha. Oomisha annani fi bu'aawwan isaa annan oomishuu fi adeemsa warshaa aannanin gara bu'aalee annanitti jijjiiruudha.

Oomisha Annani (Dairy farming) damee qonnaa yeroo dheeraadhaaf annani garaa bu'aa annani kan akka baaduu, itittuufi dhadhaatti jijjiramanii gurgurtaaf dhiyaatan oomishuudha. Oomishni annani guuddachaa deemaa kan jiruu yommuu ta'u, innis ummataaf akka madda filannoo annani tokkootti fayyada.

Bu'aawwan annani (Dairy products) kan jeedhaman akaakuuwwan oomisha soorataa annan hoosiftoota akka looni, re'ee, hoolaa, gaala fi gafarsa irraa argamaniidha. Bu'aawwan annani kunis gosoota soorata kan akka itittuu, baaduufi dhadhaa of keessatti qabata (Fakkii 3.7 ilaalii).



Fakkii 3.7 Oomisha annani

Annani fi bu'aa anni bal'inaan oomishuun bu'aa qabeessa kan ta'u bakka annan bay'inaan bu'aalee isaa kan akka dhadhaa fi baaduu oomishamuuf barbaadamu ykn bakka gabaa bal'aa ummanni annan bitachuuf qarshii gahaa qaban garuu, sa'aa bitachuu hin dandeenyeetti. Qonnaan bultootni beellada annani horsisuudhaan annan isaani gabaaf dhiyeessuun maallaqa dabalataa argachuu ni danda'u. Oomishtootni annani annan oomishame barmeelaan guutani ganamaan gabaaf dhiyeessu.

3.2.2 Annan Elmuu

Annan jecchuun, soorata dhangala'aa, kan niyuutrentiin gabbataa ta'ee beeladoota harma hoosisan irraa argamuudha. Innis, ilmoolee bineensoota harma hoosisanif burqaa soorata madaalamaa isa jalqabaa yommuu ta'uu, kunis daa'imman ilma namaa kanneen nyaata jajjabaa nyaachuu fi buulleessuu hin dandeenye dabalata. Akka bu'aa qonnaatti, annan beeladoota qonnaa irraa argannaa.

Annan elmuu jechuun gocha harma beeladoota akka sa'a, re'ee, hoolaa fi naannoo tokko tokkootti immoo harma gaalaa keessaa annan baasuuti. Kunis harkaan yookiin maashinaan fayyadamuun ta'uu danda'a. Naannoo keenyaatti irra caalaan annanii kan elmamu harka namaatin. Akka aadaatti annan elmuun guyyaatti si'a lama (ganamaa fi galgala) yommuu ta'uu, gochi annan elmuu kan raawwatamus gaafaa/mormaa/ fi miila saawwani isa duubaa

fuunyoodhaan mooraa/dallaa/ horiitti hidhuun ykn gaadi'uun ta'a. Mooraan/dallaan/hoorii, ijaarsa beeladootaaf akka mana jireenyaatti gargaaruu kan loon, meeshaalee garaa garaafi hookaa(fodder) yeroo baay'ee galabaa kan of keessatti qabatuudha.

Gocha 4

Akka qoorannoon saayinssii ibsutti bua'aaleen annan dhala namaaf keennu maal fa'i?

3.2.3. Maloota Annan Elmuu

Malootni annan elmuuf fayyadan beekamoo lamatu jira. Isaanis:

Harkaan annan elmuufi maashinaan elmuu dha.

3.2.3.1. Harkaan Annan Elmuu

Harkaan annan elmuun kan gaggeeffamu mucha harmaa beeladootaa annani harkaan sukkumuu fi gadi harkisuudhaan meeshaa annan ittin elmamuuf qophaa'ee keessatti naquudha (fakkii 3.8 armaan gadii a fi b ilaali).



Fakkii 3.8 a) Harma annanin guute



b) Baaldii annan ittin elmamu

Malootni lamaan annan harkaan elmuuf gargaaran akka armaan gadiitti dhi'aatanii jiru.

1. Gara gubbaa muchaa quba lamaa fi barruu harkaa gidduu galchuun walitti qabachuun, annan gara qaama mucha gaditti harkisuun, quba harkaa isa biraatin cunfuun karaa qaawwaa muchaan annan gara alaatti baasudha.
2. Gara gubbaa muchaa quba lamaa fi barruu harkaa gidduu galchuun walitti qabachuun, mucha saawaa gadi harkisuun annan gara gaditti dhibuudhaan gara alaatti baasudha(fakkii 3.9 armaan gadii ilaali).



Fakkii 3.9 Annan harkaan elmuu

3.2.3.2. Mashinaan Annan Elmuu: Maashinin annan elmuu jechuun, meeshaale ammayyaa annan elmuuf fayyadanin gargaaramuun annan elmuu jechu dha. Fiixeen maashini annan ittin elmamuu/teat cup/ fiixee mucha harma looni irratti walitti qabsisuun, dhibbaan qilleensa maashini keessa jiru annan gara gaditti akka harkisu taasisudha. Annanichi erga elmameen booda, gara meeshaa guddaa itti kuufamutti dabarsfamuun dura qabbanaa'uu fi calalamu qaba(fakkii 3.10 armaan gadii ilaali).



Fakkii 3.10 maashinidhaan annan elmuu

Karaa biraatin maashinin annan elmuu jechuun, elma annani awutoomaatikawaas ni jedhama. Kana yeroo jedhamu human nama osoo hin gargaaramin annan elmuu jechuudha(fakkii 3.11 armaan gadii ilaali).



Fakkii 3.11: Elma Annani Awutoomaatikawaa

Maloota annan elmuu lamaan fayyadamuun annan yeroo elmamu, qulquullinni annani wayita elmamuu fi erga elmame booda akka hin faalamneef of eggannoo cimaa godhamuu qaba. Yeroo harkaan annan elmamuu namni annan elmu tokkoo qulquullina dhunfaa isaa/ishee kan akka harka dhiqachuu, kontenaraa fi mucha saawwaa dhiiquu fi yeroo elmaa rifeensi harmaa irraa akka koontenaraa keessa hin senneef of eggannoon elmuu qaba/qabdi.

3.2.4. Maloota annan ittin tursifamu

Annan tursisu jechuun, annan osoo orgaanizimoota kan baakteriyaan hin faalamin qulqullinaan tursisuu jechuudha. Yoo annan qulqullinaan kaa'amu baatee dhukkuboota nama ajjesanif nama saaxilu danda'a. Annan maloota adda addaan fayyadamuun tursisuun annanichi yeroo dheeraadhaaf qulqulluu fi ho'aa ta'ee akka turuu taasisa. Yeroo annan tursisnu, tempireecharaa dilalla'aa keessa gochuun, mala isa beekamaa annanichi ho'aafi qulqulluu ta'ee yeroo dheeraadhaaf akka turu dandeessisu dha. Annan dilalleessun hanga yeroo annanichi faayidaa irraa oolutti ykn gara gabaa geeffamutti osoo hin badin turuu taasisa.

Bishaan keessa lafaa umamaan dilallaa'aa ta'ee mala annan tursisan keessa isa tokkoo dha. Kunis itti fufinsaan bishaan gara barmeelii ykn konenaraa qabbanaa'aa kanaatti aquudhaann ta'a. Malli annan bifa kanaan dilalleessu osoo elektriikii fi firiijuun hin jalqabin dura beekamaa ture.

Dilalleessuu/Refrigeration/

Dilalleessituun meeshaa annan dilalleessuf gargaaru dha. Annan meeshhaa itti kuusanitti naquun dilalleessitu keessa galchudhaan baakteriyaan faalamuun akka hin banne gochun ni danda'ma.

Gocha 5

Naannoo isin jiraattanitti annan osoo hin faalamin tursisuuf maloota akkami fayyadamu? Deebi keessan barsisaa keessanif gabaasaa.

3.2.5. Hordoffii beladootaa

Industriin oomisha annani fi bu'aan isaani, bizinasii itti fufinsaan guddachaa jirudha. Gochaaleen bulchinsa beeladootaa, teknoolojii haarawaa fi seera ittin bulmaata industirii gara guddina dinagdee fi naannoo itti fufinsaan mijaawaa ta'eetti ceesisun godhamu wajjin jijjiramaa deema. Mala bulchinsaa akkasumas teknolojiwwan hojirra jiran, seera ittin bulmaata fi haala naannoo kan bulchinsa sirna soorataa, bulchinsa manaa, bulchinsa fayyaa, bulchinsa walhormaataa fi bulchinsa balfaa keessatti mul'ata.



Fakkii 3.12 saawwan dirree irraa

Oomishtootni annani ammayyaa irratti hirmaatan hedduun bineeldoota umri isaani, fedha nyaata isaani, sadarkaa walhormaataa isaani fi hanga oomisha annani isaan keennan irratti hundaa'udhaan garee bulchinsa adda addaatti qodu. Gareen looni ammaa annan irraa omishamaa jiran yeroo baay'ee haala buulchinsa gaari ta'een qabamani, haala gaaridhaan soorata argatani, naannawaa mijawaa keessa kan olani fi buulani annan qulqullina olaanaa qabu keennu.

3.2.5.1. Bakka jireenya Beeladootaa

Gocha 6

Beelada furdisuuf bakka jireenyaa qopheessuun maalif barbaachisa?

Haala qillensaa, hamma oomisha annani fi tooftaa soorataa irratti hundaa’uun akkaataan ijaarsa bakka jireenyaa bineeldoota annani addunyaa gutuu irratti garaagarummaa guddaa qaba. Bakki jireenyaa bineeldoota annani kun yeroo ijaaramu dhiyeessi soorataa fi bishaanif mijaawaa ta’ee, haala naannoo midhaa loowwan irraa geessisan fakkeenyaaf ho’aa fi qorraa olaanaa irraa kan eegu ta’u qaba.

Dadhabiiin loowwani sababa haala qilleensaa ho’aa ta’een dhufu wal hormaataa fi oomisha annan isaani hir’isa. Bakka jireenyaa bineeldoota keessatti meeshaalee temptechara hir’isu danda’an galchun ni danda’ma. Qorri olaanaan beeladoota ajjeesuu waan danda’uuf iddoon jireenya loowwani ho’aa ta’uu qaba. Akkasuumas soorata isaani dhiyeessuf mijaawaa ta’u qaba.

3.2.5.2. To’annoo soorataa

Baasiin maallaqaa soorata bineeldoota gabbisuuf fayyadamnu lafa dheedichaas ta’ee, midhaan oomishuf ykn bituuf bahu baay’ee guddaadha. Oomishtoonni annani lafa margaa/hookaa/ gargaaraman margicha guddisani loon isaani nyaachisuf yeroo dheeraa fi ifaaji guddaa isaan gaafata. Maloota hookaa ittin bulchan keessaa marsaan dheechisuun isa beekamaadha. Namootni bizinasii beelada furdisuu guddaa irratti bobbaa’an ogeessaa sirna nyaata beeladaa(nutritionist) qacaruu isaan barbaachisa. Ogeessi sirna nyaata beeladaa(nutritionist) kuni itti gaafatamummaa soorata fayyaa bineeldootaaf mijaawaa ta’ee qopheessu, baasi xiqqaan oomisha annani guddaa oomishuutu irra jiraata. Oomisha gaarii argachuuf, sooratni beeladootaa kan qophaa’uu bifa garaa garaatin haaloota akka ariitii guddinaa isaani, oomisha annan isaan

keennani fi haala walhormaataa isaani irratti hundaa’uun ta’uu qaba.

3.2.5.3 Hordoffii Wal-hormaataa Beeladaa

Jabbii dhaltuun yeroo dhalattee guddattuu saawwan kanneen dulloomani fi oomishtummaan isaani hir’achaa deeme bakka buuti. Jireenyi loon annani marsaa rimaa’uu fi hoosisuu, umrii wal-hormaata yeroo eegalan kaaseti. Yeroon jalqabbii marsaa kana dandeetti oomishtummaa annan loowwanif baay’ee murteessaadha. Sa’aani hanga dhaltuutti annan keennu hin dandeessu. Kanaan walqabatee yeroon jalqabbii wal-hormaataa inni jalqabaa akkasumas itti fufinsa wal-hormaata isaani, sadarkaa oomisha annan isaani murtessuu keessatti gahee olaanaa taphata.

3.2.5.4. To’annoo hoosisuu (lactation)

Gocha 7

Hoosisuu jechuun isinif maal jechuudha?

Hoosisuun kan ibsu xannachoota annani irraa annan maddisisuun annan keenu dha. Wayiti hoosisuun immo yeroo turti beeladni tokkoo annan maddisisuudhaan ilmoolee ishee soortudha. Erga jabbiin dhaltte booda loon annan maddisiisuu egalti. Annan hoosisuun hanga sa’aani elmamtuutti itti fufa. Garuu hangi annani isheen keennitu gadi bu’aa deema. Oomisha annani dabaluudhaaf oomishtonni annani yeroo turti loon tokkoo annan keennituu fi yeroo isshiin wal-hormaata itti aanuuf qophoof

tu sirriitii beeku qabu. Dabareen hoosisuu fi rimaa’uu marsaa hoosisuu jeedhama.

3.2.5.5. Koosi beeladoota annani irraa argamu

Yoo haala gaarin too'atame koosiin beeladoota annani fi beeladoota kan biroo irraa argamu sababa niyutrantii biyyee gabbisuu gahaa waan qabuuf akka xaa'oo gaaritti biqiloota guddisuuf amala fizikaalawaa biyyee guddina biqilootaaf mijaawaa taasisa.

3.2.5.6. Namni tokko akamittin oomisha aananii jalqabu danda'a?

Annan oomishu jalqabuun dura wantoota barbaachisoo ta'ani fi guutamuu qana ni jiru. Isaan keessa muraasni akka armaan gaditti keennamani jiru.

1. Bakka jireenyaa beeladoota annanitif qopheessu.
2. Beeladoota annani sanyii filatamoo ta'an filachuu(sanyii beeladoota annani filatamoo kan naanno keenyas fayyadmuun ni danda'ma).
3. Qallaba beeladoota annani haalan hordofuudhaan dhiyeessuu.
4. Beeladoota annani guyyaa guyyaan to'achuu.

Gocha 8

Oogeessota qonnaa naannawa keessanitti argam waa'ee yeroo turti hoosisuu beeladoota annani gaafachudhaan bu'aa isaa barsisaa keessanif gabaasa.

Gaafi Xinxalaa

3.3. Gabbisa Beeladaa

Beeladoota gabbisuu jechuun siif maal jechudha.

3.3.1 seensa

Ilmi namaa pirootiinii guddinaaf isa barbaachisu argachuuf soorata foonii isa barbaachisa. Foon kan argamus beeladoota akka sa'aa, sangaa, lukkuu, hoolaa, re'ee fi kkf irraati. Foon qulqullina olaanaa qabu kan argamu beeladoota gabbifaman irraati. Bineeldoota gabbisuu jechuun bineeldoota iraa foon qulqullina olaanaa qabu argachuuf, wal itti fufinsaan yeroo murtaa'eef bakka adda ta'eetti soruu dha. Fakkeenyaaf sangaa gabbisuuf filatame tokkoo karaa dheeraa deemsisuun ykn dalagaa qonnaa kamiyyuu keessatti hirmaachisuun hin ayyamamu.

Sangaan furdatee kan hin furdanne caalaa foon baay'ee fi qulqullina olaanaa qabu kennna (Fakkii 3.13 armaan gadii ilaali).

Feddhiin foonii olaanaa fi yeroodha gara yerootti dabalaa deemaa jira. Garuu sektarri oomisha foonii hanga fedhii fayyadamtoota foonii kan gitu dhiyeessaa hin jiru. Kanaafuu beelada furdisuun gosa hojii yeroo gabaabaa keessatti bu'aa guddaa kan argamsisu dha.



Fakkii 3.13 (a) sangaa osoo hin
gabbifamin dura



(b) sangaa erga
gabbifameen booda

Bineeldootni gabbifamuuf filataman yeroo baay'ee sangaa, hoolaa, re'ee fi kkf kan manatti dhalatan ykn kan gabaa naannoo irra bitaman ta'uu danda'u. Beeladoota yeroo furdisnu, waay'ee

sanyii beeladicha, saala, bilchina fi umrii isaani itti yaaduun barbaachisaa dha. Sababni isaa akaakuun beeladoota garagaagaraa adeemsa furdisaa garaagaraa waan barbaadanif dha. Sanyiin beeladoonni tokko tokkoo sanyii beeladoota kan biroo caalaa furdatu.

Muxannoon horii furdisuu Itiyoophiyaa mala furdisaa bakka gurguddaa saditti qoodamu of keessaa qaba.

1. **Mala furdisaa beelada kan aadaa:** mala kanaa keessatti qonnaan bulaan yeroo baay'ee qotiyyoo kan gurgutaaf dhiyeessu, erga yeroon qonnaa darbee booda yeroo qaamni isaani huqqataa ta'ee fi sababa dullummaan googinsa dandamachuu yeroo dadhabani dha. Haala kana keessatti sooranni isaani inni guddaan margaa fi midhaan garaa garaati.
2. **Mala soorata beelada midhaan garaa garaa irraa qophaa'ee soruun furdisuu:** Mala kana keessatti nyaata kan akka boqolloo, shumburaa fi gosa soorata adda addaa sooru dha. Beeladoonni mala kanaan furdatan muraasaaf nyaata beelada gosa baay'ee keennun ta'uu danda'a. Kunis baay'ee sooruu/feed lots/ jeedhama.

3. Mala Gabbisa Beelada Harargee:

Gocha 9

Naannoo keessanitti gosootni nyaata beelada furdisuuf oolan beekamoon maal fa'i?

3.3.2 Bakka Horsisa Beeladoota filachuu

Sooranni beeladoota furdisuuf oolu naannootti yoo argamee bu'aa qabeessummaa guddaa argamsisa. Kunis gosoota nyaataa beeladoota kan akka qaarmii fi galabaa ruuzii, meejoo boqolloo, meejoo shonkoraa fi kkf iddoo tokkootti kuufamni qophaa'u qabu. Dhiyeessin margaa haala gahaa ta'een waggaa gutuu keennamuufi qaba.

3.3.3. Bakka Jireenya Beeladoota

Mooraa keessatti haala gaarin mana jireenya isaani ijaaruuni fi meeshaalee barbaachisoo ta'an qopheessuun beeladoota haala milkaa'a ta,een bu'aa irraa akka argamu taasisa. Beeladoonni ho'a baay'ee ol ka'aa ykn gadi bu'aa irraa eegamuu qabu. Gaaddisni beeladoota baay'ee barbaachisaa dha.

3.3.4. Ulaagaalee Beeladootaa furdatan filachuuf barbaachisoo ta'an

Galii olaanaa beeladoota gabbisuu irraa argamu mirkaneessuf wantootni armaan gadii xiyyeeffannoo keessa galu qabu.

- ✓ **Umrii beeladoota:** beeladootni ga'eeyyin walitti fufinsaan sooramu barbaadu. Sooranni kuni kan keennamuf ijaarsa qaama isaanif, guddinaafi gabbina isaanitif. Beeladoonni dulloman immoo yeroo gabaabaa keessatti gabbatu. Umriin filatamaan beeladoota gabbisuuf waggaa lama hanga sadiiti.
- ✓ **Saala beeladoota:** sangaan tuumame kannin hin tumamne fi goroomsa irraa foonif filatamaa dha. Sababni isaas umamaan ulfaatina guddaa waan qabanif, saffisaan waan guddatanif fi to'achuuf salphaa waan ta'anif.
- ✓ **Amala beeladoota:** Bineeldootni amala tasgabbaa'aa qabanifi haala salphaan kan to'ataman, dafani guddachuu fi furdatachuu kan danda'ani dha. Karaa biraatin immoo beeladootni hin tasgabbofne fi jeeqamoo ta'an human baay'ee qisaasessu.
- ✓ **Ciminafi ijaarsa qaama:** Amli kun guddinaafi hanga qaamoolee beeladoota gabbifamanii agarsiisa. Ciminafi ijaarsa qaama gaariin danddeettii nyaataa guddaa, fedhii nyaataa guddaa, onnee guddaa, laffee ribuu gurguddafi salphaatti dhifamu qabaachuu fi kkf of keessaatti qabata.
- ✓ **Sanyii beeladoota:** sanyiin beeladoota foyya'aan kanneen naannawaatti horsifaman caalaa soorata xiqqaadhaan ulfaatinni qaama isaani saffisaan dabala.

osoo beeladoota furdisuu hin eegalin beeladoota gosa horii furdisuuf filannu beekuun bakka irraa dhufe salphaatti addaan baafachuu fi gosa loowwani kanneen furdachaa jiran dabaluuf baay'ee nu gargaara.

Soorata fi Gosa Soorata:

Sooratni salphaan bineeldoota gabbisuuf gargaaru maali? Beeladoota baay'eedhaaf garbuun nyaata isa beekamaadha. Garuu midhaan akka qamadii, mishingaa, boqolloofi ajjaanfaas soorata beeladaaf oolani dha. Ajjaan kophaa isaa akka nyaata beeladootatti hin oolu. Garuu yeroo baay'ee soorata kanneen biro waliin beeladootaaf keenama. hookaa ykn margi haamame wal nyaate

(silage) akka googinsa garaa isaani balleessuun sooranni mar'imaan keessa ariitiin akka socho'u taasisa.

Gosootni nyaataa gurguddoo lamatu jiru. Isaanis nyaata midhaani(grains) fi nyaata dirqooshi ykn marga haamame(roughage). Raafejiin yeroo baay'ee seluuloosiin(fiber) badhaadha dha. Nyaatni midhaani(grains) immoo yeroo baay'ee kaarboohaaydireetii fi pirootinii guddaa of keessa qaba.

- **Hookaa /hay/:** Soorata beeladoota kan haamamee googsamee dha. Hokaan nyaata madda niyuutrenti yeroo boonaa isa jalqabaati.
- **Marga haamame wal nyaate(silage):** kuni marga jidhina guddaa qabuu kan adeemsa farmanteeshini to'atamaa ta'een kan qophaa'u dha.
- **Vaayitaaminoota fi albuudoota:** sooranni bineeldoota soorudhaaf qophaa'u vitaaminootaa fi albuudootaa barbaachisoo ta'an qabaachuu qaba. Sooratni beeladoota nyaata madaalawaa ta'uudhaaf, Vaayitaaminoota fi albuudoota midhaan gosa garaa garaa beeladootni sooratanittii dabaluudhaani.
- **Bu'aalee soorata beeladoota (By product feeds):** Bu'aalee soorata beeladoota mala aadaatin qophaa'ani gara oomisha haarawatti geeddaraman akaakuwwan heeddutu jiru. Bu'aaleen soorataa kun yeroo baay'ee burqaa niyutireenti dinagdawaa dha.

Gocha 10

Naannoo keessanitti beeladootni gabbisaaf oolan mala akkamin filatamu? Deebii keessan barsisaa keessanif ibsaa.

3.4. Horsiisa Lukkuu:

Gaaffi xinxalaa

Gochaalee hanqaaquu irraa wicii yaasisuuf hordofuu qabnu tarreessaa

3.4.1. Seensa

Handaaqqoon bal'inaan facaa'ani kan jirani fi maatin baadiyyaa harka caalmaan andaaqqoo mataa issani kanqaban yoo ta'u, kanninis burqaa pirootinii fi galii dha.

Lukkuu horsisuun mala invastimentii isaa xiqqaa fi maatin baadiyyaa haala salphaan irraa bobba'u danda'u dha.

Foon looni, booyyee fi qurxuummii dabalatee oomishni lukkuu madda pirootiinii isa guddaa dha. Lukkuun dhala namaa waliin walitti hidhatiinsa jireenya cimaa qabu. Horsinsi lukkuu sadarkaa xiqqaan feedhii maati nyaata beeladaa irraa barbaadamu argachuu ni dandeessisa. Maatidhaaf galii argamsisuun kaayyoo is duraa oomisha lukkuuti. Oomisni hanqaaquu yoo xiqqaatellee madda galii dhaabbataa yommuu ta'uu, gurgurtaan handaaqqoo immoo akka barbaadameetti madda galii ta'uu danda'a(fakkii 3.14 armaan gadii ilaali)

Maati magaalaa, baadiyyaa fi gariin magaalaa Itoophiyaa keessatti, Oomishni lukkuu madda galii isa barbaachisaa fi beekamaa dha. Oomishni lukkuu hiyyummaa hir'isuu, madda nyaataa fi wabii nyaataa mirkaneessu keessatti gahee guddaa taphata.



Fakkii 3.14 Lukkuu Gabaadhaaf dhiyaatan

Gocha 11

Oomisha lukkuu naanoo keessanitti argamuu daaw'achuun, gochaalee oomisha lukkuuf barbaachisan tarreessun barsisaa keessanitti agrsisaa.

3.4.2. Gosoota Horsiisa lukkuu:

Biyyoota guddataa jirani fi Afrikaa dabalatee keessumaa Itoophiyaa keessatti maloota oomisha lukkuu afurtuu jiru. Isaanis:

1. Mala bilisaan gadhisani horsisuu

Mala kana keessatti lukkuun bakka tokkootti hin eegaman, akkasumas bakka hedduu gahuudhaan nyaata isaani brbaadatu. Bakki jireenya xiqqoon ijaaramuufii danda'a. Garuu itti fayyadamuu ykn itti fayyadamu dhisuu danda'u. lukkuleen bakkee turu, keessuma dirree fi bosoonu turu fi bulu danda'u.



Fakkii 3.15 Mala bilisaan gadhisani horsisuu

2. Naannoo mana jireenyaatti mana lukkuu bulan ijaaruu:

Lukkuuleen guyyaa guyyaa bilisaan dirree irraa gadhifamudhaan yommuu oolan halkan immoo manatti galu. Yeroo bay,ee ganamaa fi galgala midhaantuu laatamaaf(fakkii 3.16 armaan gadii ilaali)



Fakkii 3.16 Naannoo mana jireenyaatti iddoo jireenyaa xiqqaa ijaaruu

3. Mala lukkulee mana dallaa qabu keessatti horsisuu:

Malli kun lukkuu maloota lamaanun (mana keessaa fi alatti) kununsuu of keessaa qaba. Mala kana keessatti lukkuun mana iddoo jireenyaa dallaa qabu keessatti eegamu(fakkii 3.17 armaan gadii ilaali). Gochi kunis magaalaa, gariin magaalaa fi baadiyyaa keessatti hojirra oola.



Fakkii 3.17 hoorsisa lukkuu naannoo gariin magaalaa keessatti

4. Mala hoorsisa lukkuu mana keessatti:

Malli kun hojii irra kan oolu intarpiraayizii daldalaa sadarkaa gidduu-galeessaa hanga guddaatti ta'ee sadarkaa maatitti illee kan adeemsifamu dha. Lukkuuleen yeroo mara mana keessaa ykn shiboo keessaa oolu (fakkii 3.17 armaan gadii ilaali). Mala kana keessatti baasiin lukkuu horsiisuuf barbaachisu guddaa yommuu ta'u, lukkuwwan waantoota barbaachisan hundumaan abbaa qabeenyaa irratti hirkatu.



Fakkii 3.18. Horsiisa lukkuu mana keessa

Gocha 12

Garaagarummaan mala lukkuu horsiisuu arfanuu gidduu jiru maali? Deebii kee barsiisaa keessaniif kennii.

Mala lukkuu aadaadhaan horsiisuu, mala meeshaalee naannootti argaman fayyadamnuun hosiisuuf mijataa ta'eedha. Lukkuu horsiisuun oomisha pirootinii fi galii maatii qonnaan bulaa daballuu keessatti ga'ee guddaa qaba. Kunis sababiin isaa yeroo gabaabaa keessaatti waan gahaniif, aritiin waan wl-horaniif, bu'aalee isaanii raabsuun salphaa waan ta'eef, bu'aaleen isaanii gatiin isaanii gadi bu'aa waan ta'eef ariitiin kan gurguraman ta'uu ,

safuu amantii wajjin waltti hidhatiinsa dhabuufi horsiisaa beeladaafi omisha midhaanii wajjin wal- faana kan adeemu danda’u ta’uu isati.

3.4.3. Ulaagaalee filannoo lukkuu

Lukkuulee horsiisuuf filachuuf ulaagaalee hordofuu qabnu akka armaan gadiitti kennamee jira.

1. Dandeettii yaasisuu garii ta’e qabaachuu: lukkuu amala hanqaaquu hammatanii yaasisuu gaarii qabdu filachuu.

2. Amala haadhummaa: dandeettii lukkuu wicii ishee fi ofii ishee adamsituu irraa eeguu ykn dhossuu dandeessuuti.

3. Safisa guddinaa ol-aanaa: Lukkuu saffisaan guddatan filachuun tursuufi warren guddinna gadi aanaa agarsiisaniifi baayyee gagabaaboo anbisuuakkasumas lukkuwwan kanneen dafanii wal – hormaataaf hin geenye hanbisuudha.

4. Hanqaaquu yaasisuuf filachuu: hanqaaquu amma giddu galeessaa, haguuggii/qola gaarii kan qabu(cabaafi boca sirrii kan hin qabne kan hin taane) fi boca gaarii kan qabu(gara gadii bal’aafi gara olii qara) kan ta’e.

5. Wicii ya’an: Haala qaamaa gaarii, miilaafi ija isaanii irraa miidhamni kan hin jirrefi haala gaariin kan nyaataniifi kan dhugan ta’uu qabu.

6.Dandamannaa dhukkubaa: lukkuu danddeettini dandamannaa dhukkubaa isaanii guddaa ta’e qaban filachuudha. Kana jechuunis sanyii lukkuuwwaanii dhukkuba irraa afan filachuudhaan ta’a.

3.4.4. Madda soorataa

Amma oomisha anqaaquufi soorata lukkuuf dhiyatuu gidduu walitti dhufeenya ifaa ta’etu jira. Sooranni lukkuuf kennamu kunis, baayinaan haftee yeroo manatti nyaanni qophaa’u argamuufi induustirii qonnaatiin kan qophaa’uudha.

Maddi soorataa lukkuu kan inni of keessatti qabatu:

- Haftee yeroo nyaanni mana keessaatti bilchaatu hafan.
- Midhaaniifi bu’alee midhaanii
- Hiddaafi tuuberii
- Midhaan zayitaa
- Mukaafi saaxoo
- Pirootinii beeladootaafi
- Nyaata gurgurtaaf dhiyaatudha.

Gocha 13

Gosoota nyaataa naannoo keessanitti lukkuuf kennaman tarreessi.

3.4.5. To’annoo waliigalaa

1. Mana jireeyaa:

Maatin baadiyyaa tokko tokkoo muraasni lukkulee isaani akka jala hin haatanneef mana ittin jiraatan keessatti siree isaani jala dabalatee akka jiraatan taasisu. Ulaagaaleen mana lukkuulee ijaaruf barbaachisaa ta’an muraasni:

- Iddoo ijaarsa
- Hafarsaa (ventilation)
- Ifa aduu
- Eguumsa(haala qillensaa hin mijannee fi adamsitu irraa)

2. Hammachuu fi yaasuu:

Gaafi xinxalaa

Isinif buphaa lukkuu hammachuu jechuun maali?

A. Hammachuu Umamamaa(Natural Incubation):

Lukkuun hammachuu umamaadhaaf filamte tokkoo guddoo fi kan hanqaaquu hunda ho'iste tursisuu dandeessu, fayyaa buleetti fi talaalli barbaachisaa ta'e kan fudhatte, amala yaasisuu fi amala haadhummaa gaarii kan qabdu ta'uu qabdi. Hanqaaquun yeroo baay'ee lukkuun kormaa fi dhaltuu erga wal qunnamani guyyaa afur booda gabbata.

Soorataa fi bishaan barbaachisuu naannoo bakka lukkuun hanqaaquu hammattee jirtutti dhiyeessuufiin lukkuun hanqaaquu dhistee kaatee hanqaaqichi dilalla'uurrann kan ka'e micireen akka bannee fi lukkuun akka haala gaarii irra turtuu gochuudhaaf gargaara. Naannoo baay'ee gogaa ta'ee keessatti biyyee jidhiina muraasa qabu bakka turti isaani jala kaa'udhaan lukkuun akka jidhiina(parsantii 60 fi 80 gidduu) barbaachisuu argattuu gochuuf gargaara.

B. Hammachuu Nam-tolchee(Artificial Incubation):

Meeshaaleen hammachisuuf gargaaran (incubators) dandeettii yaasisuu addaa addaa kan qaban gosa garaagaraa hammachuu nam-tolchee keessatti gargaaramnaa. Baay'een isaani ho'isuudhaaf elektiriikii yeroo gargaaraman, muraasni isaani immoo gaazii fi keeroosiinii gargaaramuun. Hundi isaani meeshaa iswiichii termostaatikaa(thermostatic switching device) kan tempireechara dhaabbataa garaagarummaa digrii selishiyeesii tokkoo(1°C) gidduutti eeguu qabu.

Gocha 14

Garaagarummaan hammachuu nam-tolchee fi kan umamaa gidduu jiru maali?

3.4.6. Fayyummaa lukkuu horsifamani:

Dhukkuboonni daddarboon, rakkoo guddaa lukkuu horsisuu muudatani, kan meeshaalee faalamanin ykn lukkuulee dhukkubsatan gara iddoo horsiisa lukkuu seenanidhaani. Kanaaf, horsistoonni lukkuu wicii bakka gurgurtaa lukkuu fayyaa(live birds), bakka hayyama hin qabne ykn bakka hin beekamne, keessumaa yeroo dhukkuboonni daddarboon jiraatan bitachuu hin qaban. Yeroo lukkuuleen bitataman ykn burqaa alaa irraa keenraadhaan argaman, torban lamaaf lukkuulee jiran waliin osoo walitti hin makamin dura kophaatti iddoo addaa keessatti tursisuun mallattoo dhukkubaa adda ta'e agarsisuu fi agarsisuu dhabuu isaani hordofuu qabna.

Dhukkuboonni daddarboo ta'an kunniin rakkoo cimaa yeroo madaqsuu mudatan ta'ani, kan yeroo baay'ee guyyaa tokkoof illee haa ta'uu lakkoofsa lukkuu dabaluuf taasifamu, walittii daddarbiinsa dhukkubaa dabaluu kan danda'uudha.

Iddoo lukkuuleen itti horsifaman qilleensi gahaan yoo hin seennee xuriin(udaan) isaani yuuriyaa waan qabuuf gara amooniyaatti jijjiiramuun ammi amooniyaa akkaa manicha keessatti ol ka'u godha. Kun immoo lukkuu rakkinoota garaa garaaf akka hargansuu dhadhabuu, axxiffachuu, ijaa isaanii keessaa bishaan ya'uu, afaan isaanii keessaa dhangala'aa furdaan bahuuf isaan saaxila. Kanaaf qilleensa galchuun rakkooolee kana ni hambisa.

Gocha 15

Horsiisa lukkuu naannoo keessan jiru ilaaluun, dhukkubootaa beekamoo lukkuwwan midhuu danda'an eenyufaa faa akka ta'ani fi akkamiin akka yaalan gaafadhu.

3.4.7. Dhukuboota lukkuuwanii Beekamoo

Dhukubootni beekamoon lukkuu miidhan, daddarboo kan ta'an yookiin kan daddarboo hin taane, kan dhufan organiizimoota dhukkuba geessisaniin ykn hanqinaan haala tokkoon ta'uu danda'a. Dhukkubootni lukkuuwanii daddarboo beekamoon dhukkuboota vaayirasii, baakteeriyaa, fi paaraasaayitii fa'i. Dhukubootni lukkuuwanii daddarboo hin taane immoo hanqina nyaataa, summaa'uu fa'i.

3.4.8. To'annoo Dhukuboota Hoomaa Lukkuuwanii

Malli salphaan dhukkuboota vaayirasii hin taane (non- viral diseases) ittisuuf gargaaran bulchiinsaa fi soorata lukkuu foyyeessuu dha. Kunis kan inni of keessati hammatu qulqullina, haala mana jireenyaa, haala kunuunsa lukkuuwan ijoollee ta'anii fi haala sorataa isaaniiti. To'annoo fayyaa salphaan hoomaa lukkuu kunuunsuuf fudhatamuu qaban: talaallii yerootti kennuufii, maxantoota keessaaf daawwaa raammoo ajjeesu (deworming) laachuu fi maxantoota alaa immoo yaalii dhaan to'achuu fa'i.

Gocha 16

Bakka horsiisa lukkuu naannoo kee jiru daawwachuun, dhukkubootaa lukkuufi akkaataa to'annaa isaanii gaafachuun barsiisaa keetiif gaabaasi.

3.5. Horsiiisaa kannisaa

Gaafi xinxalaa

Bu'aaleen oomisha dammaa irraa argaman maal fa'i?

Deebii keessan barsisaa keessanitti agarsiisaa. Horsiiisaa kannisaa (Apicultere) gocha to'annoo kannisa dammaa gaagura isaanii keessatti taasifamu kan polooneshiniin geggeessuufi, dammaa fi bu'aalee biroo kan akka gagaa,

nadhii dammaa fi happee kanniisaa(propoils) oomishuuf geggeeffamuudha. Dabalataanis, kanniisa fi mooti kanniisa oomishuun illee bu'aa kan biraa horsiisa kanniisaati. Kannisni dammaa ilbisoota gamtaati. Kanaaf gamtaan hojjachuun miseensi gurmoo keessaa hundi waliin jiraachuu isaanii mirkaneessu. Dalagaa isaanii irraatti hundaa'uun kanniisni dammaa bakka sadiitti qoodamu(Fakkii 3.19 armaan gadii ilaali). Isaanis: Mootii kanniisa, kanniisa dalagduu fi kanniisa kormaa.

Dalagduu



Mootii



Kormaa



Fakkii 3.19 Gosoota kannisaa

1. Kanniisa mootii(queen)

Gurmoo kanniisaa tokkoo keessaa mootii kanniisaa tokko qofatu jira. Isheen haadha kannisoota gaagura keessatti. Faayidaan ishees hanqaaquu gara kanniisaatti guddatu buusuu/ hanqaaquudha. Waggaa keessaa yeroo tokko tokkoo guyyaatti hanqaaquu 1000 hanqaaquu dandeessi.

2. Kanniisa kormaa(Drone)

Hojiin kanniisa kormaa, motii kanniisaa wajjin wal quunnamuudha. Yeroo nyaatni gahaan jiru gaagura tokkoo keessa kanniisa kormaa naannoo gara 500 jiraachuu danda'u. Yeroo waqtii googiinsaa/bonaa gaagura keessaa gara bakkeetti ari'amu.

3. Kanniisa Dalagduu(worker bee)

Kanniisa dhaltuun gosa kannisaa kan hanqaaquu buusuu hin dandeenyee dha. Hojii gaagura keessaa hunda kan hojjetu isheedha. Gurmuu gaagura tokkoo keessaa yeroo waqtii dammi baafamu kanniisa dalagduu 40,000 kan ta'an jiraachuu danda'u.

Gocha 17

Ilma namaaf bu'aan kannisaa horsiisuu qabu ibsaa.

3.5.1. Horsiisa Kanniisaa Eegaluuf Tartiiiboota Barbaachisan

- 1) Bakka horsiisa kanniisaa bu'uureessuu.
- 2) Gurmuu kanniisaa dammaa.
- 3) Meeshaalee horsiisa kanniisaa bu'uureessuf barbaachisan.
- 4) Bakka horsiisa kanniisaa qulqulluu fi dallaa qabu.

1. Bakka horsiisa kanniisaa bu'uureessuu(Site Selection)

Bu'aa qabeessummaan horsiisa kanniisaa, bulchiinsa kanniisaa gaarii ta'ee hordofuu fi bakka horsiisa kannisaa mijaawaa ta'e filachuu irratti hunda'a. Iddoo horsiisa kanniisaa gaarii ta'e filachuun horsiisa kanniisaa itti fufiinsaa qabu argachuu fi yeroo, annisaa fi baasii qusachuuf gargaara. Bakka horsiisa kanniisaa filachuun yeroo baay'ee kan inni of keessatti qabatu fedhii kannisootaa fi eddoo irratti horsiisuuf argame/filame wal madaalchisuudha (Fakkii 3.20 armaan gadii ilaali).



(A) Gaagura aadaa



(B) Gaagura ammayyaa

Fakkii 3.20 : Bakka horsiisa kanniisaa

Gocha 18

Namoota naannoo keessanitti kanniisa hoorsiisan ykn maatii keessan akkaataa itti dammi oomishamu gaafachuun gabaasa isaa barsisaa keessaniif gabaasaa.

3.5.2. Meshaalee horsiisa kannisaaf barbaachisan

Meshaalee horsiisa kannisaa, wantoota/meeshaalee kanniisa kunuunsuu fi damma oomishuuf gargaaraniidha. Gaagura malee meeshaaleen kunuunsa kanniisaaf gargaaran baayyeetu jiru. Namni tokko kanniisa haala gaariin hoorsiisuuf akka kanniis hin hiddinef/ ciniinnef of eegannoo gochuutu qaba. Ufannaan ittisaa namni kanniisa kunuunsu ufatu kanniisni akka hin hiddineef irraa dhowwa. Meeshaaleen haara gadi dhiisan amma tokko kanniisa ittisuun ciniinnaa hirrisu danda'u. Meeshaalee kunis namni kanniisa hoorsiisu akka gara gaguraati ol yaabu dndeesisuu (Gabatee 3.2 armaan gadii ilaali).

Gabatee 3.2: Meeshaalee horsiisa kanniisaaf barbaachisa

Meeshaalee	Fakkii
Golga mataa(Veil)	
Ufata	
Aarsituu(Smoker)	
Biiftuu(Sprayer)	
Bantuu gaaguraa(Hive tool)	
Gingilchaa dhowwituu(Quen excluder)	
Baaftuu Dammaa(Honey extractor)	
Dhiibduu dammaa(Honey presser)	

Baaftuu gaggaawax extractor)	
Gingilchaa dammaa(Honey sieve)	
Fallaana bantuu(Uncapping fork)	

Gocha 19

Naannoo keessaanitti meeshalee kanniisa horsiisuuf itti fayyadaman tarreessuun barsiisaa keessanitti agarsiisaa.

3.5.3.To'annoo gaagura kannisaa

To'annoon gaaguraa gaari kan eegalu bakka gaarii gaagura itti hiinu ykn keenyu filachuudhaani. Yoo bakka sirrii hin taane filanne namootaa fi binensoota ciniinuu danda'u. Yoo bakka amansiisaa hin taane,dammaa fi gaagurrii hatamuu danda'a.

Gochaaleen iddoo gaagura keenyu/ hiinu filachuuf barbaachisan akka armaan gadiitti ibsamani jiru.

- Bakki filame dhiyoo fi guyyaa guyyaan gaagura **to'achuuf** kan mijawaa ta'e ta'uu qaba.
- Kanniisni nama waan lolaniif, dallaa itti ijaaruun namaa fi binensoota irraa addaan baasuun barbaachisaadha. Kanaaf, gaagurri bakka namootni fi bineldootni oolan irraa, daandiifi bakka uummatni walitti qabamu irraa fagaachuu qaba.

- Gaagurrii aduu cimaa kallattin itti ba’u irraa eegamuu qaba. Yeroo guyyaa baay’ee ho’u gaaddideeffamuu qaba. Garuu, ganama ganama aduu argachuu qaba. Yoo kan gaaddisni naannoo sana hin jiru ta’e harka namaan ijaaramuu qaba.
- Gaagurrii bubbee cimaa kallattin akka hin argannee eegamuufi qilleensi gariin akka keessaa deddeebi’u gochuu.
- Bakka bishaan qulqulluun dhiyoo argamutti hidhamuu ykn kaa’amuu qaba. Innis, bishaan yaa’u, bishaan ciisaa ykn bishaan boonbaa cobuu (dripping tap) ta’uu danda’a.
- Gaagura mana kanniisaa keessa kaa’uun, hattuun akka damma hin hatne gochuuf gaaridha. Garuu qaawwaa karaa qilleensi alaafi keessaa gaaguraatti kannisaaf galu qabaachuu qaba.
- Kanniisni bakka aarrii fi abiddi hin jirree akkasumas, naannoo isaanii wajjin walii galee jiraatu barbaadu.

Haalota armaan gadii yaada keessa galchuun bakka mijaawaa gaagura keessuu/ hiitu filadhu.

- ✓ Kallattii aduun baatuufi seentu adda baafachuu.
- ✓ Kallattii bubbee addaa baafachuu.
- ✓ Iddoo jireenya namaa irraa fagoo kan ta’e ta’uu qaba
- ✓ Faalama qilleensaafi bishaan irraa bilisaa kan ta’e ta’uu qaba .
- ✓ Dhukkuboota kanniisaa irraa bilisa kan ta’e ta’uu qaba
- ✓ Dhiyeessi maddaa bishaan qulqulluu qabaachuu qaba.
- ✓ Bakkichi banaafi naannoo gogaatti gaaddisa qabaachuu qaba.
- ✓ Mala bubbee cabsuu (wind break) uumamaafi kan aadaa kan qabu.

- ✓ Naannoo biqiltootaan badhaadhe, kan kanniisni irraa damma tolchani, ta'uu qaba.

Gocha 20

Bakka mijaawaa filachuun horsiisa kanniisaa keessatti maalif barbaachisa?
Deebii kee barsiisaa keetif agarsiisi.

Cuunfaa Boqonichaa 3

Biyyoota guddataa jiran, kan akka Itoophiyaa keessaatti qonnaan amala jireenyaa fi carraa hojii uumuu keessaatti gahee guddaa taphata. Hojiiwwan qonnaa keessaa qorannoo horsiisa biqilootaa manduubee (Horticulture) seekitera carraa hojii uuman keessaa isa tokkoo. Garuu sekiterrii kun amma arraatti sirriitti hojii irraa kan hin oollee fi humni ga'aan irratti hin bobbaanedha. Qorannoo horsiisa biqilootaa manduubee (Horticulture) saayinsii ykn aartii abaaboo, kuduraafi muduraa, firii biqiloota akkasumas biqiloota xixiqqoo keessumaa manduubeetti guddisuuf gargaaramnuudha. Hortiikaalcheriin dame qonnaa kan biqiloota manduubeetti guddisuu guddisuu ilaalatuudha.

Akka qaamaa hortikaalchariitti, manduubeetti biqiltuu guddisuun (Gardening) gochaalee biqiloota guddisuufi horsiisuuf geggeeffaman hunda of keessatti qabata. Innis, lafa irratti biqiloota guddatan qoheessuufi kununsuun biqiloota akka abaaboo, mi'eessitootaa fi kuduraalee irratti guddisuu hammata.

Manduubee gosoota baay'eetu jiru. Isaan keessa manduubee bekamoon lamaan, manduubee kuduraalee fi manduubee kontenaraati. Dalagaa guddaan nama biqiltuu kununsuu manduubee kununsuu fi oomisha sassaabuudha.

Oomishni annanii fi bu'aawwan isaa(Dairy) intarpiraayizii bizinasii ta'ee kan oomisha annani fi bu'aa isaa irratti hundaa'e itti fayyadama dhala namaaf kan dhiyeessudha. Innis irra caalaatti kan oomishamu loowwan irraa yommuu ta'u dabalataanis annan re'ee, hoolaa fi gaalaa ta'uu danda'a. Malootni annan elmuuf fayyadan beekamoo lamatu jira. Isaanis, harkaan annan elmuufi maashinaan elmuu dha.

Oomishtootni annani ammayyaa irratti hirmaatan hedduun bineeldoota umri isaani, fedha nyaata isaani, sadarkaa walhormaataa isaani fi hanga oomisha annani isaan keennan irratti hundaa'udhaan garee bulchinsa adda addaatti

qodu. Yoo haala gaarin too'atame koosiin beeladoota annani fi beeladoota kan biroo irraa argamu sababa niyutrantii biyyee gabbisuu gahaa waan qabuuf akka xaa'oo gaaritti biqiloota guddisuuf fayyada.

Muxannoon horii furdisuu Itiyoophiyaa mala furdisaa bakka gurguddaa saditti qoodamu of keessaa qaba. Isaanis, 1. Mala furdisaa beelada kan aadaa, 2. mala soorata beelada midhaan garaa garaa irraa qophaa'ee soruun furdisuu 3.mala gabbisa beelada harargee. Fedhiin foonii waan dabalaa deemaa jiruuf, sekiteriin biizinezii kun bu'a qabeessaa. Maati magaalaa, baadiyyaa fi gariin magaalaa Itoophiyaa keessatti, Oomishni lukkuu madda gali isa barbaachisaa fi beekamaa dha. Oomishni lukkuu hiyyummaa hir'isuu, madda nyaataa fi wabii nyaataa mirkaneessu keessatti gahee guddaa taphata.Lukkuu bakka xiqootti horsiisun galii garii irraa argachuun ni danda'ama.

Horsiisaa kannisaa(Apicultere) gocha to'annoo kanniisa dammaa gaagura isaanii keessatti taasifamu kan polineeshinii fi gaggeessuufi, dammaafi bu'aalee biroo kan akka gagaa, nadhii dammaa fi haphee kanniisaa(propoils) buullaa daraaraa oomishuuf geggeeffamuudha. Dalagaa isaanii irraatti hundaa'uun kanniisni dammaa bakka sadiitti qoodamu. Isaanis: Mootii kanniisa, kanniisa dalagduufi kanniisa kormaa faadha.

Danddeettii gonfattee irratti hundaa’uun, tarii biizinesii xixiqqaa jalqabuuf fedha agarsiisuu dandeessa. Yeroo kana, odeeffannoo armaan gaditti kennaman yaada keessaa galchi.

Odeeffannoo barbaachisoo biizinasii xixiqqaa jalqabuuf gargaaran:

1. Oomishni ykn tajaajilli ati kennuu barbaaddu maamila keef bu’aa kan qabu ta’uu qaba.

Oomisha ykn tajaajila kennuu barbaaddu kan bitatu jiraachuu isaa adda baafadhu

akkasumas, maamilaa wajjin walitti dhufeenya gaari uumi.

2. Biizinasii hojjachuuf iddoo gaarii filadhu. Bakki ati filatte bakka maamilaafi oomisha ykn tajaajila kee dhiyeessuuf mijataa ta’ee ta’u mirkaneeffadhu.
3. Oomisha ykn tajaajila kee kennuuf meeshaa, maallaqaafi humna namaa barbaachisu beekuu. Fakkeenyaaf, hojjataa, gaagura kanniisaa, maashina rifeensa mataa muru, maqasii, meeshaalee manduubeetti biqiltoota guddisuuf gargaaran, sanyii, lafa, meeshaa hodhaa, kirrii, maallaqaafi wantoota barbaachisan.
4. Akkaataa itti oomisha ykn tajaajila kee maamiltoota keef raabsitu xiinxali. Oomisha ykn tajaajila kee ofii keef ykn namoota biraan mala geejjiba naannootti fayyadaman gargaaramuun raabsi.
5. Gochaalee garaagaraa oomishaafi gurgurtaa waantootaafi tajaajila kan akka horsiisa kanniisaa fi fkkf gaggeessuuf barbaachisan beekuu. Wanta boqonnaa kana keessatti barattee irraatti hundaa’uun.
6. Gatii kan baasii kee cufuu fi galii siif argamsisu keenni.
7. Galii kee galmeessi (I) galiifi baasii(C)biizinasii hojjechuuf wantoota garaa garaa bituuf, bizinasiin kee bu’a qabeessa ta’u isaa beekuuf qaraxaafi baasii kee waliin madaali(P). hubadhu, bu’aanbaasiti wal-qixa galii hirrisuu($P=I - C$). Yoo galiin baasii gadi ta’e, kun kisaaraadha, yoo galiin baasii gadi ta’e , kun bu’a qabeessa.

Gaafii xumura baqonnaa 3

I. Gaaffilee armaan gadiitiif hima sirrii yoo ta'an "Dhugaa" yoo hin taane immoo "Soba" jechuun deebisi.

1. Horsiisa lukkuu iskeelii xiqqaa keessatti hirmaachuun , maatiidhaaf fedhii soorata bineeldoota ni guuta.
2. Mala bilisaan gadhisani lukkuu horsisuu keessatti, lukkuun bakka tokkootti hin eegaman, akkasumas bakka hedduu gahuudhaan nyaata isaani babaadatu.
3. Hammaafi oomishtummaan naannoo tokko keessatti geggeeffamuu baay'inaa uummataa keessa jiraatanii fi nyaata madaalamaa argachuu irratti hunda'a.
4. Lukkuwwan kan hin madaqifamne yoo ta'an, hanqaaquu bakka garaagaraatti buusu, mukarra bulu akkasumas nyaataa barbaachaaf yeroo isaanii baayyee qisaasessu.
5. Dhukkuboonni vaayirasii, dhukkuboota baakteeriyaa beekamoo lukkuu miidhaniidha.
6. Kanniisni kormaan abbaa gaagura kannisaati.
7. To'annoon gaaguraa gaariin gaagura kaa'uuf yookin fannisuuf bakka gaarii filachhuu irraa eegala.

II. gaaffilee armaan gadiitti kennamaniif deebii sirrii barreessi.

1. Meshaaalee barbaachisoo manduubeedhaf itti fayyadamnu tarreessi.
2. Garaagarummaan biqiloota manduubee lafa irratti, siree irrattifi konteenara irraatti gudisuu gidduu jiru maali?

3. Ilbiisota midhaan miidhaniifi dhukkuboota biqiloota hortikaalcharii tarreessi.
4. Kaayyoo oomishamaniif irratti hundaa'uun gosoota saawwanii maal fa'i? ibsi.
5. Karaaleen daddarbiinsa dhukkuboota beeladootaa maal fa'i?
6. Beelladoota gabbatan filachuuf wantoonnii/haalonna murteessoo ta'an tarreessi.

III. Gaafilee armaan gaditti keennaman qubee deebii isa sirri qabate filachuun itti mari.

1. Biqiloota manduubeetti guddisuun kan of keessaatti qabatu:
 - A. Biqiloota horsiisuufi guddisuu
 - B. Biqiloota abaaboo isaaniif guddisuu
 - C. Biqiloota bareedina isaaniif guddisuu
 - D. Biqilootaa qorichummaafi dibataaf itti gargaaramuuf guddisuu
 - E. Hunduu deebiidha
2. Gosootni manduubee beekamoo lamaan maal fa'i?
 - A. Manduubee kuduraa
 - B. Manduubee konteenaraa
 - C. Manduubee qonnaa
 - D. A fi Bn deebiidha

3. _____n damee qonnaa yeroo dheeraadhaaf annani oomishuutti xiyyeeffateedha.
- A. Oomisha aananii
B. Loon
C. sa'a
D. Gabbisuu
4. _____n xannachoota annani irraa annan maddisisuun annan keenu dha.
- A. Hoosisuu
B. Oomisha aananii
C. Eelmuu
D. Hunduu deebii dha.
5. Kanneen armaan gadii keessaa faayidaa horsisa lukkuu kan ta'e kami?
- A. Hiyyummaa hir'isuu
B. Soorataaf ooluu
C. Wabii nyaataa mirkaneessuu
D. Hunduu deebiidha
6. Hoomaa kanniisaa tokkoo keessaa kanniisaa argaman kam fa'i?
- A. Kanniisa dalagduu
B. Kanniisa kormaa
C. Diroonii
D. Kanniisa mootii
E. Hunduu deebiidha.

BOQONNAA

4

4. CARRAA HOJII OFIIN UUMMACHUU

Kunuunsa rifeensa mataa, Kunuunsa qeensaa, Ho'aa fi Kemiikaalaan jarmoota to'achuu

Bu'aalee barannoo:

Xumura barnoota kanaan booda:

- Kunuunsa mataafi akkaataa rifeensa mataa sirreeffamu ni ibsu.
- Tooftaalee bu'uura rifeensa mataa dhiiraafi dubartootaa sirreessuuf gargaaran ni tarreessuu.
- Tooftaalee bu'uura risfeensa mataa dubartootaa qilleensaan gogsuuf barbaachisan addaan ni baasu.
- Gochaalee bu'uura barbaachisoo qeensaa fi harkaa kunuunsuuf fayyadan ni himu.
- Meeshaalee ho'aan (istiraalaayizeeshiinii) fi kemikaalaan (disinfection) jarmoota to'achuuf barbaachisan addaan ni baafatu.
- Akkaataa shaampoo, kondiishinaraafi qilleensaan gogsuu itti fayyadaman ni tarreessu.
- Gochaalee bu'uura gogaa kununsuuf taasifaman ni himu.

4.1. Kunuunsa Rifeensaa

Gaafilee xinxalaa

Rifeensa kunuunsuu jechuun isiniif maal jechuudha?
Rifeensa mataa keessanii kunuunsuuf maal gochuu qabdu?

Kunuunsa mataa jechuun qulqullinaa fi bareedina rifeensa mataa nama eeguu jechuudha. Innis kan of keessatti qabatu rifeensa mataa qulqulleessuu, yeroo ilaalan bareedaa akka ta’u gochuu, mala fi meeshaa garaa gara fayyadamuun hawwataa akkaa inni ta’u gochuudha. Kunuunsi rifeensaa, gosa rifeensa fi adeemsa addaa addaa rifeensa bareechuuf gargaaramnu irratti hundaa’uun garaa gara ta’uu danda’a. Rifeensi hundi wal- fakkaataa miti; kanaaf, rifeensi garaa garummaa dhala namaa gidduu jiru agarsiisa.

Kunuunsi rifeensa aadaa fi amala rifeensaa nama tokkoo irratti hundaa’uun garaa gara ta’a. Tajaajilli kunuunsa rifeensaa kan keennamu mana bareedina rifeensa mataa shamaranii (saalonii), mana rifeensa mataa dhiiraa sirreessan (saalonii) fi deeyi saapsii (bakka tajaajila kunuunsa kennamuun fayyummaa, bareedinaa fi gammachuu argaman) akkasumas, wantoota kunuunsa rifeensaaf barbaachisan gabaarra bitachuun manatti gargaaramuun ni danda’ama.

Kunuunsi rifeensa mataa carraa ogummaa isa tokkoo ta’ee galii argamsiisuufi maatii hutubuuf kan gargaaruudha.

Gocha 1

Naannoo keeti namootni mataa sirreessan jiruu? Yoo jiraatan, gochaalee isaan rifeensa mataa sirreessuuf gaggeessan barreessuun barsisaa keetitti agarsisi.

4.1.1. Haala sirreeffama rifeensa mataa dhiirrootaa

Rifeensa sirreessuu jechuun hojii rifeensa mataa sirreessuun akka inni hawwataa ta'u gochuu ykn adeemsa qulqulleessuu, boca rifeensa mataa miicuudhaan dabaluufi jijjiiruu, rifeensi akka dhaabatu gochuu, rifeensi akka lallaafu gochuu, maruufi muruu, qalama dibuun nama tokkoo bareedaa gochuuti. Fedhii maamilaa irratti hundaa'uun kan armaan olitti tarreeffaman muraasa ykn hunda isaanii gargaaramuun nama tokkoo bareechuun ni danda'aama. Kaayyoon isaas nama dhunfaa tokkoo haala isa gammachisuun akka inni bareedee hawwataa ta'u gochuudha. Akkaataa(Istaayiliin) rifeensa haala rifeensi ittin muramuufi bocuudha.

Fakkeenyaaf Itoophiyaa keessatti namootni garaa gara akkaataa adda addaan rifeensa mataa muratu (Fakkii 4.1 armaan gadii ilaali)



Fakkii 4.1: Akkaataa sirreeffama rifeensa mataa uummattoota Itoophiyaa muraasa

Mala sirreeffama rifeensa mataa kan jabanaa keessatti, namootni mataa sirreessan bifa garaa garaan qajeelchituu akkaataa (style guide) gargaaramuun rifeensa mataa sirreessu(Fakkii 4.2 armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.2: Qajeelchituu akkaataa sirreffama (Istaayilii) mataa dhiirrootaa

Gocha 2

Akkaataa sirreffama ykn istaayiloota rifeensa mataa dhiirrootaa Itoophiyaa keessatti muuraman tarreessuun deebii isaa barsisaa keessaniif dhiyeessaa.

Namootni mataa sirreessan tajaajila mataa sirreessuu sirriitti kennuuf mala (teekinikaa)fi qajeelfamoota(principles) bu'uuraa beekuu qabantu jiru. Namni rifeensa mataa sirreessu tokkoo bu'uura sirreefama rifeensa mataa dhiirrootaa beekuu qaba (maloota bu'uuraa arfan rifeensa mataa sirreessuuf gargaaran).

A) Mala bu'uuraa arfan rifeensa mataa sirreessuuf gargaaran

Mali kun kan gargaaramu maqasii lama, filaa maqasii, maashinii rifeensa mataa muru, haadduu maashinii ri'feensa mataa murufi filaa maashinii rifeensa mataa murufa'i.

1. Mala rifeensa mataa maqasii harka irraa kaa'uun muruu

Malli kun maqasii harka irra kaa'uun baqqaana rifeensaa dalgee ykn olee

baasuun muruun ta'a (Fakkii 4.3 armaan gadii ilaali). Istaayilii rifeensaa (hair style) akkaataa rifeensi itti muramuufi bocamuudha.



Fakkii 4.3: Mala rifeensa mataa maqasii harka irraa kaa'uun muruu

2. Mala rifeensa mataa maqasii filaa irraa kaa'uun muruu

Malli kun maqasii filaa irra kaa'uun baqqaana rifeensa dalgee ykn ole baasuun muruun ta'a. Mala kana kan fayyadamnu rifeensa xixiqqoo sirreessudhaaf, Akkasumas, qarqara rifeensa mataa bocuuf fayyada. Rifeensa mataa lallaafaa sirreesuuf malli kun gaariidha (Fakkii 4.4 armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.4: Mala rifeensa mataa muruu maqasii filaa irraa kaa'uun muruu

3. Mala rifeensa mataa maashinii rifeensa mataa filaa irraa kaa'uun muruu

Malli kun dandeettii bu'uura rifeensa mataa dhiiraa sirreessuuti. Innis, maashina rifeensa mataa muru gargaaramuun isaa irraa kan hafe mala rifeensa mataa maqasii filaa irraa kaa'uun muruu wajjin wal fakkaata. Mala rifeensa mataa maqasii filaa irraa kaa'uun muruu, rifeensi mataa akka lallaafaa fakkaatu yommuu taasisu, malli kun immoo akka rifeensi haadamaa fakkaatee mul'atu taasisa.


Namni mataa sirreessu maashinii mataa sirreessuufi filaa sirrii qaama mataa bakka sirreessaa jiru irratti hundaa'uun filata (Fakki 4.5 armaan gadii ilaali)



Fakkii 4.5: (a) Mala rifeensa mataa maashinii rifeensa mataa filaa irraa kaa'uun muruu (b) Rifeensa mataa maashiniin sirreessuu

4. Mala haadduun gogaa irraa rifeensa muruu

Malli kun yeroo baay,ee erga rifeensi sirreeffame booda sarara baasuufi xumurudhaaf fayyada. Kanas, kan gargaaramnu rifeensa mataa muramee haphate ykn gabaabbate haadduu maashinii ykn qabsiiftuu fayyadamuun haaduun ta'a. Akkasumas, malli kun naannoo/ qarqara rifeensa mataa sirreessuufi rifeensa saggoo irraa duuguuf (haaduuf) fayyada. Namootni rifeensa mataa sirreessan rifeensa karaa mataa fuula duraa gadi dheeratan kukutuufis itti fayyadamu. Dabalataanis rifeensa naannoo gurraatti sarara baasuuf ni fayyadu (fakkii 4.6 armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.6: Mala haadduun gogaa irraa rifeensa muruu

Gocha 3

Mana rifeensa mataa dhiirotaa sirreessaan naannoo keessaanitti argamu daawwachuun tartiiba isaan ittiin rifeensa sirreessan tarreessuun barsiisaa keessaniif gabaasaa.

4.1.1.1.Wantoota Haala Sirreeffama Rifeensa Mataa Irratti Dhiibbaa Uuman

Kemikaalaa kana dura fayyadamaa turan, parsantii rifeensa gurrachaa, fedhii maamilaa, meeshaa ittin gargaaraman, rifeensi dabalamu jiraachuu isaa,

istaayilii rifeensa mataa wajjin wal fakkaatu jiraachuun haala sirreeffama rifeensa mataa dhiirroota irratti dhiibaa guddaa uumu.

- **Haala rifeensaa:** gogaa, dibata kan qabu, uumama isaa kan hin gadhiifne, kemiikaala kan qabu, cimina(jabina), qaawwina ykn haphina(dandeettii jiidhina xuuxuu).
- **Akkaataa sirreeffamaa(istaayilii sirreeffamaa):** baqqaana wal fakkaataa, dheerina tokkoo, giraaju'eshinii gabaaba, giraaju'eshinii dheeraa.
- **Tempireecharaa:** ho'aa qaamaa, tempireecharaa mana rifeensaa, ho'a dabalataa.
- **Yabbina:** gaarii, gidduu galeessaafi yabbuu
- **Dheerina:** gabaabaa, gidduu galeessaafi dheeraa
- **Gobbina:** gaarii, giddu galeessa, gobbuu
- **Fakkaatti guddinaa:** rifeensa mataa dhaabbatu(cowlick), rifeensa mataa boca V qabu (widows peak), moluu, rifeensa gutuu mataa irratti geengoo lama qabu(double crown)
- **Haala gogaa:** ifaa, giddu galeessaa, gurraachaa
- **Boca fuulaa:** geengoo, molaalaa,rog arfee, oldheeraa,onnee
- **Hamma mataa:** guddaa, giddu galeessaa, xiqaa
- **Maraa mataa:** jabaataa, laafaa, danbalii(wave)
- **Haala jireenyaa:** hojii, maatii, faayinaansii

4.1.1.2. Eegumsa Barbaachisaa Rifeensa Mataa Dhiirotaf Taasifamu Qabu

Mana rifeensa mataa dhiirootaa sirreeffamu keessatti eegumsa barbaachisu hordofuufi qulqullinaa isaa eeguun gochaalee rifeensa mataa sirreessuu isa barbaachisaa dha.

1. Rifeensa Miicuun Qulqulleessuu

Rifeensa mataa miicuun dafqa, zayitaafi wantoota hin barbaachifne rifeensa mataafi gogaa mataa irraa qulleessuudha. Yeroo baay'ee rifeensi mataa yeroo qaama dhiqannu shaampoodhaan miiccana. Kunis shaampoo fi bishaan mataatti naquudhaan ta'a. Yeroo baay'ee kondiishinaraa kan fayyadamnu erga shaampoon dibnee booda baqqaana zayitaa rifeensa mataa laaffisuudhaaf itti fayyadamna. Isaan booda shaampoo irraa miicuun rifeensi shakaara'aa akka ta'u godha. Kondishiinariin baqqaana eegumsaa uumuun rifeensi akka hin miidhane taasisa(Fakkii 4.7 armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.7: Rifeensa mataa miicuun qulqulleessuu

Gocha 4

Garaa garummaan shaampoofi kondishiinaraa jidduu jiruu maali? Deebii kee barsisaa keetitti agarsisi.

2. Rifeensa halluu dibuu

Rifeensa halluu dibuun adeemsa halluu rifeensaatti dabaluu ykn halluu rifeensa irraa balleessuuti. Adeemsi kun halluu dabaluu fi balleessuu irratti hundaa’uun rifeensa halluu dibuu ykn addeessuudha. Halluu baay’een baqqaana zayitaa rifeensa mataa akka banaman gochuun jijjiirraan halluu(bifaa) baqqaana zayitaa keessatti akka gaggeeffaman taasisu. Adeemsi kemiikaalaa gargaaramuun bifa rifeensaa jijjiruu baqqaana zayitaa rifeensa mataa miidhuu danda’a ykn caasaa keessoo rifeensa mataa miidhuun akka inni goggoogu, dhadhabaa ta’u, caccabufi ciisu godha (fakkii 4.8 armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.8: Rifeensa halluu dibuu

3. Parmii fi kemiikaalaan rifeensa mataa qajeelchuu

Parmii fi laaffistuun kemiikaala caasaa keessoo rifeensaa jijjiruun akka inni maramuu ykn akka inni dhaabbatu godha. Rifeensa mataa kemiikaalaa dibamee hin beekne irra rifeensi parmii dibamee beekuu dhadhabaa waan ta’eef suuta suutaa fi of eeggannoon parmii dibuu gaafata(fakkii 4. 9: armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.9: Rifeensa parmii dibame

4. Caccabuufi miidhaa rifeensa mataa kan biroo

Rifeensi kan miidhamu yeroo dheeraaf keemiikaalaa yoo dibame, yeroo dheeraaf ykn irraa deddebiin ho'aaf yoo saxilameedha. Zayitiin rifeensa mataa shaakarra'aafi gogaa mataa gogaadhaaf gaarii miti. Sababni isaas, kunuunsa mataa hir'isuun rifeensi mataa akka buqqaa'uufi caccabu godha.

Gogaan mataa maxxantoota akka injiraanii, cinii, dhukkuuba hundee rifeensa mataa miidhuufi faangasiif saaxilamuu danda'a. Qabiyyeen kemiikaalaa shaampoofi kondishiinaraa keessa jiran gogaan mataa akka rifatu (allergic reactions) gochuu danda'u. Osooma guyyaa guyyaan micamuu madaan xiqqaan gogaa mataa irratti torban muraasaaf turu argamuun rakkoo fayyaa gogaa mataa agarsiisa.

5. Rifeensaa mataa gutumaan dhabuu

Namootni tokko tokkoo rifeensa mataa isaanii of irraa aaduu filatu, kaan garuu, sababoota dhukkubootaa rifeensa mataa namaa irraa fixan ykn kan akka rifeensi mataa addamu nama murteessisanin ta'a. Fakkeenyaaf, kaansarii tokko tokkoo.

Gocha 5

Nama mataa dhiiraa sirreessu naannoo mana baruumsaa keetii jiru akkaataa itti rifeensa mataa kunuunsaniifi qulqullina isaa eeguun sirreeffamu gaafadhu.

4.1.2. Meeshaalee Rifeensa Mataa Sirreessuuf Gargaaran

Meeshaaleen rifeensa mataa sirreessuuf gargaaran teessoo, maashina rifeensa ittin sirreessan, uffata, daakuu, burushii mataa, filaa, daawwitii, cululuqsituu rifeensaa, keemikaala fara faalamaa, kireemii rifeensaa, gogsituu rifeensaa, afuufuu rifeensaa, jeelii rifeensa gogsitu, maqasii, biiftuu rifeensaa, gagaa rifeensaa, burushii haadduu, zayitaa haadduu, kakaastuu rifeensaa, haadduu qajeelaa, qartuu, hafaa lafaa, saamunaa haadduu, kireemii haadduu (Fakkii 4.10 armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.10: Meeshaalee rifeensa mataa sirreessuuf gargaaran

Gocha 6

Meeshaalee rifeensa mataa dhiirrootaa sirreessuuf gargaaran tarreessaa.

4.1.3. Akkaataa Rifeensi Mataa Dhiirrootaa Itti Sirreefamu

Yoo yeroon laatamee fi sirriitti hordoofame rifeensa mataa sirreessuun salphaadha. Maqasii ykn maashinii elekitirikiin hojjatu ykn lamaan isaa wal-faana gargaaramuun ni danda'ama. Nama rifeensa sirreeffatu, rifeensi isaa hangam akka gabaabbatuu fedhu; akkamitti akka sirreeffachaa ture fi gara fulduraatti akkamitti sirreeffachuuf akka karoora qabu gaafadhu. Ofitti amanamumaa qabaadhu. Shaakaluun karaa ittin dandeettii kee fooyyeeffattuudha.

Tartiiba barbaachisoo rifeensa mataa dhiirrootaa sirreessuuf gargaaran armaan gadiitti tarreeffamanii jiru.

Tartiiba 1. Sirreessuuf qophaa'uu

- Nama mataa sirreeffatu, akkamitti sirreeffachuu akka barbaade gaafadhu.
- Akkaataa itti murtuu filadhu.
- Yeroo gahaa akka qabdu mirkaneeffadhu.
- Hojii jalqabuuf haala mijeessi, yeroo hundaa rifeensa qulqulleessuun eegali.
- Filaadhaan rifeensa fili.

Tartiiba 2: Maashiniin gaggabaabsuu

- Fiixee mataa maashinii filadhu
- Maashinii barruufi quba kee jalqabaa lamaan gidduutti qabadhu.
- Mataa sirreessuu jalaa eegali.
- Dudda duuba mataatti sarara baasi.
- Cina lachanuunis sarara baasi.

Tartiiba 3: Rifeensa mataa gubbaa fi rifeensa addarratti gadi bu'u sirreessuu.

- Rifeensaa mataa gubbaatti bishaan firfirsuu.
- Rifeensaa mataa gubbaa muruu.
- Erga sirreesitee booda fili
- Rifeensaa mataa gubbaa walitti rukutuu(waliin makuu)
- Rifeensa addarratti gadi bu'u (bangs) sirreessuu

Tartiiba 4: Rifeensa waliin makuufi xumuruu

- Maqasiin kan sirreeffamee fi maashiniin kan sirreeffame waliin makuu.
- Qarqara rifeensa mataa fi morma irraa rifeensa sirreessuu.
- Yeroo dhumaaf filuu.
- Yeroo dhumaaf rifeensaa miicuu.
- Osoo namichi teessoo irraa hin bu'in lafa qulqulleessuu

Gocha 7

Mana rifeensa dhirootaa sirreessan daawwachuun adeemsa rifeensa sirreessuuf taasifamu barsiisaa keetif gabaasi.

4.1.4. Akkaataa rifeensa mataa Dubartoota itti sirreeffamu

Rifeensa bareechuun (Hair styling) shaampoodhaan rifeensa miicuu, looshinii ittiin bareechan itti naquu, rifeensa martuu rifeensaa irra kaa'uu, ergasii booda osoo gara istaayilii maraa lallaafatti hin bocin suuta suutaan gogsuu of keessaatti qabata.

4.1.4.1. Tooftaalee Bu'uuraa Rifeensa Mataa Dubartoota Sirreessuuf Fayyadan

Tooftaalee bu'uuraa rifeensa mataa shamarranii sirreessuuf fayyadan qilleensaan gogsuu(diriiraa, uuf liiftii, sochii(movement)),qajeelchuu, laaffisuu, maruu(danbalii, hidhaa),goggogsuu qubaa(uumama fakkaataa, qoraattii gochuu), rifeensa ol qajeelchuu (shinshinii,maraa,naannoo)(fakkii 4.11 armaan gadii ilaali).



Fakkii4.11: Akkaataa sirreeffama rifeensa mataa dubartoota

Adeemsa qophii rifeensa mata dubartoota bareechuuf barbaachisu:

- Of qopheessuu
- Maamila qopheessuu
- Naannoo hojii qopheessuu

Gocha 8

Gareen tahuun gosoota sirreeffama rifeensa mataa dubartoota Itoophiyaafi naannoo keetti hojjetaman tarreessi

4.1.4.2. Tooftaalee afuufanii rifeensa dubartoota gogsuu

Kutaan kun kan inni barattoota gargaaru danddeettii fi beekumsa ittiin haala itti rifeensa addaa baafatanii fi furdina rifeensa mataa hojjachaa jiranii beekuun rifeensicha hojjachuuf wantoota afuufanii gogsuuf barbaachisan filachuudhaaf. Rakkoo rifeensaa isa kamtu mudachuu akka danda'uufi akkaataa rakkinicha itti to'atamu ni beekta(fakkii 4.12 armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.12: Afuufanii rifeensa shamarraii gogsuu

Gocha 9

Gareen ta'uun afuufanii rifeensa gogsuun maal akka ta'e irratti mari'adha.

4.1.4.3 Wantoota Haala Sirreeffamaa Rifeensa Mataa Irratti Dhiibaa Geessisan

Kemiikaalaa kana dura fayyadamaa turan, fedhii maamilaa, meeshaa ittin gargaaraman, rifeensi dabalamu jiraachuu isaa, istaayilii rifeensa mataa wajjin wal fakkaatu jiraachuu haala sirreeffama rifeensa mataa dhirootaa irratti dhiibbaa guddaa uumu.

- **Haalaa rifeensaa:**gogaa,dibata kan qabu, uumama isaa kan hin gadhiifne, kemiikaala kan qabu, cimina(jabina)qaawwina ykn haphina(dandeettii jiidhina xuuxuu).
- **Akkaataa sirreeffamaa**(istaa'elii sirreeffamaa): baqaana wal fakkaataa,dheerina tokko, graaju'eeshinii gabaabaa, giraaju'eeshinii dheeraa.
- **Tempireechera:** ho'a qaamaa, tempireechera mana rifeensaa,ho'a dabalataa.
- **Yabbina:** gaarii, gidduu galeessaafi yabbuu
- **Dheerina:** gabaabaa, gidduu galeessaafi dheeraa
- **Gobbina:** gaarii, giddu galeessa, gobbuu
- **Fakkatti guddinaa:** rifeensa mataa dhaabatu(cowlick), rifeensaa mataa boca v qabu (widows peak), moluu, rifeesa guutuu mataa irraatti geengoo lama qabu(double crown)
- **Haala gogaa:** ifaa, giddu galeessaa, gurraachaa
- **Boca fuulaa:** geengoo, molaalaa,rog arfee, oldheeraa,onnee
- **Hamma mataa:** guddaa, giddu galeessaa, xiqaa
- **Maraa jiru:** jabaataa, laafaa, danbalii(wave)
- **Haala jireenyaa:** hojii, maatii, faayinaansii

4.1.4.4. Omishaafi meeshaalee sirreefama rifeensa mataa dubartootaf fayyadan

Omishni garaa garaa yabbina fi boca rifeensaa jijjiiruuf akkasumas mataa hojjatame qabee dhaabuuf gargaara. Oomishni muraasni mataa hojjachuuf gargaaran: looshinii,kireemii, si'eessituu,jeelii, ittistoota ho'aafi jiistota(moisturizers)(fakkii 4.13 armaan gadii ilaali).

4.2. Kununsa Harkaa/ Qeensaa

Qeensa qoruun fi sirreessuun hamma faangasii qeensa keessaa xiqqeessuuf gargaara. Akkasumas, dukkubii yeroo qeensi jabaatu dhiibbaa dhufuu hir'isuuf gargaara(fakkii 4.15 armaan gadii ilaali).

Meeshaaleen kununsa qeensaa, meeshaalee tajaajila qeensa kununsuu keessaatti gargaaran kan dhaabbataa fi waara'aa ta'anii harkatti ka'atamaaniidha.

1. Hojjataan qophaa'uu
2. Moodela qopheeffachuu
3. Bakka hojii mijeessuu
4. Omishaa fi meeshaalee itti fayyadaman qopheessuu



Fakkii 4.15: Kununsa harkaa/ qeensaa

Gocha 11

Meeshaalee kununsa harkaa/ qeensaa naannoo keetti fayyadaman barreessuun barsiisaa keef gabaasi.

4.3. Isteeraalaayizeeshiniifi Disinfeektaantii

4.3.1. Isteeraalaayizeeshinii (Sterilization)

Kun mala qulqulleessu isa jabaa ta'eedha. Isteeraalaayizeeshiniin baakteeriyaa, fangasiifi vaayirasii hunda balleessa. Kunis meeshaalee itti gargaaramne qulqulleessuf baay'ee barbaachisaniidha.

Meeshaalee fi oomisha isteeraalaayizeeshiniif itti fayyadamnu:

- Alkooliin harka qulqulleessu
- Saamunaa dhangala'aa
- Foomaa erga itti fayyadamnee booda gatamu
- Giloovii(golga harkaa) erga itti fayyadamnee booda gatamu
- Konteenaraa mallattoo qabu, jabaafi miicamuu, kan meeshaalee itti fayyadamne qabatu (fakkii 4.16 armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.16: Qulleessuu

4.3.2. Disinfekshinii (Disinfectant)

Disinfekshiniin baakteeriyaa fi faangasii meeshaalee irra jiran ajjeesuuf gargaara, garuu hunda isaanii hin ajjeesu. kemiikaalli hundi dandeettii ajjeesuu wal qixa hin qaban, akkasumas dhukkee baakteeriyaa(bakteria spore) ajjeesuu hin danda'an.

Daddarbiinsa baakteeriyaa hambisuuf, meeshaaleen yeroo hunda maamilli tokkoo erga itti fayyadamee booda qulqulleeffamuu qabuu . Manni rifeensa mataa hojjatan, meeshaa isaanii qulqulleessuuf bulbula cabsaa (barricade solution) filatu. Haa ta'u malee, kun qofaan ga'aa miti. Meeshaaleen yeroo hunda osoo kemiikaalaan hin qulqulleeffamin dura saamunaa bishaanii ho'aa dhaan miicamuu qabu. Kanaan booda, eeggannoon gogfamun bakka qulqulluu ta'e kuusuudha.

Qabiyyeen mala kanaaf gargaaramnu:

- ✓ Dhangala'aa micuuf gargaaruu
- ✓ Saamunaa dhangalaa'aa
- ✓ Shaampoo

Erga meeshaa qulqululleessinee boodaa bishaaniin kemiikalicha irraa miicuu qabna.

Gochaa 12

Garaagarummaa Ho'aa fi keemiikaalaa jeermota to'achuu gidduu jiru adda baasi.

4.4. Shaampoo fi kondiishinera dibuu

Shaampoo fi kondishiinaraa oomisha kosmootikaa bifa dhangla'aa, kireemii, jajjabaa ykn daakuudhan dhiyaatan ta'anii kan wantoota sarfakitantii (surfactant substances) irraa hojjatamani fi rifeensa qulleessuufi kunuunsuuf kan gargaaraniidha (fakkii 4. 17 armaan gadii ilaali).

Miiccaa bu'uuraa rifeensa mataa kan gaggeeffamu bishaaniin. Garuu bishaan qofti coomaa/zayita waliin walitti hin makamu. Kanaaf, yeroo bishaanin rifeensa miicinu kemiikaala/diiterjentii cooma caccabsu danda'u itti dabaluun akka xuriin gogaa mataafi rifeensa mataa bulbulamu gochuutu barbaachisa. Shaampoon kan dibamu rifeensa jiidhaati riguudhaan ta'a. Kunis kan gargaaru danddeettii miiccamuu isaa waan dabaluufiidha. Miiccaa rifeensaa ariifachiisuuf bishaan ho'aa gargaaramuutu gaariidha(fakkii 4.17 armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.17: Shaampoo

Gocha 13

Mana bareedina rifeensa mataa daawwaachuun adeemsa ittiin shaampoofi kondiishinera diban tarreessi.

4.5. Kunuunsa gogaa

Kunuunsi gogaa gochaalee ijaarsa gogaa jabeessan kan gogaan akka bareedaafi haalli isaa gaarii ta'uu godhaniidha. Gochaaleen kunis haala soorataa, yeroo dheeraaf aduuf of saaxiluu dhiisuu, dibata sirrii gogaa laaffisu gargaaramuu of keessatti qabata. Gochaalee gogaan akka bareedaa ta'uu taasisan keessaa tokkoo kosmootiksii fayyadamuudha.

Haaloota akkaa gogaa baay'ee jiidhaa ykn baay'ee gogaa qabaachuu, dhukkuboota gogaa irraa of eeguufi gogaan akka hin miidhamne taasisuuf kunuunsi gogaa gocha baramaa guyyaa guyyaan taasifamuudha. Kunuunsi gogaa qaama yaalaa madaa fayyisuu, xiyyaa ifaan yaaluu (radiation therapy) fi qorichoota mursaati.

i. Gosoota kunuunsa gogaa

Gosoota kunuunsa gogaa baay'eetu jiru. Isaan keessaa tokkoo kunuunsa gogaa fuulaati. Innis kan of keessatti qabatu istiimii, eksfooliyeshinii (fiziikaala yookin kemiikaala), baasuu(extraction), kireemii, looshinii, maaskii fuulaa, quncisuufi rirriituu fa'i. Kunis kan gaggeeffamu mana bareedina ykn saaloniiti. Kunuunsa gogaa fuulaa kan fayyadu fayyaa walii gala gogaaf ykn haala gogaa murtaa'eef ta'a(fakkii 4.18 armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.18: kunuunsa mataa fuulaa

ii. Oomishaalee kunuunsa gogaa bu'uraaf barbaachisan

Kosmootiksiin ijaarsa wal-makaa kompaawundoota kemiikaalaa kan maddaa uumamaa irraa argaman ykn namaan kan oomishaman ta'uu danda'u. Kosmootiksiin faayidaa addaa addaa qabu. Kosmootiksiin nama dhunfaaf kunuunsa gogaaf qophaa'e, qulqullinaa ofii eeguuf akkasumas, qaama ykn gogaa kunuunsuuf itti fayyadamuun ni danda'ama. Kosmootiksiin bifa nama tokkoo jijjiiruuf qophaa'e immoo muddaa dhoksuuf, bifa uumamaa nama tokkoo jijjiiruuf (nyaaraafi rifeensa ijaa), fuula nama tokkootti halluu dabaluuuf, bifa fuulaa nama tokkoo jijjiiruun nama biraa fakkeessuuf itti fayyadamuun ni danda'ama. Akkasumas kosmootiksiin qaama namaatti simboo dabaluuuf ni qophaa'u (fakkii 4.19 armaan gadii ilaali)



Fakkiin 4.19: Kosmootiksii gosa garaa garaa

Gocha 14

Naannoo keetii gidduu gala itti gogaa kunuunsan dhaquun meeshaalee itti fayyadaniifi adeemsa isaan gogaa kunuunsuuf taasisan barreessi.

Danddeetti horattee irratti hundaa'uudhaan, tarii biizinasii xixiqqaa jalqabuuf fedha agarsiisuu dandeessaa. Karoora akkasiif yaada boqonnnaa sadii dhumatti isiniif kenname yaadadhu.

Cuunfaa Boqonnaa afurii

Bizinasiin rifeensa mataa dhiirrootaa fi shamarranii sirreessuu magaalaa fi baadiyyaa keessatti akka madda galitti gargaara. Yeroo baay'ee namootni rifeensa mataa sirreessan, agarsiistuu istaayilii (style guide) kan haala sirreeffama rifeensa mataa boca garaa garaa agarsiisuu gargaaramuun sirreessu. Mana sirreessa rifeensa mataa dhiirrootaa (saalonii bareedinaa) keessatti of eegannoo barbaachisuu gochuufi shaakalaafi adeemsa qulqullina isaa eeggate hordofuun gochaalee rifeensa mataa sirreessuu keessaa isa baay'ee barbaachisaa dha.

Kunuunsa mataa jechuun rifeensa mataa nama qulqulluu, bareedaafi hawwataa akka ta'uu malaafi meeshaalee garaa garaa gargaaramuun eeguu jechuudha. Tooftaalee bu'uuraa rifeensa mataa shamarranii sirreessuuf fayyadan qilleensaan gogsuu, qajeelchuu, laaffisuu, maruu, goggogsuu, rifeensa ol qajeelchuu fa'i. Oomishtootni rifeensa mataa sirreessuuf gargaaran bocaafi yabbina rifeensa mataa jijjiruufi rifeensa sirreeffame akka hin banne qabee tursuuf gargaara.

Qeensa qoruufi sirreessuun amma faangasii qeensa keessaa xiqqeessuuf gargaara. Meeshaaleen kunuunsa qeensaa, meshaalee tajaajila qeensa kununsuu keessatti gargaaran kan dhaabbataafi waara'aa ta'anii harkatti kaa'atamiidha.

Isteeraalayizeeshiniin baakteeriyaa, faangasiifi vaayirasii hunda balleessa. Disinfekshiniin garuu baakteeriyaa fi fangasii meeshaalee irra jiran ajjeesuuf gargaara, garuu hunda isaanii hin ajjeesu.

Shaampoofi kondiishinariin oomisha kosmootikaa bifa dhangla'aa, kireemii, jajjabaa ykn daakuudhan dhiyaatan ta'anii kan wantoota sarfakitantii (surfactant substances) irraa hojjatamani fi rifeensa qulqulleessuufi kununsuuf kan gargaaraniidha.

Kunuunsi gogaa gochaalee ijaarsa gogaa jabeessan kan gogaan akka bareedaa fi haalli isaa gaarii ta'uu godhaniidha. Gochaaleen kunis haala soorataa, yeroo dheeraaf aduuf of saaxiluu dhiisuu, dibata sirrii gogaa laaffisuu gargaaramuu of keessatti qabata. Gochaalee gogaan akka bareedaa ta'uu taasisan keessaa tokkoo kosmootiksii fayyadamuudha.

Gaafii xumura baqonnaa 4

I. Gaafilee armaan gadiitiif hima sirrii yoo ta'an "Dhugaa" yoo hin taane immoo "Soba" jechuun deebisi.

1. Kunuunsi rifeensaa aadaafi amala rifeensaa nama tokkoo irratti hundaa'uun garaa gara ta'uu danda'a.
2. Manni rifeensa mataa dhiiraa itti sirreessan saalonii bareedinaas ni jedhama.
3. Rifeensa mataa miicuun dafqa, zayitafi wantoota hin barbaachifne rifeensa mataafi gogaa mataa irraa qulqulleessuudha.
4. Zayitiin rifeensa mataa shaakarra'aafi gogaa mataadhaaf gaari miti.
5. Oomishaaleen rifeensa mataa kununsuuf fayyadan bocaafi yabbina rifeensa mataa ni jijjiru.
6. Qulqulleessuun jarmoota akka baakteeriyaa, vaayirasii ykn fangasii ni ajjeesa.
7. Saanitaayizariin disinjektaantii caalaa jarmii baay'ee ajjeesa.
8. Kosmootiksii keessatti, tooneriin gogaa ykn salphaatti tooneriin looshinii ykn oomishalee miicaaf gargaaran kan gogaa qulqulleessuf oolaniidha.
9. Tajaajila qeensa kununsuu keennuuf, hojjataan uffata dambii qulqulluufi sibiila irraa tolfame, kophee diriiraafi mila hanga koomeetti dhoksu uffachuun irraa jiraata garuu faayyaa hin barbaachisu.

II. Gaafilee armaan gaditti keennaman qubee deebii sirri qabate filachuun itti mari.

1. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu sirriidha?

- A. Rifeensi hundi wal fakkaataa miti.
- B. Rifeensi agarsiistuu garaagarummaa dhala namaati
- C. Kunuunsi rifeensaa aadaafi amala rifeensaa nama tokkoo irratti hundaa'uun garaa gara.
- D. Tajaajilli kunuunsa rifeensaa kan keennamu mana sirreessaa rifeensa mata shamaranii(saalonii), mana sirreessaa rifeensa mataa dhiiraa(saalonii)fi bakka tajaajila kunuunsaa kennamuun fayyummaa, bareedinaafi gammachuu argama(day spas)
- E. Hundumtuu sirriidha.

2. Namni rifeensa mataa dhiiraa sirreessu tokkoo tajaajila inni hin keennine kami?

- A. Rifeensaafi areeda dhiirootaa sirreessuu
- B. Rifeensaafi areeda uffachiisuu
- C. Rifeensaa fi areeda mataa dhiirootaa filuu
- D. Rifeensaa mataa dhiirootaa sirreessuu fi haaduu
- E. Rifeensaa fi areeda qilleensaan afuufuu

3. Rifeensi kan badu danda'u yoo:

- A. Kemiikaalaan saaxilame
- B. Yeroo dheeraadhaaf ykn ammaa amma ho'aaf saaxilame
- C. Afi Bn deebii dha.
- D. Deebii hin qabu

4. Kanneen armaan gadii keessaa waa'ee kutuuf qophaa'uu ilaalchisee soba kan ta'e kami?

- A. Yeroo gahaa qabaachuu kee mirkaneeffacchuu
- B. Istaayilii ittin murtu filadhu
- C. Nama sirreeffatu bifa kami akka sirreeffachuu barbaade gaafadhu
- D. Deebii hinqabu

5. Faayidaa oomishaalee rifeensa kunuunsuuf gargaaramnuu kan ta'e kami?

- A. Bocaafi yabbina rifeensa mataa jijjiiruu
- B. Rifeensa sirreeffame qabee tursuu
- C. Baakteeriyaa faalamuu kan dhorku
- D. Afi B deebii sirriidha.

III. Gaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii barreessi.

1. Adeemsa ittin rifeensi mataa maramu barreessi.
2. Wantoota haala sirreeffamaa rifeensa mataa shamarranii irratti dhiibbaa geessisan barreessi.
3. Garaagarummaa meeshaa qulqulluu(clean tools), meeshaalee saanitaayizariidhaan qulqullaa'an(sanitized tools), meeshaalee faalama irraa kemikaalaan bilisa ta'ee(disinfected tools) gidduu jiru ibsi.
4. Maloota (teekinika) bu'uuraa rifeensa mataa dhiirrootaa sirreessuuf gargaaran maal fa'i? ibsi.
5. Oomishaalee rifeensa mataa shamarranii kunuunsuuf gargaaran tarreessi.

BOQONNAA

5

5. CARRAA HOJII OFIIN UMUU

Huccuu Hojjachuu, Halleessuu Fi Hodhuu

Bu'aalee Barannoo

Xumuura barnoota kanaan booda:

- Adeemsa huccuu hojjachuu ni ibsu
- Maashinaa fi meeshaalee huccuu hodhuuf ittii gargaaramnu addaan baasu.
- Meeshaalee huccuu hojjachuuf gargaaran filachuu fi qopheessu.
- Maloota halleessuu salphaa ta'an ni fayyadamuu.
- Ogummaa hojii huccuu hojjachuu hojirra olchuu

Jechoota ijoo

Huccuu: huccuu muramaa

Huccuu irratti maxxansuu: qaama huccuu muraasa irratti fakkii ykn barreeffama maxxansuu.

Uffata diibuu: uffata irratti halluu diibu.

Maashini hoodhaa: Maashinii nama ogummaa huccuu hoodhu qabu, huccuu hoodhuuf itti fayyadamu.

5.1. Huccuu Hojjachuu

Gaafii inxalaa

Uffatni aadaa Itoophiyaa akkamitti akka qopphaa'uu ibsi.

Huccuu jechuun muraa uffataati (fakkii 5.1 ilaali) hojiin huccuu immoo adeemsa hunda, gochaale fi teeknoolojii wayaa hojjachuu ti. Hojiin huccuu sadarkaa adeemsa yaada diizaayiinii baasuu irraa jalqabee hanga uffatni hojjatamee xumuramuu kan jiru dha. Hojiin huccuu kan of keessatti qabatu adeemsa duraa dubaa carqii filachuu, diizaayinii gochuu, muruu, walittii qabsisuu, hodhuu, mirkaneessuu, kaawuyaa dhahuu fi haguguun raabsaaf dhiyeessu fi kkk.



Fakkii 5.1 fakkeenya huccuu muramaa

Gocha 1

Jechi tokkoo ni jira “**si’a kudhan safari al tokkoo muri**” yeroo jennuu maal jechu keenya? Deebii keessan barreeffamaan barsisaa keessanif keennaa.

5.2. Hodhuu fi Maashini Hodhaa

Hojiin huccuu carqii fi diizaayinii(akkaataa wayaan itti hojjatamu) erga filatamee booda,maashini huccuu ittin hodhamu fayyadamuun uffata hodhuu of keessatti qabata. Hodhuun jechuun ogummaa kirrii filatamaa ta'een lilmoo harkaan maashini fayyadamuu carqii huccuu walitti qabsisuu dha. Jalqabbiin isaas waggoota baay'ee dubatti kan deebi'uu fi addunyaa maraatti kan hojii irra olaa jiruu dha. Hodhuu jechuun jalqabbii oomisha akka uffata kootii, fookaa, surree, kufoo, biddiqqoo, girdoo, uffata siree fi kkf hojachuu dha.



(a) kirrii fi




(b)lilmoo

Fakkii 5.2 agarsiisa fakkeenya

5.2.1. Faayidaalee maashina hodhaa

Itoophiyaa keessatti maashinni hodhaa ammayyaa osoo hin jalqabiin dura, uffata hodhuun(walittii qabsisuun) kan hojjatamu kirrii fi lilmoo harkaa fayyadamuun ture. Uffata/huccuu hojjachuun ammayyaa kan hojjatamu maashini hodhaa fayyadamuuni. Maashinni hodhaa kan fayyadu carqii huccuu fi wantoota biroo kirriidhaanwalittii qabsisuuf/hodhuuf (fakkii 5.3armaan ilaali).

Maashiniin hodhaa filannoo akaakuwwan garaa garaa jiraatus, garuu bu'uurri faayidaa maashini hodhaa hunda, harawaas haa ta'uu isa durii wal fakkaataa dha. Maashinoonni hodhaa haarawaan qaamota dabalataa dhokataa ta'an kan maashinoota hodhaa durii irraa adda ta'an qaba.



(a)maashini hodhaa ammayyaa



(b)maashini hodhaa durii

Fakkii 5.3 agarsiisa

Gocha 2


Ogeessi wayaa hodhuu tokkoo, maashini hodhaa fayyadamee, huccuu hodhuuf sadarkaalee hordofuu qabu tarreessi deebii keetis barsisaa keetitti gabaasa godhi.

5.2.2 Qaamoota Maashini Hodhaa

Akkaataan itti fayyadama maashini hodhaa hagas mara kan hin ulfaatne fi barachuuf salphaadha. Maashinootni hodhaa baay’een qajeelfama/manual/qaamolee maashinichaa faayidaa fi akkaataa itti fayyadama isaani agarsisu waliin qabu. Kan barbaadamu qajeelfamicha xiyyeeffannoo guddaa fi sirrii ta’een hordofuu dha. Qaamooleen garaagaraa maashini hodhaa tartibaan hojirra olchuuf duraa duuba gochawwani beekun akaakuu huccuu qulqullina qabuu argachuuf gocha isa ijoo dha.

Maashaanin uffata hodhu qaamoollee adda addaa hijii garaa garaa hojjachuuf olan qaba. Qaamooleen maashinii hodhaa tokkoon tokkoon isaani gahee hojii mataa isaani qabu. Yeroo maashini hodhaa fayyadamnu kutaalee maashinichaa fi faayidaa isaani beekun baay’ee barbaachisa dha. Qaamooleen maashini hodhaa fi faayidaa isaan keennani waliin akka armaan gaditti ibsamani jiru.

1. Lilmoo martuu kirrii/spool pin/: meeshaa kirriin hodhaa baatu.



Fakkii 5.4 qaamoota maashinii hodhaa

2. Bakaraa fi martuu kirrii /Bobbin binder spindle/: yeroo kirrii marruu, bakaraan/bobbin/ naanneessitu irraa kaa'ma. Bakaraan sibila xiqqoo, muuka ykn pilaastikii gommaa irraa kan hojjatmuu ta'ee kirrii baachuf ola. kirriin meeshaa silinadarii xiqqoo gommaa qal'aa wajjiin walqabattee ykn fiixee irratti marama.

3. Bakaraa naannessituu dhaabuu/Bobbin Winder Stopper/

Yeroo bakaraan dandeetti isa olaanaa irra gahu, naanneessituun, bakarichi naanna'uu isaa akka dhaabbatu taasisa.

4. Safartuu bal'ina kirrii /Stitch width dial/

Kaayyoon guddaan Lakkooftuu bal'ina kirrii, hodhaa zigzaagii to.chuu dha.

5. Safartuu modeelii huccuu filattuu /Pattern selector dial/

safartuun modeelii huccuu filattuu, kan fayyadu modeelii huccuu barabaadamu kaa'uuf fayyada.

6. Marii harkaa/Hand wheel/

Mariin harkaa limoo olkaasuu fi gadii busuuf kan fayyadu yommuu ta'u akkasumas kan argamuu maashini hodhaa gara mirgaati.

7. Safartuu dheerina kirrii/Stitch length dial/

Safartuun dheerina kirrii kan fayyadduu dheeriana kirrii to'achuufi.

8. Qabannoo kirrii garagalchee /Riverse stitch lever/

Qabannoon yeroo harkaan gad dhibamu hodhuu danda'a.

9. Cuftuu Bantuu/Power switch/

Cuftuu fi Bantuu maashinii elektirikaa wayaa hodhuu yoo ta'uu kan argamu gara mirga maashinichaati.

10. Agarsistuu bakaraa naannessitu kirrii/Bobbin winder thread guide/

Agarsistuu kirrii gosa kana kan fayyadduu yeroo bakaraan naannoofu dha.

11. Safartuu dhifamuu kirrii/Thread tension dial/

Safartuu dhifamuu kirrii kan fayyadu hanga dhifamuu kirrii to'achuufi.

12. Qabannoo dabarsituu kirrii/Thread take up lever/

Yeroo hodhaa kirriin gara gubbaa dabarsituu kirrii kan keessa darba. dabarsituun kirrii immoo kirrii lilmoo wajjiin olif gadii sochoosti.

13. Buloonii marfee hiituu /Needle clamp screw/

Buloonii marfee hiituu, lilmoo bakka jirutti jabeeffate akka taa'u godha.

14. Miilaa gadi dhibdu /Presser's foot/

Miilaa gadi dhibduun huccuu hodhamu iddoo jiruutti jabeesse qabuf gargaara.

15. Haagugduu Bakaraa/bobbin Cover/

Haagugduun bakaraa Yeroo hoodhaa huccuu , baattuu bakaraa haguguun ittisa.

16. Gadhisiistu qulfii hagugduu bakaraa /Bobbin cover release button/

Kan fayyadu hagugduu bakaraa keessatti galchuuf

- 17. Fuula duratti harkistu kirrii (Feed dog):** Yeroo hodhaa huccuu gara fuula duraatti harkisudhaaf fayyada.
- 18. Lilmoo/needle/:** Lilmoon kan fayyadu huccuu gadi waraanee kirrii keessa dabarsuufi.
- 19. Gabatee lilmoo/needle plate/:** Gabateen lilmoo gabatee sibila irraa kan tolfamee ta'ee lilmoo fi miila gadhiibdu jalatti kan argama. Faayidaan isaas yeroo hodhaa huccuu gara fuula duratti oofuufi.

Gocha 3

Mariin karaka osoo cabe maaltu umamu danda'a jeette yaadda?
Deebii kee barsisaa keetif barreeffamaan dhiyeessi.

5.2.3 Meeshaalee hojii huccuuf gargaaran

Namootni huccuu hodhan maashinii hodhaa dabalate meeshaalee uffata isa dhumaa hodhuuf fayyadan garaa garaa fi maloota itti fayyadama adda addaatin ni gargaaramu. Meeshaaleen yeroo hodhaa baay'inaan faayidaa irra olani fi faayidaa isaani waliin akka armaan gadittii eeramani jiru.

Maqasii /scissors/: Meeshaa huccuu fi kirrii huccuu ittin hodhamuu ittin muramu dha(fakkii 5.5 armaan gadii ilaali)




Fakkii 5.5: akaakuu maqasii garaa garaa

Safartuu huccuu (measuring tape): safartuun huccuu, bal'ina, dherina fi marsaa huccuu sentimeetira ykn inchiidhan kallatti adda addaa irraa safaruuf meeshaa ittin gargaaramnu dha. (fakkii 5.6 armaan gadii ilaali)



Fakkii 5.6: safartuu huccuu

Lilmoo/needles/: lilmoon kirrii fayyadamudhaan huccuu wal qabsisuudhaf. (fakkii 5.7 armaan gadii ilaali). Furdina huccuu irratti hundaa'udhaan gosoota lilmoo garaagaraatu jiru. Hangi lilmoo walumagalatti kan hundaa'uu ulfaatina irraayi. Huccuuleen xixiqqoon/haphataan/ lilmoo xixinnoo yogguu barbaadan huccuuleen gurguddoon immoo lilmoo gurguddaa barbaadu.



Fakkii 5.7 gosoota lilmoo garaagaraa (a) Lilmoo maashini wayaa hodhu

(b) Lilmoo harkaan wayaa ittin hodhan

Pins and pincushion: Pins/lilmoo/ gosa lilmoolee keessaa tokkoo ta'ee huccuun yeroo hodhamuu fi muramu bakkaa dhifameerra akka hin sochoonef gargaara. Innis gosa sibila fi mataa irratti qalama kan dibamedha. Gosootni lilmoo kun dherinaa fi furdinaa garaagara. Kanaafuu yeroo isaan fayyadamnu isa mijaa'aa ta'ee filannee fayyadamuu qabna. **Pincushion/booraatii/** lilmoo kaawachuuf gargaara.

a)



b)



Fakkii 5.8 fakkeenya (a)lilmoo/pins/ (b) Booraatii lilmoo /pincushion/

Kaawuuyyaa fi Biiftuu Bishaani: Huccuun osoo hin hodhamin dura ykn erga hodhameen booda maashini hodhaa keessatti haala salphaan sochoosu fi akka hin maramne diriirsuuf gargaara. Huccuu kaawuuyyaadhaan dhawuuf bishaan huccuu irratti bifuu fi mucuceessun dadacha'insa hin barbaachisne uffataa irraa balleessuf gargaara. Akkasumas huccuu kaawuuyyaadhaan dhawuun huccuun akka hin guubanneef gabatee kaawuuyyaan irratti kaa'amu fayyadamuu fi huccuu cunfuun barbaachisaa dha. (fakkii 5.9 armaan gadii ilaali)

a)




b)



Fakkii 5.9 agarsistuu (a)Kaawuuyyaa (a) Gabatee kaawuuyyaa

Golga qubaa fi kirrii galchituu/Thimble and needle threader/

Meeshaaleen hodhaa kunnin harkaan ykn maashinin huccuu hodhuuf baay'ee barbaachisoo dha. Golgaan qubaa yeroo huccuu hodhinu meeshaa quba keenya irraa kaawwannuu ykn uffannuu dha. Innis yeroo wayaa hodhinu lilmoon quba keenya akka hin waraannee fi hin miinee nu gargaara(fakkii 5.10 armaan gadii ilaali). Golgaan qubaa dabalataan kirriin hodhaa yeroo maashinii hodhaa keessa bahu ni fayyada. Kirrii galchituun immoo lilmoo akaakuu kamiyyuu keessatti kirrii galchuu fi baasuf gargaara. Ija lilmoo keessa kirrii erga galchitee booda harkisi achi booda kirriin lilmoo keessa gala.



(a) golgaa qubaa



(b) Kirrii galchiituu

Fakkii 5.10 fakkenya agarsisa

Kirri/thread/: gosa fo.aa qal'oo hucuu hodhuuf kan gargaaruu dha. Akaakuwwan kirrii baay'eetu jira; jirbii(wayaa dhawuuf)ykn carqii(shurraabi hojjachuf) ,uffata naayilanii fi naayilanii sufii(fakkii 5.11 armaan gadii ilaali).



Fakkii 5.11: fakkeenya kirrii jirbii

Gocha 4

Uffata dambii mana baruumsa uffattan ilaala. uffata gosa tokkoo irraa kan hojjatamani dha? Kirriin kofoo fi shurrabni irra hojjataman tokkoo?

koobbee mallatteessitu/Frixion pens/: Meeshaalee mallattoo huccuu irra kaawuf kan gargaaran yoo ta'an, erga itti fayyadamne booda salphaatti haquuf kan mijaa'aniidha(fakkii 5.12 armaan gadii ilaali).



Fakkii 5.12: koobbee mallatteessitu

Zayiita laaffistuu/Lubrication oil/: Maashinootni hodhaa tajaajila yeroo dheeraa akka keennanif walitti fufinsaan kunuunsamu barbaadu. Irra ykn keessa qaama maashinoota hodhaa diibuun ykn qulqulleessun ni barbaachisa. Maashinoota hodhaa diibuu fi qulqulleessuun midhaa irra akka hin geenye kunuunsa isa duraati. Innis rigata qaamolee maashini socho'an giddutti umauu hir'isuuf gargaara(fakkii 5.13 armaan gadii ilaali).



Fakkii 5.13: Zayiita qulqulleessituu maashini hodhaa

Boronqii wayaa hodhaa/tailors chalk/: boronqii wayaa hodhaa(fakkii 5.14 armaan gadii ilaali). Ogeessi wayaa hodhuu huccuu hodhu akka salphaatti mallattoo kaawudhaan safaruudhaan murudhaaf akka qopheessu isa gargaara. Addunyaa wayaa hodhaa keessatti sababni boronqiin hodhaa beekamaa ta'eef meeshaalee garaagaraa irraa waan hojjatuu fi salphaatti badu issati. Boronqiin baruu fi barsisuuf itti fayyadamnu faayidaa kanaaf olu ni danda'a.



Fakkii 5.14: Boronqii wayaa hodhaa

Gocha 5

Huccuu xiqqaa halluu qabeessa ta'ee tokkoo dareetti fidaati boronqii adii fayyadamuun fakkii urjilee shan kaasiti daree keetitti agarsisi.

5.2.4. Meeshaalee hojii huccuuf olan filachuu fi qopheessu

Hojii huccuu keessatti meeshaalee hojii huccudhaaf gargaaran filachuu fi qopheessun hojii isa guddaadha. Qulqullinni meeshaa huccuu hojjachuuf fayyadamnu qulqullina huccuu isa hoojatame ni murteessa. Kanaafu meeshaa isa sirrii ta'ee fayyadamuun qulqullina omisha wayaaf baay'ee murteessaa dha.

1. **Huccuun yeroo uffata hojjannu dhibbaa qaba:** Akaakuu uffata kamiyyuu hojjachuuf gosa huccuu fayyadamnu filachuun baay'ee murteessaa dha. Ulfaatina fi dhifama huccuu dhibbaa qaba.
2. **Meeshaalee hodhaa sirrii ta'an fayyadamu:** Wayaa haawwataa fi filtamaa ta'ee omishuuf meeshaa hodhaa isa sirrii ta'ee fi qulqullina qabu fayyadamuun barbaachisaa dha.
3. **Hojii huccuuf qophaa'uu:** hojiin huccuu qindoomina hojjattoota huccuu hojjatani barbaada. Hojiin huccuu carraadhaan ykn akka feeteen kan hojjatamu miti. Innis qophii xiyyeeffannaa qabu qaamanis ta'ee sammuudhaan baay'ee barbaada. Duraan dursinee meeshaalee barbaachisan gosa gosaan qopheessuuni fi bakkaa bakkaantti kaa'uun barbaachisaa dha. Fakkeenyaaf ogeessi huccuu hodhuu yeroo huccuu safaruu, muruu fi kaawuyyaadhaan dhawuu, badii huccuu irraa akka hin geenyeef xiyyeeffannaa guddaa keennu qaba.

5.3 Huccuu haalleessuu

Huccuu haalleessuu jechuun huccuu qalama adda addaan diibuu jechuu dha. Innis aartii giraafiksii/hojii aartii/ qalamaa adda addaa walittii makuun huccuu diibuu jechuu dha. Huccuu haalleessuun dalagaa akaakuwwan qalama gosa garaa garaa gargaaramuun huccuu diibuu dha.

Gocha 6

Huccuu barattoota daree keeti uffatan ilaalun gosa halluu isaani gargar baasuun garaagarummaa halluu isaani irratti mari'adhaa.

Huccuu haalleessuun uffata bareechuuf, mana bareechuuf fkn golgaa manaa fi uffata gabatee(fakkii 5.15 armaan gadii ilaali). Carraa yaada kalaqaa hijiirraa olchuu banuu fi hojii ogummaa aartii addaatif ni hayyama.



Fakkii 5.15 Gosoota uffataa qalama garaagaraa diibaman.

Gocha 7

Uffatawwaan gabatee mana keessani jiru irratti uffifaman addaan baasun waraqaa irratti fakkii isaani qalamaan fayyadamtani kaasun barsisaa keessaniti agarsisaa.

5.3.1. Huccuu qalama diibuuf qopheessu:

Huccuu haalleessuun qalama diibuu fi huccuu haawwataa taasissuun durattii qophii barbaachisuu raawwachuu gaafata. Qajeelfamootni armaan gadii fuula uffataa dibataaf qophii taasisuuf kan gargaarani dha.

1. **Qalama diibuuf huccuu sirrii ta'ee filachuu:** huccuu haalleessuun kan milkaa'uu danda'uu yoo uffata gosa sirrii fayyadamnee dha. Gosa huccuu sirrii ta,ee filachuun murteessaa dha. Akaakuwwan hojii

huccuu namtolchee fi kan umamaa hedduutu jiru. Garuu quluqullinni gosa hojii huccuu tokkoo isa biraa irraa garaagara.

2. **Huccu qalama diibamuu qopheessu:** Jalqabarratti huccuun qalama diibamuu xurii iraa bilisa gochuuf, cululuqsuuf, yoo keemikaal qabaate fi akka dhifamu miicamu qaba. Lammataarratti immoo uffatichi gogoo fi kaawuyyaadhaan dhawamuu qaba.
3. **Uffataa qalama diibamu iddoo itti qalama diibnuu kaawu:** Iddoon diriiraa ta'ee qalamaa diibuuf mijaawaa fi filatamaa dha. gabatee nyaata irratti nyaannu yookiin meeshaa diriiraa ta, ee kamiyyuu fayyadamu dandeenya.
4. **Halluu qalama filachuu fi qopheeffachuu:** Malootni qalama akaakuu garaagaraa fayyadamuun ittin diiban baay'ee jiru. Filannoon halluu qalama gosa huccuu fi fedhii namaa isa qalama dibsifatuu sanarratti hundaa'a.


Gocha 8

Suuqii qalamni huccuu diibuuf fayyadu ittin gurguramu deemtani daawwachuun, ulaagaalee halluu qalama hucuu irratti diibamu filachuuf olan gaafadhaati barsisaa keessanif gabaasaa.

5. **Qalama isa sirrii diibuu:** Akkuma maloota haalleessuu garaagaraa jiranitti meeshaalee qalama diibuuf gargaaran hedduu jiru. Mallii huccuu haalleessuu dhumarrattii hojii aarti waan ta'uuf baay'ee barbaachisaa dha.

5.3.2. Maloota huccuu haalleessuu bu'uura ta'an

Halleessa Harkaanii /Freehand coloring/: Kuni mala fayyadama meeshaa tokkoo malee harkaan huccuu haalleessuu ykn qalama diibuu dha (fakkii 5.16 armaan gadii ilaali).




Fakkii 5.16: Huccuu harkaan qalama dibuu

Gocha 9

Waraqaa irratti fakkii baala erga kaaste booda koobbee fi qubeessaan fayyadamuun halluu magariisa diibi.

Mala tuqaan qalama diibuu/dot coloring/: yoo qubeessaa qabaatte mala kana salphaatti fayyadamuu dandeenya. mataa qubeessaa isa duuba qalama keessa cuphuun uffata irratti yeroo gadi dhiibne tuqsisnu tuqaa qalama ni argattu. Akkasumas qulqulleessitu gurraa fayyadamuun haaleessuu dandeenya(fakkii 5.17 armaan gadii ilaali).



Fakkii 5.17: **Mala tuqaan ykn qulqulleessitu gurraan qalama diibuu**

Gocha 10

Qalama gosa tokkoo barbaadun mala tuqaan ykn qulqulleessitu gurraan fayyadamuun huccuu xiqqaa irratti haalleessuf yaala.

Haalleessuun Sarara baasuu /Outliner painting/: kuni mala slphaa fuula huccuu irratti al tokkoo erga sararri sarame booda, diizaayiiniin hundi kan ittin hojjatamu dha. Innis sarartuu qalama qal'aadhaan fayyadamuun ta'uu danda'a(fakkii 5.18 armaan gadii ilaali).



Fakkii 5.18: **sarara baasuun huccuu haalleessuu/outliner painting/**

Haalleessaa Biiffaa /Spray coloring/: diizaayiinii fuula huccuu irratti hojjachuuf qaruura xiqqoo keessatti halluu erga naqxani booda, istroo juusii ittin dhugan fayyadamuun diizaayiiniingochuu dha (fakkii 5.19 armaan gadii ilaali). Namni tokkoo qalama uffata huccuu irratti beefamu bituun ykn dabalata qalama biraa qalama duraan diibame irratti biifuu ni danda'a. yeroo qalama biiftuu qalamni biifamu fayyaa keeti irratti midhaa geessisu waan danda'uuf, haaguuduu fuula fayyadamuun barbaachisaa dha. Sababni isaa keemikaalichii fuulaa, ijaa fi afaan keessatti yoo qubate fayyaa miidhuu waan danda'uufi.



Fakkii 5.19 mala biifuudhaan haalleessuu

Halleessaa haguguu /Block coloring/: Mala hagugani qalama qalama diibuudhaaf chaappaan fayyadamna. Chaappaa irratti qalama diibnee huccuu irratti gadi qabachuun chaappeessuu dha. Kuduraan fayyadamani mala haguguun qalama dibuun mala isa salphaa dha. Fakkeenya dinnichaadhan fayyadamnee chaappeessun ni danda'ama. Chaappaa muka irra hojjatameen fayyadamne qubeewwan, bocaalee garaagaraa, fi mallattoo kamiyyuu hojjachuuf fayyadamu dandeenya (fakkii 5.20 armaan gadii ilaali).





Fakkii 5.20: Mala haguguun qalama diibuu/block coloring/

Gocha 11

Muka irra chaappaa erga qopheeffattani booda, mala haguguun fayyadamuun qqalama dibuu shaakalaa.

Haallesaa baay’istuun/stencil coloring/: kuni mala haalleessuu huccuu baayee filatamaa dha. Baay’iistuun hojii huccuu haalleessuu salphaa taasisa. Salphumattii baay’istuu huccuu irratti erga bocne keenye booda, Biruushii qalamaa ykn ispoonjii qalama tuqsisuun uffata diibuu dha. Diizaayiniin wal fakkaataa hojjachuu irraa deddebi’ii hojjadhuu. Fakkeenyaaf fuuldura qomee /T-shirt / irrattii chaappeessi, fakkin diizaayiniin baay’istuu sana qomee/ T-shirt/ irratti hafa. Huccuu jalatti qalamni akka hin darbineef waraqaa ykn meeshaa kaawuun, booda boca baay’istuu qomee irratti of eggannoon gadi qabsisu dha(fakkii 5.21 armaan gadii ilaali).



Fakkii 5.21: Qomee/T-shirt/ mala baay’istuu fayyadamuun dibame.

Ergasiin booda duuba baay’istuu halluu biiiftuun itti bifuun akka inni maxxanuu fi halluu barbaadame qabaachuu danda’u godhi. Erga haalleeffame booda of eggannoodhaan irraa kaasuun qomee/T-shirt/ harka isa biraatin qabi.

Halleessaa qubaa/Finger coloring/: Malli kun hojii irraa kan oolu yoo burushiin hin jirraanneedha. Qubni hojii artii bareedaa uumuu danda’a. Quba nama tokkoon kallattidhumaan huccuu halleessuun gocha baayyee awwataadha(fakkii 5.22 armaan gadii ilaali).



Fakkii5.22: Halleessaa qubaa

Gocha 12

Kutaa keessaatti quba keetiin huccuu cituu halleessi.

Halleessa tokkoo-haxaa’uu/one-stroke coloring/: Malli kun mala baayyee bareedaadha-namni haaraan reefuu jalqabu iyyuu mala kana sirriitti fayyadamuu danda’a. Keessumaa abaaboo diizaa’inii gaarii hojjechuu danda’a. Salphaamatti burushii battee halluu cuubuun huccuu irraa keessee haxaa’uun abaaboo, baalafi dizaa’inii addaa addaa haalleesuudha(fakkii

5.23. armaan gadii ilaali). Halluu gosa tokkoo ykn gaaddisa halluu baayyee burushii cuubuun halleessuun ni dandaa'ama.



Fakkii 5.23: Halleessa tokkoo-haxaa'uu

Halleessa Aduu/Sun coloring/: Malli kun mala uumamaafi adeemsa bu'uura halluu huccuu, dibuuti.

Mala kun firii dhumaa argachuuf annisaa aduutti fayyadama. Huccuu baala, baalleefi abaaboo halluu uffataa cuubuun halleessi(fakkii 5.24 bellow).



Fakkii 5.24: Halleessa Aduu

Kanaan booda, kallattiidhaan akkaataa dizaa'inii bareeduu danda'uun aduu keessaa kaa'uudha. Amma inni sirriitti gogutti aduudhuma keessaa tursi. Yeroo qabiyyeen isaa irraa gadi dhiisu, naannoon halleeffame kun bareedaa (ifaa)fi halluu kan gadhiisee ykn lallaafaa fakkatee mullata.

5.3.3. Meeshaalee Huccuu halleessuuf gargaaran

Malla huccuu halleessuu inni baayyee beekamaan burushii halluu gargaaramuun huccuu irratti, akkuma bifa waraqaa irratti naqamutti, halluu huccuu irratti naquudha. Namoonni muraasni huccuu irratti boca haalaa foya'an baayisuun ykn dabarsuun keessumaa yommuu boca wal-xaxaa kaafamu fayida qabeessaa jedhu. Namoonni muraasni huccuu halleessuuf burushii malee meeshaalee garaa garaatti akka ispoonjii, gangalataa(roller) fi chaapaa gargaaramu. Meeshaalee huccuu halleessuuf gargaaran keessaa muraasni armaan gaditti tarreeffamanii jiru.

- **Buushii haluu /Color bush/** – Kan fiixee batteefi geengoo, dheerina garaa garaa kan qaban fayyadamuu dandeenya(fakkii 5.25 armaan gadii ilaali).



Fakkii 5.25: Buushii haluu batteefi geengoo

- **Ispoonjii/ Burushii foomii(qulleessuufi miicuuf)**



Fakkii 5.26: Buushii ispoonjii

Buushii Ilkaanii



Fakkii 5.27: Buushii ilkaanii biifuuf gargaaru

- **Konteenera Bishaanii (halluu walitti makuu ykn wayyaa sukkumuf)** Kokonteenera banaa kam iyyuu fayyadamuu dandeenya.



Fakkii 5.28: Konteenera bishaanii

- **Pilaastika haguugduu: eegumsa iddoo hojiif gargaara:** Aguugduu battee pilaastika irraa hojjetame kam iyyuu fayidaa kanaaf ooluu ni danda'a.




Fakkii 5.29: Pilaastika haguugduu

- **Marxoo:** Yeroo halluun dibamu uffatatti cophi qalamaa akka hin cophne dhorka.



Fakkii 5.30: Marxoo ufatamu

- **Paaletii halluu:** qalama walitti dabaluuf gargaara



Fakkii 5.31: Paaletii halluu

- **Fooxaa waraqaa (Papar towels):** qulleessuuf gargaara. Fooxaan mana fincaanii fayidaa kanaaf ooluu ni danda'a.



Fakkii 5.32: Fooxaa waraqaa

Erga qophaa'ee booda, huccuu muraasni arkaan miicamu, kanneen biroon immoo maashiniidhaan miicamu. Yeroo hunda huccuu keessaa alatti miici akkasumas, yeroo gogsitu ifa aduutti kallattiin hin baasin. Ufata bishaan ho'aa keessatti hi sukkumin ykn bishaan ho'aa keessaatti hin miicin.

5.4. Ogummaa Harkaa

Gaaffii xinxalaa

lilmoofi kirrii gargaaramuun dalagaalee akkamitu dalagama?

5.4.1. Ogummaa Harkaa

Yaadni bizinesii hucuu manaa qopheessuu garrin isa kami?

Uccuun manaa, qama guddaa gabaa hojii huccuu keessaa tokko ta'ee dame garaa garaa ballaa kan of keessatti qabatu meeshaaleemana bareechan, golgaa manaa, hafaa manaa, meeshhalee alawaadaa(kitchen), ufata minjaala, ufata siree, ufata qaama dhiqannaaf gargaaranfi kkf dha.

Bizinesii hucuulee manaa qopheessuu bu'aalee armaan gaditti tarreeffaman qaba.

- Carraa Bizinesii madda galii itti fufiinsa qabu, guyyaa guutuu hojjechuun danda'am uuma.
- Yeroo undaa, baasii xiqqoodhaan galii biizinesii guuddaa argamsiisa.
- Dandeettii biraandii bizinesii xiqaa keetti gara sadarkaa biyyaalessaatti guddiisuu.
- Miidiyaalee hawwaasaa beeksisuun maamila horachuuf salphaadha.
- Jiilmaa kan gurguraniifi kan dhiyeessan qunnamuun galii guddisuun salphaadha.
- Biizinesii yeroo dheeraafi kan hin dhumneedha(fakkii 5.33 arman gadii ilaali).

Gocha 13

Naannoo keetti ogummaa hojii harkaa isa kam beekta? Muraasa isaanii fakkii kaasii barattoota kutaa keetti agarsiisi.



Fakkii 5.33. Oomisha uccuu garaa garaa

Cuunfaa boqonnaa 5

Qaamni tokkooffaan boqonnaa kanaa waa'ee uccuu hojjechuuti. Hojiin huccuu waa'ee oomishaa ufataa huccuu gosa garaa garaa irraa qopheessuti. Innis dizaa'inii fi oomisha ufata isa xumuraa of keessaatti hammata. Hojiin huccuu sadarkaa adeemsa yaada diizaayiinii baasuu irraa jalqabee hanga uffatni hojjatamee xumuramuu kan jiru dha. Hojiin huccuu kan of keessatti qabatu adeemsa duraa dubaa carqii filachuu, diizaayinii gochuu, muruu, walittii qabsisuu, hodhuu, mirkaneessuu, kaawuyaa dhahuu fi haguguun raabsaaf dhiyeessu. Hojiin huccuu, mashina hodhaan kan qaama bayyee qabu gargaaramuun huccuu kirridhaan wal qabsiisu of keessaatti qabata. Hodhaan kan of keessatti qabatu meeshaa akka lilmoo, safartuu teeppii, kirrii, qubeessaa, boronqii fi meeshaa biro fa'i. Meshaalee kana haala gaariin itti fayyadamuun gaariidha. Ufata hojjechuun gadi fageenyaan itti yaaduu, meeshaaleefi qophii qaamaa gaha barbaada. Hojii huccuu hojjechuu keessatti meshaa barbaachisan filachuunis barbaachisaadha. Sababiin isaas, meshaaleen itti fayyadamne qulqullina oomisha huccuu isa dhumaa ni murteessu.

Huccuu hojjechuun halleessuu of keessatti hammata. Halleessuun huccuu irratti halluu naquudha. Halleessuu kan fayyadamnuu uffatoota akka golgaa manaa, ufata gabate, fi kkf bareechuuf fayyada. Qohiin halleessuu kan of keessatti qabatu ufata filachuufi qopheessuu, bakka itti halleeffamu adda baasuu, halluu filachuufi yeroo halleessinu of eeggannoo gochuu.

Gosoota halleessuu addaa addatu jiru. Warren baayyee beekamoon harkaan, tuqaan, sarara baasuun, bii fuun, haguuguun, baayistuun, qubaan, aduufi tokko haxaa'uufaadha. Tokkoo tokoon halleessuu mala murta'a mataa isaanii qabu. Akkasumas, mala murta'a kana sirriitti fayyadamuun halleessuu qulqullina qabu uumuudhaaf baayyee barbaachisaadha. Meeshaaleen halleessuuf

gargaaran burushii gosa garaa garaa, konteenera bishaanii, aguugduu, fooxaa, waraqaaykn uffata fooxaa.

Kutaa lammaffan boqonnaa kanaa waa'ee ogummaa harkaa ti. Ogummaan harkaa lilmoofi kirrii oomisha huccuu kan akka huccuu citaa irratti fayyadamuun hojjetama. Ogummaan harkaa bareechuufi awwataa gochuuf oola

Gaaffii xumuraa boqonnaa 5

I.Gaaffilee armaan gadiitiif hima sirrii yoo ta'an "Dhugaa" yoo hin taane immoo "Soba" jechuun deebisi.

1. Hojiin huccuu uffata hodhuufi mashina hodhaa fayyadamuu of keessaatti qabqta.
2. Hodhaan, ogummaa maashina qofa gargaaramuun huccuu walitti hodhuu of keessatti qabata.
3. Maashiniin hodhaa hedduun qajeelfama itti dalagan(guidelines)qabu.
4. Huccuu hojjechuu keessatti meeshaalee sirrii filachuun barbaachisaa miti.
5. Yeroo huccuu halluu dibnu, huccuu filachuun barbaachisaadha.
6. Gost huccuu filannaa halluu irraatti dhiibbaa hi qabu
7. Laafistuun huccuu burushii ispoonjii huccuu halluu dibuuf gargaaruudha.

II. Gaafilee armaan gadiitti kennaman qubee deebii sirri qabate filachuun itti mari.

- Kanneen armaan gadii keessaa fayidaan maqasii kami?

A. Hodhuu B. Muruu C. Fakkii kaasuuf D. Halleessuuf
- Mala halleessa huccuu armaan gadii keessaa kamtu burushii hin gargaaramu?

A. Tokkoo haxaa'uu B. Qubaa

C. Baayistuu D. sararaan baasuun
- Jechoonni 'Chaappaa, Muka golee, dinnicha geengoo....' Kan itti hidhatu kamitti?

A. Halleessuu hidhaa- halluu B. Halleessuu qubaa

C. Halleessuu haguuga D. Halleessuu aduu
- _____n maashina hodhaa keessaatti lilmoo maashina hodhaa oliifi gadi deemsisuuf gargaara.

A. Naannessituu harkaa B. Bakaraa

C. Bantuufi cuuftuu D. Martuu

III. Gaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii barreessi.

- Gochaalee hojii huccuu keessaatti barbaachisan yoo xiqqaatee afur barreessi.
- Gochaalee namni huccuu hodhuu tokkoo osoo hodhuu hin eegalin raawwachuu qabu maal fa'i?

BOQONNAA

6

6. CARRAA HOJII MIRKANEESSU

Bu'aalee Barannoo

Xumuura barnoota kanaan booda:

- Carraa hojiif hiikakeennu
- Waay'ee gabaa human ni ibsu
- Carraa hojii ofiin umuu maal jechuu akka ta'e hiika ni keennu
- Garaagarummaa human namaa akka naannoo isaani fi sadarkaa biyyooleessaati gidduu jiru addaan ni baasu.

FURTUU JECHOOTAA IJOO

Carraa hojii: carraa hojii ofiin jiraachisuf argachuu jechuu dha.

Carraa hojii ofiin umuu: qacaramani hojjachuu irraa hojii ofiin umani hojjachuu jechuu dha.

Gabaa humna namaa: mala hojjataa fi hojjachisaan carraa hojii umuuf ittin wal argani dha.

Tola oltummaa: dalagaa tokkoo kaffalti malee bilisaan hojjachuu jechuu dha.

6.1. Carraa hojii

Gaaffii xinxalaa

akaakuwwan hojii hawaasni naannoo keessani bu'aa irraa argachuuf ittin hirmaatu tarreessi.

Gabaabumatti carraa hojii jechuun hojii hojjatani galii argachuun of jiraachisu jechuu dha. Namni tokkoo gosa hojii qabeessa ta'ee tokkoo keessatti ykn gocha waan bu'aa argamsisu tokkoo oomisha ykn tajaajila keennu keessatti hirmaate deebi'ee namichii hojii hojjateef galii maallaqa ykn meeshaa yoo argatee carraa hojii jeedhama.

Gocha 1

Akka hubannoo keetitti hojii ofiin umani hojjachuun of jiraachisuuf filatamaa dha?

Gosotni carraa hojii akaakuwwan lamatu jiru. Carraa hojii mindaa fi carraa hojiin uumame. Gosootni carraa hojii lamaanu nama dhunfaa fi hawaasaaf baay'ee barbaachisoo dha. Carraa hojii ofiin ummachuu jechuun, hojii nama biraaf mindaan ykn kaffaltiin qacaramani hojjachuu irraa carraa hojii ofiin umani hojjachuu jechuu dha. kunis sochii dhunfaan ykn gareen namootni namoota kan biraaf qacaramani hojjachuu irra galii burqisisuuf kallattidhaan oomisha isaani gurguruudhaan ta'a.

Faayidaan inni guddaan hojii ofiin uumanii hojjachuun, yeroo baay'ee bilisummaa hojii olaanaa qabaachu fi jijjiramaaf salphaa ta'u isaati. Namoonni carraa hojii ofiin umani hojjatan faayidaalee kan akka waan jaalatan hojjachuu, hojii isaani yeroo barbaadanin hojjachuu, maal akka hojjachuu qaban ykn hojjachuu hin qabne ofiin murteesu fi hojicha gara gosa hojii kan biraatti jijjiruu ykn yeroo barbaadanitti akk dhaaban isaanif hayyama. Faayidaalee carraa hojii ofiin uumuu keessaa inni tokkoo ofiif hojii ummachuu danda'uu fi hojii nama biraaf umuu dha. Carraa hojii ofiin umuun abban hojii galii argatuun of jiraachisuu kan danda'uu yommuu ta,uu, dabalataan immoo gama faayinaansiin of danda'aa isa taasisa.

6.1.1. Gabaa Humna Namaa

Gocha 2

Yaad rimeen human namaa fi gabaa jedhu maal jechuu dha? Deebii keessan barsisaa kessanif barreeffamaan agarsisaa.

Gabaa human namaa: jechuun mala namoota dandeetti nama biraa qacarani hojjachisuu danda'ni nama qacaramee hojjachuu barbaadu kan walitti fidu dha. Kanaaf gabaan human namaa nama qacaraa fi qacaramaa of keessatti qabata. Gabaa human namaa keessatti hojjachisaan namoota dandeetti fi ogummaa hojii kan qaban yommu barbaadu, namoonni dandeetti fi ogummaa hojii kan qaban immoo of ittin of jiraachisuf hojii barbaadu. Gabaan human namaa kan naannoo kan inni bakka bu'u, garee hojii kanneen nama hojii hin qabne naannoo tokkoo keessatti jiraatan fageenya dheeraa osoo hin deemin achuma iddoo ittin jiraatan keessatti carraa hojiif iyyannoo galchuun kan ittin argatani hojjatani dha. Naannoon ykn magaalaan ati keessa jiraattu, yoo carraalee hojii adda addaa fi namoota ogummaa fi dandeetti hojii hojjachuu qaban of keessaa qabaatee gabaa human namaa kan naannoo dha.

Yeroo ammaa Itiyoophiyaa keessatti, hundeeffamni abaaboo dhaabuu, qonna iskeelii guddaa, babal'ina dhaabbilee oomisha kan akka warshaa sukkaara,ijaarsa karaa baadiyyaa, telekoominiikeeshinii, elektrisiitii, tiraaktaraan qotuu fi midhaan maashinaan sassaabuufi kkf. Magaalaaf baadiyyaa keessatti carraaleen hojii hawwatoo ta'an umamuu qabu.

Gocha 3

Naannoo keessanitti wantootni carraa hojii ofin umuu kan dandeessisan maal fa'i?

6.2.Hojii Tola Oltummaa

Gaaffii xinxalaa

Hojii tola oltummaa jechuun siif maal jechuu dha?

6.2.1.Hojiin tola oltummaa ykn tola oltummaa maali?

Wayita namni tokkoo yeroo isaa/ishee, human, keennaa umamaa isaatin hawaasa, garee murtaa’e ykn dhaabbata tokkoo, galii tokkoo malee yeroo keennu namichi tola oltummaa ykn hojii tola oltummaa keessatti hirmaachaa jiraa jechuu dandeenya. Innis fedhidhaan kaffaaltii tokkoo malee namoota biraaf tajaajila keennu ykn namootni biro tajaajila bilisaan akka keennan affeeruu of keessatti qabata. Hiika biraatin hojiin tola oltummaa **tajaajila bilisaa** jeedhama.

Tola oltoonni karaa ogummaa, beekumsaa fi muxannoo isaani garaa garaan hawaasaaf gargaarsa keennu. Fakkeenyaaf yeroo baay’ee dargaggoonni kaka’umsaa fi fedhii mataa isaanitin mana jaarsolii dullooman yeroo haroomsan argina. Akkasumas ogeessonni fayyaa bufataale fayyaa kan akka hospitaalaa keessatti, waggaatti al tokkoo ykn al lama tajaajila bilisaa human dhabeeyyiif yeroo isaan keennan argina. Yeroo tokko tokkoo immoo ogeessonni seeraa namoota galii gadi’aana qabaniif tajaajila seeraa bilisaan yeroo keennan ilaalla. Yeroo kaan immoo dargaggoonni dhiiraa fi dubara walittii dhufuun dhukkubsattoota HIV dhaan hanga mana isaani dhaquudhaan deeggarsa oggaa godhan argina. Kanneen armaan olitti eeraman hundi fakkeenyoota hojii tola oltummaa fedhiidhaan harka qalleeyyii gargaaruu fi guddina hawaasaaf kaffalti malee gumaacha taasisu dha.

6.2.2.Hojii Tolaoltummaa keessatti maalif hirmaannaa?

Tola oltummaan faayidaalee heddu qaba. Kunis namoota tola oltummaa keessatti hirmaatanif akka of gammachisan, dandeetti qaban akka hojii irraa olchani fi ogummaa haaraa akka hooratan isaan taasisa. Dabalataan immoo muuxannoo carraa hojii argachuuf garghaaruu akk guddisan haala mijeessa. Namoota tola oltummaan tajaajila keennanif dandeetti fi ogummaa mana baruumsarraa argatan hojii irraa olchuun ofitti amanummaa isaani

ni dabalaaf. Akkasumas namoota qacaran biraatti hojiin tola oltummaa ka'uumsa amanamuummaa fi dedhii milkaa'ina cimaa hawaasaaf qaban waan agarsisuuf qacaramuuf filatamoo fi dursa

akka argatan isaan taasisa. Tola oltummaan cinaatti carraa hawaasaa biraa waliin akka wal barani fi hiriyoota haarawaa akk hooratan fi ogummaa hojii kan biraa guddisanis isaan taasisa. Ademsa tajaajila bilisaa keessatti, lammileen gochoota guddina hawaasa mirkaneessan irraa akka hirmaatan carraa keenna.

Cuunfaa boqonnaa 6

Carraan hojii gabaa humna namaa keessatti carraa hojii ykn galii argachuuf hojii qabaachujechuu dha. Gabaan humna namaa kan of keessatti qabatu, qacaraa(namoota/dhaabbilee maallaqaan nama qacarani hojjachisan) fi qacaramtoota(namoota dandeetti fi ogummaa qabaatani hojii barbaadan). Gabaan human namaa hojjataa fi hojjachisaa kan walittii fidu dha. Gabaan humna namaa kan naannoo(bakka Ji'oograafii xiqqaadhaan kan daangeeffame) fi kan biyyaaleessaa(naannoolee biyyatti hunda of keessatti hammata). Gabaan human namaa madda carraa hojiiti.

Akaakuwwan carraalee hojii lamatu jiru. Isaanis gosa hojii mindeffamaa fi carraa hojii ofin uumani hojjachuu yeroo ta'an, kannenis fooyya'ina jireenya dhunfaa fi guddina hawaasaaf baay'ee barbaachisaa dha. Carraa hojii ofin ummachuu jechuun namni tokkoo mindeeffame hojjachuu irraa ofii isaatin hojii uumee hojjachuun galii argachuu jechuu dha. Kunis hojii daldalaa na,a dhunfaa(business owned by a single person); miseensummaa sharikummaa(bizinasii nama lama ykn nama lamaa oliin hundaa'uu (business established by two or more persons)) fi dhaabbata dhunfaa itti gaafatamummaan is murtaawaa ta'ee(biiziinasii garee namoota tokkoo garee namoota sheerii fi dirqama kaffaltii liiqii murtaawaa(business owned by one or group of persons with shares and limited debt payment obligation)) fi hojii kontiraata dhunfaan hojjachuu of keessatti qabata.

Hojii ofiin umani hojjachuun namoonni gaggeessaa mataa isaani akka ta'anif isaan fayyada; gosa hojii filannoo isaani namoota biraa wajjiin akka hojjatani fi milkaa'ina isaanitin akka boonan isaan taasisa. Namoonni tola oltummaan hojjatan muxannoo hojii ni argatu.

Gafilee Xumura Boqonnaa

I. Gafilee armaan gadiif kan sirrii ta'ee “dhugaa” kan sirrii hin taanee immoo “sobaa” jechuun barreessi.

1. Carraan hojii mala jireenyaaf galii ittin argachuu dandeenyuu dha.
2. Meeshaaleni fi tajaajilli namoonni ittin namoonni ittin fayyadaman bu'aa hojii omishtummaati
3. Carraa hojii ofiin umuu jechuun namoota biraaf qacaramani hojjachuu jechuu dha.
4. Gabaan human namaa keennaa umamaa, dandeetti fi muuxannoo bitachuu fi gurguruu of keessatti hin qabatu.

II. Gafilee armaan gadiitti dhiyaatanif filannoowwan keennaman keessaa filachuun is deebii sirrii ta'een guuti.

1. Tola oltummaan:
 - A. Hawaasaaf kaffalti malee tajaajila keennu dha.
 - B. Hojii ofiin umuun hawaasa tajaajilu dha.
 - C. Tajaajila hawaasaaf bilisaan keennu dha
 - D. Mindaa argachuuf hojjachuu dha.
2. Gabaan humna namaa kan _____ iddoo Ji'oograafii xiqqaadhaan kan daangeeffame dha.

A. Naannoo	C. Magaalaa
B. Biyyaalessaa	D. Baadiyyaa

III. Gafilee armaan gadii barreeffamaan deebisi.

1. Garaagarummaa hojii ofiin umuun hojjachuu fi namoota biraaf mindaan qacaramani hojjachuu gidduu gidduu jiru yoo xiqqaatee lama baareessi.
2. Garaagarummaa gabaa humna namaa baadiyyaa fi kan magaalaa gidduu jiru yoo xiqqaatee lama baareessi.

BOQONNAA

7

7. HOJIIF GAHOOMSUU

Xinxala Barannoon Duraa

Xumuura barnoota kanaan booda barattootni:

- Hojiif gahoomsuun maal akka ta'ee hiika keennu.
- Ogummaalee gahuumsa hojii qabaachuf gargaaran ni ibsu.
- Ogummaalee gahuumsa hojii isaani gochaan agarsisu.
- Odeeffannoo dhunfaa(curriculum vitae/CV/ qopheessu).
- Xalayaa iyyannoo hojii ni barreessu.

Jechoota Ijoo

Hojiif Gahoomsu: Dandeetti hojii nama tokkoo akka qacarrii hojii jalqabaaf filatamaa ta'uu qopheessu dha.

Ogummaalee Gahuumsa Hojii: Gosa ogummaa teekinikaa kan hin taanee ta'ee, carraa hojii argachuu fi itti fufuuf kan barbaadamu dha.

Odeeffannoo Dhunfaa: Dokimantii ogummaa fi sadarkaa barnoota nama dhunfaa tokkoo carraa hojidaaaf fudhatama akka argatu muraasaan kan ibsu dha.

7.1. Hiika hojiif Gahoomsuu

Gaaffii xinxalaa

Namni tokkoo yoo “ani hojii hojjachuuf qophaa’aa dha” jedhu maal jechuu isaati?

Boqonnaa jah keessatti carraa hojii jechuun galii argachuuf bifoote carraa hojii lamaan(qacaramuu fi ofiin umuu) hojii argachuu akka ta’ee barachuun keenya ni yaadatamaa. Namoonni carraa hojii argachuuf, beekumsa qabaachu,ogummaa fi dandeetti sadarkaa hojiitiif ta’uu guttachu fi muuxannoo hojii walittii dhiyaatu qabaachu dha.

Hojiif gahoomsuun, dandeetti hojii hojjachu nama tokkoo akka carraa hojii jalqabaaf filatamaa ta’uu qopheessu jechuu dha. Hojiif gahoomsuun kan of keessatti qabatu, ulaagaalee namni tokkoo dorgomaa fi moo’aa isa taasisan ogummaalee garaa garaa, dandeetti fi gahuumsa dhunfaa fa’i. Hojiif gahoomsuun dandeetti ofitti amanummaa, miira injifannoo, fi milkaa’ina olaanaa ijaara.

Hojiif gahoomsuun kan irratti hunaa’uu, beekumsa qabdu(maal akka beektu, odeeffannoo fi hubannoo ati qabdu);ogummaa qabdu(beekumsa qabdu fayyadamuun wanta ati hojjattuu-ogummaa teknikaalawaa); Ilaalcha ati qabdu(haala namoota ittin dhiyaattu, ilaalcha gaari ykn badaa, jaalalaan ykn jibbaan) fi karaa namni tokkoo dandeetti isaa nama ykn dhaabbata isa qacareef ittin ibsu(afaanin ykn barreeffamaan quunnamuu).

7.2. Dandeetti Gahuumsa Hojii

Akkuma boqonnaawwaa darban keessatti ilaallee, namoonni carraa hojii argachuuf kaka’uumsa qaban dandeettii teknikaalawaa fi waligalaa qabaachu qabu. Kana yoo ta’ee qofa karaa salphaan hojii argachhuu fi itti fufuu danda’u.

Gocha 1

Garaagarummaan hojiif gahoomsuu fi carraa hojii giduu jiru erga barreessitani booda deebii keessan barsisaa keessanif gabaasaa.

Dandeettiwwan gahuumsa hojii kan jeedhaman garee dandeetti teknikaa kan hin taanee, beekumsaa fi hubannoo hojii argachuu fi itti fufuuf barbaachisani dha. Dandeettiwwan gahuumsa hojii seektaroota hojii kamiyyuu keessatti faayidaa qabeessaa fi nama hojirratti bobaa'ee tokkoo iddoo hojii isaa fi jireenya isaa keessatti akka milkaa'uu isaa gargaaruu. Dandeettiwwan barbaachiisaa ta'an kan akka haala namootaan ittin dhiyaatu, gahuumsa dhunfaa kannen akka obsaa fi kutannoo, fi safuulee kabaja namaaf laachuu amanamummaa fi kkf.

Dandeettiwwan gahuumsa carraa hojiif barbaachisani fi ogummaa hojii tokkoo guddisuuf gargaaran ulaagaaleen saddeeti akka armaan gadittii eeramani jiru.

1. Of gahoomsu(personal development):

Gabaabumatti ofii fi namoota biroo irraa wantoota gahuumsa hojiif gargaaran caalmaatti argachuu dha. Innis galma ofii guddisuu, dandeetti fi cimina ofii sakatta'u, ulaagaa ogummaa waliin wal madaalchisu, hanqina jiruu addaan baasuu fi hanqinicha guutuu fi kkf of keessatti qabata.

2. Wal-qunnamti (communication):

Wal-qunnamti jechuun odeeffannoo qaama tokkoo irraa gara qaama biraatti karaa adda addatin fayyadamuun fakkeenyaaf bifa haasawaan ykn barreeffamaan, sochii qaamatin, mallattoo adda addaa fayyadamuun mala namoota gidduutti hubannoo waliin ittin umnuu ykn ergaa ittin argannuu fi dabarsinu dha. Innis waan hiika qabeessa ta'e tokkoo waliif hiiruu dha. Walqunnamtiin karaa lamaan gaggeeffama. Isaanis haasawaan(verbal) fi aflaattoon(non verbal)

waldubbii**Al-waldubbii****Wal-quunnamtii****Fakkii 7.1: garaagarummaa walqunnamti haasawaa fi aflaattoo****Gocha 2**

Garaagarummaan himoota “ammuma hojjadhu”jedhu fi
 “haatattamaan hojjadhu” jedhu gidduutti jiru maali?

3. Gamtaan Hojjachuu(teamwork):

Gamtaan hojjachuu jechuun dandeetti namoota biroo waliin ykn garee wajjiin wali galteedhaan hojii tokkoo hojjachuuf qabani dha(fakkii 7.2armaan gadii ilaali)

**Fakkii 7.2 Gamtaan hojjachuu**

Gocha 3

Kubbaa miila taphachuun hojii gantaa dha? Yoo ta,ee, wanti hojii garee isa taasisu maali?

4. **Rakkoo furuu(problem solving):** kunis waay'ee rakkoon tokkoo maalif uammee fi akkamitti rakkoo sana furuun danda,ama kan jedhu dha.
5. **Kaka'umsaa(Initiative):** kaka'umsi cimina ykn carraa waa hojjachuuf namoota biro dursanii raawwachuf tattaafachu dha.
6. **Dandeetti Teeknolojii haarawaa Fayyadamuu:** jechuun namni tokkoo teeknolojii jiru isa haarawaa waliin wal qabsisuun, karaa oomishtummaa guddisuu danda'aamuun itti fayyadamuu dha. Teeknolojiin ogummaa jireenya isa baay'ee barbaachisu dha.

Gocha 4

Jireenya keenyaa keessatti, dandeettiin teeknolojiin fayyadamuun maalif barbaachisa? Deebii keessan barsisaa keessanif agarsisaa.

7. **Karoorsuu fi Qindeessuu (planning and organizing):** Karoorsuu fi Qindeessuun Dandeetti gochaalee addaan baasu,duraa-duuba isaanin kaa'uu, yeroo raawwi isaani murteessu fi yeroo murtaa'een raawwachuu of keessatti qabata. Dandeetti karoorsuu fi qindeessuu keessan gochaalee guyyaa guyyaan raawwattu sagantaan baasun, ta'insa qindeessu kan akka guyyaa maati(parents day), karoora qu'annaa qabaachuu(having a study plan on paper) fi kkf keessatti hirmaachuun guddisuu ni dandeessu.

Gocha 5

Sagantaan yeroo mana baruumsaa keessani karoora? Karoora qu'naa keessani qopheessaati barsisaa keessanif agrsisaa.

8. **Of bulchuu (self management):** of bulchuu jechuun dandeetti namni tokkoo miira isaa, yaada isaa fi amala isaa haalota garaa garaa keessatti ittin to'atu dha. Of bulchuun, dandeetti ofi, ciminaa fi dadhabina ofi, waan jaalatani fi jibban, soonaa fi amantaa, miiraa ofii beekuu kkf irraa jalqaba.

Gocha 6

Babal'inni HIV AIDSii dandeetti of bulchuu wajjiin akkamitti wal qabata?

Odeeffannoo Dhunfaa(curriculum vitae/CV/): Dokimantii ogummaa fi sadarkaa barnoota nama dhunfaa tokkoo gadi fageenyaan ibsuun carraa hojidaaf fudhatama akka argatu kan taasisu dha. Odeeffannoon Dhunfaa odeeffannoowwan ijoo nama tokkoo kan akka enyummaa nama sana(maqaa,umrii,saala,teessoo, imeeyili,lakk.bilbilaa fi kkf), sadarkaa barootaa,muuxannoo hojii fi dandeettiwwan biro fi kkf.

7.3. Odeeffannoo Dhunfaa(curriculum vitae/CV/) Qopheessuu:

Gabatee 7.1: fakkenya odeeffannoo dhunfaa barattota sadarkaa tokkoffaaf

Odeeffannoo Dhunfaa(curriculum vitae/CV/)

Maqaa: _____

Teessoo: Finfinnee

Lakk Bilbilaa: _____

Imeeyiilii: _____ \

Dandeetti muraasan:

- Mandubeetti biqiloota kunnunsu, hoorsisa lukkuu, maati gargaruu fi kkf.
- Hawwii
- Kubbaa milaa taphachuu, tenisii taphachuu, pulii taphachuu, fi kkf.

Ragaa:

Obbo/Addee _____ barsisaa Ab daree gola keenyaa, lakk. bilbilaa.

Gocha 7

Fakkeenya odeeffannoo dhunfaa armaan olii irratti hundaa'uun, odeeffannoo dhunfaa(CV) salphaa mataa keessani qopheessaa.

7.4. Xalayaa iyyannoo hojii qopheessu (job application letter)

Xalayaan iyyannoo, nama hojii qacaramudhaaf barbaadu tokkoo, nama ykn dhaabbata namoota beekumsaa fi dandeetti hojii qaban qacaree hojjachisuuf hojii akka isaa qacaruuf ittin iyyatuu dha. Gabaabumatti xalayaan iyyannoo seenaa, danddeetti ogummaa fi fedhii dhunfaa nama hojiif iyyatu kan agarsissu dha. Kaayyoon xalayaa iyyannoo hojii inni guddaan, dhimma odeeffannoo dhunfaa keessatti ibsamee cimsuu fi fedhii nama dubbisuu odeeffannoo dhunfaa(CV) akka bane dubbisu gochu dha.

7.4.1. Xalayaa Iyyannoo Hojii(cover letter):

Xalayaa iyyannoo hojii bakka hojii beeksisa bayeef:

Kabajamaa/kabajamoo or addee,

Kuni xalayaa iyyannoo hojii iddoo hojii XYZ tif beeksisa toora interneetiin ykn gaazexaadhaan baheef iyyachuudhaafi. Maqaan koo Adaanach huseen jedhama. Sadarkaan baruumsa kooti kutaa 7^{ffaa} kan xumuree yommuu ta'uu, fedhiin koo dandeetti hojii hojjachuu kooti foyyeessu dha. Baruumsa kootin cinaatti ogummaalee dabalataa kan qabu yoo ta'uu kanneen keessaa biqiloota manduubee kununsuu fi meeshaalee manaa akka Istoofii suphuu fi kkf.

Iddoo hojii beeksifni bahee irratti qacaramuudhaaf fedhii guddaa kan qabu yommuu ta'uu, carraa hojii kana yoo argadhee bu'aa gaarii akka argamsisu danda'uu shakkii hin qabu.

Nagaa wajjiin

Adaanach

Cuunfaa boqonnaa 7

Hojiif gahoomsu jechuun carraa hojidaa, gama dandeettiin, beekumsaan, ilaalchaa fi amala iddoo hojiitti barbaadamuun of qopheessudha. Carraa hojii argachudhaaf dandeetti ofii foyyeessuun faayidaalee kan akka ofittii amanummaa, miira dorgomtoota caaluu fi milkaa'ina kan argamsisuu dha. Dandeettiwwan ogummaa teeknikaalawaa fi hundagalaa(employability skills) kan ta'ani lamaan qabaachuun, carraa hojii argachuuf ijoo dha.

Dandeettiwwan gahuumsa hojii, seektaroota kamuu keessatti kan daangeffamani waan hun hintaaneef carraalee hojii hunda heessatti baay'ee barbaachisoo dha. Isaanis dandeettiwwan ogummaa kan akka wal qunnamti namoota biraa wajjiin qabnu, gahuumsa dhunfaa akka obsa qabaachuu fi kaka'uumsaa fi qophii fi soonaawwan akka kabaja namoota birooof laachuu, amanamummaa fi kkf. Of gahoomsu, wal qunnamti, gareen hojjachuu, rakkoo furuu, kaka'uumsa, teeknoloojii fayyadamuu, of bulchuu fi karoorsuun dandeettiwwan hojiif gahoomsuu isaan baay'ee barbaachisani dha.

Carraa hojii mindeeffamaaf odeeffannoon dhunfaa ykn CV'n baay'ee barbaachisaa dha. Odeeffannoon dhunfaa(curriculum vitae/CV/) jechuun dokimantii ogummaa fi sadarkaa barnoota nama dhunfaa tokkoo gadi fageenyaan ibsuun carraa hojidaa fudhatama akka argatu kan taasisu dha. Innis odeeffannoowwan waay'ee ogummaa fi sadarkaa barnootaa, muuxannoo hojii, dandeettiwwan biroo nama qacaramuu nama ykn dhaabbata qacaree hojjachisuu fedhii qabuuf ibsu dha. Odeeffannoon dhunfaa(CV)'n xalayaa iyyannoo hojii(job application letter) wajjiin nama ykn dhaabbata qacaraaf dhiyaachu qaba.

Gaafilee Xumura Boqonnaa

I. Gaafilee armaan gadiif kan sirrii ta'ee “dhugaa” kan sirrii hin taanee immoo “sobaa” jechuun barreessi.

1. Hojiif gahoomsu jechuun carraa hojii argachuuf dandeetti ofii guddisu dha.
2. Dandeettiwwan ogummaa gahuumsa hojii gosoota hojii muraasa qofaaf fayyadu.
3. Dandeettin dirqama ofii bahuun ogummaa of bulchuu waliin wal quunnamti hin qabu.
4. Gamtaan hojjachuun namoota biro waliin gurmaa'ani hojjachuu dha.

II. Gaafilee armaan gaditti dhiyaatanif filannoowwan keennaman keessaa filachuun is deebii sirrii ta'een guuti.

1. Walquunnamtiin af laattoo:
 - A. Jechootaan fayyadamuun Ergaa dabarsu dha.
 - B. Sochii qaamaan gargaaramuun ergaa dabarsuu dha.
 - C. Wal quunnamti barreeffamaan taasifamu dha.
 - D. Wal quunnamtii haasawaan godhamuu dha.
2. Odeeffannoo dhunfaan kan fayyadu:
 - A. Hojii gadhisuuf
 - B. Hojii qacaramuuf iyyachuuf
 - C. Of beekuf
 - D. Gamtaan hojjachuuf
3. Hojiif gahoomsuu jechuun:
 - A. Carra hojii argachuu
 - B. Carraa hojii argachuuf iyyachuu
 - C. Odeeffannoo dhunfaa(CV)qopheesuu
 - D. Hojiidhaaf qophii ta,uu
4. Jechi gamtoomina jedhu jedhu dandeeti ogummaa kam ibsa:

- A. Gareen hojjachuu
- B. Of bulchuu
- C. Kaka'uumsa
- D. Of gahoomsu

II. Assaayimantii barsisaa keessanif gabaafamu qabu

- 1) Garee afur erga hundeessitani booda gareen hundinuu iddoowwan hojii tokko tokkoo(hospitaala, mana baruumsaa, biiroo mootummaa) naannoo keessanitti argaman daaw'achuun, nama tokkoo addaan baastani odeeffannowwan hunda gaafachuun, odeeffannoo dhunfaa(CV) waa'ee nama sana qopheessaa.
- 2) Xalayaa iyyannoo hojii(job application letter) gabaabaa odeeffannoo dhunfaa(CV) qopheessitan gaggeessuu barreessuun lamaanuu barsisaa keessanif agarsisaa.

BOQONNAA

8

8. HOJIIF QOPHAA'UU

Xinxala Barannoon Duraa

Xumuura barnoota kanaan booda barattootni:

- Amaloota af-gaaffii ni addeessuu
- Gaafiwwan qacarrii hojii irratti yeroo baay'ee gaafataman addaan ni baasu.
- Ogummaalee af-gaaffii rraatti milkaa'aa taasisan addaan ni baasu.

Jechoota Ijoo:

Af-gaaffii: kuni iddoo hojiidhaaf, nama sirrii ta'ee filachuuf gaafi fi deebii gaggeeffamu dha.

Af-gaaffiif qophaa'uu: Gaafilee yeroo af-gaaffii gaafataman sirriitti deebisuuf shaakala dursa godhamuu dha.

Gaaffii xinxalaa

Af-gaaffii jechuun siif maal jechuu dha.

8.1.Barbaachisummaa Af-gaaffii:

Af-gaaffiin, waliin haasaa odeeffannoo waay'ee dhiimma tokkoo argachuuf namoota lamaa fi lamaan olii giduutti adeemsifamuu dha. Qacaraan ykn gaafataan(interviewer) odeeffannoo argachuuf gaafilee adda addaa nama qacaramuun (interviwee) ni gaafata. Haaluma af-gaaffii qacaraa fi qacaramaa gidduutti gaggeeffamuu wal fakkaatuun gaafif deebiin ogeessa fayyaa fi dhukkubsataa gidduutti ni adeemsifama. Gaafif deebiin haala kanaan gaggeeffamu gaafannoo hojii jeedhama.



Fakkii 8.1 waliin haasaa hojjataa fi hojjachisaa gidduutti adeemsifamu

Gocha 1

Kaayyoon af-gaaffii hojii maali?

Af-gaaffii hojii qaamoota lamaanu nama hojjachiisuu fi nama hojii barbaaduf baay'ee barbaachisaa dha. Af-gaaffiin hojii nama qacaramuu fi nama ykn dhaabbata qacaree hojjachisuu barbaadu kan walittii fidu waan ta'eef baay'ee barbaachisaa dha. Hojjataa fi hojjachisaaf dandeetti fi muuxannoo nama qacaramuu qabuu tokkoo fedhii fi gosa hojii hojjatamuu wajjiin wal gitu isaa addaan baasuf carraa guddaa uuma. Af-gaaffiin hojii dhaabbata

hojjataa qacaruu waay'ee nama hojii qacaramuuf iyyannoo hojii galchee tokkoo sirritti baruuf gargaara. Sababni af-gaaffii adeemsifamuuf, yeroo dhaabbanni qacaruu odeeffannoo waayee beekumsa, dandeetti fi gahuumsa nama qacaramu hojii isaa ittii fufsisuuf barbaadu dha.

Gocha 2

Af-gaaffii nama iyyannoo hojiif dhiyessee fi dhaabba qacaruuf faayidaa innii qabu gabatee tarjaa lamaan erga keennitani booda, hojii keessan barsisaa keessanitti agarsisaa.

8.2. Gaafilee af-gaaffii hojii irratti yeroo baay'ee gaafataman

Qacaraan gaafi isaa kan egaluu gaafilee banaa akka waayee muxannoo hojii, danddeetti, fi fedhii ati hojiichaaf qabdu beekuf irratti xiyyeeffatanin. Gosa ykn amala hojicha, qacaraa, haal irratti hundaa'uun gaafilee af-gaffiin hojii irratti gaafataman hedduutu jiru. Akkuma garaa gararummaan hojiilee adda addaa gidduutti jiru, dandeettiwwani ogummaaleen hojilee adda addaaf barbaadamani garaagarummaa qabu. Gaafileen af-gaffii hojii irratti yeroo baay'ee gaafataman muraansi akka armaan gadittii ibsamanii jiru.

- Waayee keeti nutti himuu dandeessaa?
- Ani cimina guddaa qaba jettee yaaddaa?
- Waayee hojii kana akkamitti dhageesse?
- Maalif sii qacarraa?
- Hojii kana maalif barbaadde?
- Ogeessota biroo kan hin goonee wanta addaa maal nu gumaachita?
- Dadhabinnii koo maali jette yaaddaa?

Af-gaffiin hojii irrattii haala gaarin deebisuun qofti ciminaa fi dandeetti ati qabdu hunda dhiyeessuu akka hin taane yaadadhu. Af-gaffiin hojii, haasaa waayee dandeettii fi beekumsa keeti dhaabbata qacaruuf gootu dha. Kanaafuu af-gaffiin hojii irratti milkaa'uuf sigargaaran sadarkaalee afran armaan gadii hordofi.

Sadarkaa 1^{ffaa}. Waayee hojii beeku: Gara af-gaffii hojitti dhiyaachu keetin dura, yeroo muraasaa fudhachudhaan waayee hojichaa dubbisuudhaan qacaraan maal akka barbaadu beeku qabda. Yoo al tokkoo waayee hojii ittin dorgomtuu, fakkeenyaaf gahee fi hundeeffama dhaabbatichaa odeffannoo gahaa qabaatte, waan beektu kana af-gaffii hojii irratti deebii keeti keessatti gaafilee gaafatamtuu deebisuuf itti fayyadamta.

Sadarkaa 2^{ffaa}. Fakkeenya gabaabaa fi ifaa ta'ee keenni: qacartoonni kee yaada ati fuula duraatti qabdu ilaaluf muuxannoo qabdu beeku ni barbaadu. Dabalataan immoo qacartoonni waayee yaada ijoo dandeetti fi muuxannoo kee ibsu ilaalu barbaadu.

Sadarkaa 3^{ffaa}. Gaafii deebii itti aanuu tilmaama keessa galchi: gaafii ka'umsarraa gaafatamteef deebii keennitu irratti hunaa'uun, gaafii sigaafachu waan danda'anif deebii deebistu sirriitti beeki.

Sadarkaa 4^{ffaa}. Hojii fi dhaabbatichaa irratti xiyyeeffannoo keenni: dhumarratti kaadhimamaan/kaadhimatuun deebii isaa/ishee fi hojii dhaabbatichaa waliin wal qabsisuun deebisuu irraa eggamaa.

Dhumarratti qacaramaan, bu'aan qormaata yoom akka ibsamu gaafachuutu irraa egama. Dhaabbaticha waliin fedhii hojjachuu akka qabdus ibsuu ni danda'ma. Nama isa sii gaafateef dhumarratti galata dhiyeessi.

8.3. Sababni namootni af-gaffii hojii irratti kuufanif maali?

af-gaffiin hojii sadarkaa iddoo hojii argachuuf isa baay'ee barbaachisaa fi dandeetti keeti irratti hundaa'uu dha. Garuu yeroo tokko tokkoo dorgomtoonni sababoota armaan gadiin gaafi gaafataman yommuu deebisuu dhaban mul'atu.

- Karaa ifa ta'een of ibsuu dadhabuu, sagalee gadaana ykn dogongoora seerluugaa fi kkf.
- Sansaka gadi bu'aan dhiyaachuu (poor personal appearance)
- Af-gaffiin hojidaaf qophii malee dhiyaachuu
- Galma fi karoora fuula duraatin amantaa dhabuu
- Waayee iddoo hojii gaafachuu dhisuu ykn gaafi sirrii hin taanee gaafachuu

- Ofitti amanummaa dhabuu-nahuu fi ija nama isa gaafatu laaluu sodaachuu
- Faayidaa ykn mindaa irratti xiyyeeffannaa guddaa gochuu

Gocha 3

Namni hojii barbaadu tokkoo af-gaffiin hojii irratti milkaa'uf maal gochuutu iraa egamaa?

8.4. Af-gaffii Hojiidhaaf qophaa'uu

Namni tokkoo yeroo af-gaffii hojiidhaaf qophaa'uu, gaaficharraa maal milkeessuu akka barbaaduu beeku qaba. Gara af-gaffii hojii deemu keetin dura nama isa sii gaafatu ilaalcha qajeelaa siif akka qabaatuu gochuuf gochoota armaan gadii beeki.

- Waa'e hojii beeki
- Waan barbaadamuu fi waan ati qabdu walittii qabi ilaali
- Dhaabbata si qacaruu beeki
- Odeeffannoo dhunfaa qopheeffatte sirriitti qu'adhuuti beeki
- Shaakala gaafannoo dursaa godhi
- Gaafataa durattii yeroo dhiyaattu maal uffachuu akka qabdu beeki

Gocha 4

Af-gaffiin hojiidhaaf dursani qophaa'uun maalif barbaachisa? Deebii keetii daree keef ibsi.

Cuunfaa boqonnaa 8

Namni hojii qacaramuu barbaaduu tokkoo hojii argachuuf ulaagaan inni guuttachuu qabu keessaa tokko af-gaffiin hojiidhaaf qophii gochuu dha. Af-gaffiin hojii qaamoota lamaanu nama hojjachiisuu fi nama hojii barbaaduf baay'ee barabaachisaa dha. Af-gaffiin hojii nama qacaramuu fi nama ykn dhaabbaata qacaree hojjachisuu barbaadu kan walittii fidu waan ta'eef baay'ee barabaachisaa dha.

Sababni af-gaffiin hojii adeemsifamuuf, yeroo dhaabbanni qacaruu odeeffannoo waayee beekumsa, dandeetti fi gahuumsa nama qacaramuu hojii isaa ittii fufsisuuf barbaadu dha. Gosa ykn amala hojicha, qacaraa, haala, irratti hundaa'uun gaafilee af-gaffiin hojii irratti gaafataman hedduutu jiru. Namni tokkoo yeroo af-gaffii hojiidhaaf qophaa'uu, gaaficharraa maal milkeessuu akka barbaaduu beeku qaba.

Gaafilee Xumura Boqonnaa

I. Gaafilee armaan gadiif kan sirrii ta'ee “dhugaa” kan sirrii hin taanee immoo “sobaa” jechuun barreessi.

1. Namni tokkoo af-gaffii hojii gaafatame jechuun hojii qacarame jechuu dha.
2. Beeksisni hojii kan bahuu carraa hojii umuufi.
3. Yeroo af-gaffii hojii gaggeeffamu iyyataan hojii mastikaa alanfachaa adeemsisuu ni danda'aa.
4. Af-gaffiin hojii odeeffannoo dhunfaa osoo qacaraaf hin keennamin dursee kan raawwatamuu dha.
5. Yeroo af-gaffiin hojii, nama gaafatuu ija keessa ilaalun hin goorfamu.

II. Gaafilee armaan gadiif bakka duwwaa keennname deebii sirrii ta'ee guuti.

1. Shaakalli gaafannoo hojii _____n raawwatama.
2. Af-gaffiin hojii _____ of keessatti qabata.
3. Yoo af-gaffiin hojiin milkaa'ee _____ bilbilaa bilbilaa dhaabbata qacaruu irraa bilbilameef ni deebisa.

III. Gaafilee armaan gaditti dhiyaatanif filannoowwan keennaman keessaa filachuun is deebii sirrii ta'een guuti.

1. Qophiin af-gaffii hojiif godhamu _____ of keessatti hin qabatu.
 - A. Wanta hojiin sun gaafatuu beeku
 - B. Dhaabbata qacaruu beeku
 - C. Af-gaffii hojiin dura shaakala gochuu
 - D. Af-gaffii irratti uffata uffatamuu qabu dhiisu
2. Shaakalli af-gaffii hojii _____raawwatama.
 - A. Yeroo af-gaffii hojii adeemsifamu
 - B. Erga af-gaffiin hojii gaggeeffame booda
 - C. af-gaffiin hojii osoo hin gaggeeffamin dura
 - D. Nama gaafi gaafatu waliin
3. Kufaati af-gaffii hojitiif sababa kan ta'e kami?
 - A. Waayee hojicha beeku
 - B. Of ibsu dhadhabu
 - C. Rifeensa mataa haalan filachuu
 - D. Yeroo kabajani argamu